

Table of Contents

Seensa Waliigalaa	1
Boqonnaa Tokko	3
Sirna Haqa Yakkaa - Yaadrimee Waliigalaa	3
Seensa	3
1.1. Sirna Haqa Yakkaa	4
1.1.1. Modeela To'annoo Yakkaa (Crime Control Model).....	5
1.1.2. Modeela Sirna Deemsa Seeraa (Due Process Model).....	7
1.2. Sirna Haqa Yakkaa Itiyoophiyaa	8
1.3. Seera Deemsa Falmii Yakkaa	10
1.4. Seera Deemsa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa	12
Boqonnaa Lama	14
Qorannaayakkaa	14
Seensa	14
2.1. Jalqabbii Hojii Qorannaayakkaa	15
2.1.1. Eeruu Raawwii Gocha Yakkaa Kennuu (Accusation) fi Komii Iyyataa Dhuunfaa (Complaint)..	16
2.1.2. Yakkoota Harkaaf Harkaa (Flagrant Offences)	18
2.2. Hojii Gurguddoo Qorannaayakkaa Keessatti Raawwatamanii	19
2.2.1. Qaama Eeruu ykn Komii Dhiyesse Irraa Odeeffannoo Barbaachisan Duguuganii Galmeessuu.	19
2.2.3. Jecha Shakkamaa Fuudhoo (Interrogation).....	22
2.2.4. Jecha Amantaa Shakkamaa Mana Murtiitti Galmeessisu	26
2.2.5. Ragoota Barbaachisan Funaanuu fi Galmeessuu	27
2.2.6 Sakatta'iinsaa fi Qabiinsa Meeshaalee.....	31
2.2.6.1. Sakatta'iinsa Ajaja Mana Murtiin Raawwatamu	32
2.2.6.2. Ajaja Mana Murtii Malee Sakatta'iinsa Geggeessuu	34
2.2.7. Qabiinsa Shakkamaa	36
2.2.7.1. Ajaja Mana Murtiitiin Shakkamaa To'annaa Jala Oolchuu	37
2.2.7.2. Ajaja Mana Murtii Malee Shakkamaa Qabuu.....	38
2.2.8. Gaaffii Yeroo Beellamaa	40
2.2.9 Mirga Wabii	45
2.3. Qorannaayakkaa Akka Adda Cituuf ykn Kan Adda Cite Akka Itti Fufuuf Qajeelfama Kennu	51

2.4. Galmee Qorannoo Irratti Murtii Kennuu	52
2.4.1. Qorannaayakkaa Dabalataa Ajajuu	52
2.4.2. Galmee Qorannoo Cufuu	53
2.4.2.1. Bu'uura SDFY kw. 39 tiin Galmee Qormaataa Cufuu	53
2.4.2.2. Bu'uura SDFY kw. 42 tiin Galmee Qorannaayakkaa Cufuu	54
2.4.2.3. Bu'aa Himannaa Hundeessuu Dhabuun Hordofsiisu	58
2.4.3. Qorannoo Duraa (Premilinary Inquiry).....	59
Boqonnaa Sadii	62
Sirna Qophii Himannaa fi Aangoo Mana Murtii	62
Seensa	62
3.1. Murtii Himannaa Hundeessuu	63
3.1.1. Qabiyee fi Uncaa Himannaa (Contents and form of the Charge)	64
3.1.1.1. Seensa (caption)	64
3.1.1.2. Hima Yakki Ittiin Ibsamu	64
3.1.1.3. Tarree Yakkaa.....	64
3.1.1.4. Tarree Ragaa	65
3.1.2. Yeroo Himannaan Keessatti Hundeeffamuu Qabu	66
3.1.2.1. Himannaa Filannoo (Alternative Charge) Dhiyeessuu	68
3.1.3. Himata Tokkoo ol Hundeessuu (Joinder of Charges)	69
3.1.4. Himatamtoota Lamaa fi Lamaa ol Waliin Himachuu (Joinder of offenders)	75
3.2. Aangoo Manneen Murtii.....	79
3.2.1. Aangoo Biyyolessaa (National Jurisdiction).....	79
3.2.2. Aangoo Hundee Dubbii (Material Jurisdiction).....	81
3.2.2.1. Aangoo Hundee Dubbii Mana Murtii Federaalaa fi Mana Murtii Naannolee	81
3.2.2.2. Aangoo Abbaa Seerummaa Manneen Murtii Oromiyaa.....	82
3.2.2.2.1. Aaangoo Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa.....	82
3.2.2.2.2. Aangoo Mana Murtii Ol'aanaa	83
3.2.2.2.3. Aangoo Mana Murtii Aanaa	84
3.2.3. Aangoo Tooraa.....	84

Seensa Waliigalaa

Hawaasni addunyaa turtii yeroo keessatti qixa siyaasaa, diinagdee fi hawaasummaatiin gulantaalee qaroominaa garagaraa keessa darbuu danda'eera. Gulantaaleen qaroominaa kunneenis jijiirama bifa garagaraatiin callaqisaaniin ibsamuu danda'u. Keessumaa walakkaa jaarrraa 20^{ffaa} booda tattaaffiin mirga dhala namaatiif beekamtii sadarkaa idil-addunyaatti kennuuf taasifame jijiirama qixa hawaasummaatiin mul'ate jechuun ni danda'ama. Jijiiramni kuniis labsiilee, waliigalteewwan, Qajeeltoowwaan, Istaandardiiwwaan fi sanadota garagaraa mirga namoomaa sadarkaa idil-addunyaatti fi kutaa addunyaa garagaraatti labsamanii fi mallattaa'aanii kan hammatee dha.

Sirna haqaa akka waliigalaa fi addatti sirna haqa yakkaatiin wal qabatee fooyya'iinsa addunyaa irratti mul'ataa dhufe duukaa deemuuf Itiyoophiyaanis Walakkaa jaarrraa 20^{ffaa} irraa eegalee sirna seeraa ishee hammayyeessuuf seerota baay'ee tumuu dandeesseerti. Seerota yeroo kana tumaman keessaa Seerri Adabbii Yakkaa bara 1949 ALI tumamee fi Seerri Deemsa falmii yakkaa (*kana boodatti SDFY jedhamuun ibsama*) bara 1954 ALI caqasuun ni danda'ama. Seerota kanaaf ka'uumsi Heera Mootummaa Itiyoophiyaa bara 1947 ALI ti fooyya'ee ragga'ee yoo ta'u yeroo kanaa eegalee hanga ammaatti Heerrii fi seerotni baay'een yoo tumaman kaan immoo haqamuu danda'aaniiru. Heerrii fi Seerri adabbii yakkaa SDFY bara 1954 ALI baheef ka'uumsa ta'an yeroo ammaatti Heeraa fi Seera Yakkaa (*kana booda SY jedhamuun ibsama*) kanneen jalqabaa irra daran fooyya'aa ta'aniin kan bakka bu'amanii jiran yoo ta'u, SDFY Itiyoophiyaa garuu seera biraatiin guutummaadhaan otuu bakka hin bu'amiin hafeera. Haa ta'u malee, tumaaleen muraasni seera kana keessa jiran labsiilee haaraa yeroo garagaraa bahaniiin fooyya'uu danda'aaniiru.

Akka waliigalaatti, Itiyoophiyaa keessatti sirna haqa yakkaa cimaa ijaaruuf hojiileen garagaraa yeroo garagaraatti hojjatamaniiru. Seerota bu'uuraa fi adeemsaa tumuu, Imaammata haqa yakkaa bocuu, sanadoota mirga namoomaa idil-addunyaay mallattessuu fi raggaassisuu, seerota yeroo faana hin deemne fooyyeessuu, dhaabbilee haqaa bifa haaraatiin gurmeessuu fi dhaabbilee kana ogeessota naamusaa fi dandeettii qabaniin ijaaruun itti fufiinsaan hojjatamaa jira. Kaayyoon hojiilee kunneenii sirna haqa yakkaa cimaa ijaaruu yoo ta'u galmi isaas nageenya hawaasa waliigalaa dhugoomsuu, bilisummaa fi mirga lammileef eegumsa gochuu fi olaantumaa seeraa kabachiisuu dha.

Moojuliin kun SDFY Itiyoophiyaa irratti xiyyeefachuuun kan qophaa'e yoo ta'u bal'ina mata durichaa irraa ka'uun kutaa lamatti quoduun barbaachisaa ta'ee argameera. Haaluma kanaan, kutaa jalqabaan dhimmoota dhagahaa falmii yakkaa dura jiran irratti kan xiyyeefatu yoo ta'u kutaan itti aanu dhagaha dhimma yakkaa fi dhimma oliyyannoo hammateera.

Kutaan jalqabaa kun boqonnaa sadiitti quoduun kan qophaa'e yoo ta'u boqonnaa jalqabaatti yaad-rimee waliigalaa sirna haqa yakkaa kan ilaallu yoo ta'u maalummaa sirna haqa yakkaa, maalummaa fi qajeeltowwan bu'uura seera deemsa falmii yakkaa, sirna haqaa Itiyoophiyaa fi seerootni deemsa falmii yakkaa Itiyoophiyaa bulchan akka waliigalaatti kam akka ta'aan ni ilaalla. Boqonnaa lama jalatti dhimma qorannoo yakkaatiin wal qabatee hojilee gurguddoo qorannaayakkaa keessatti dalagamanii fi xumura argachuu qorannaayakkaatin wal qabatee tarkaanfilee galmeecufuu, qorannoo dabalataa ajajuu fi qorannoo dursaa gageessuu kan ilaallu ta'a. Boqonnaan sadaffaa dhimma qophii himannaayakkaa fi aangoo mana murtiiti. Boqonnaa kana jalattis haala himannaayakkaa itti qophaa'uun wal qabatee himanaaa filannoo qopheessuu, himannaadacha himatamaa irratti hundeessuu fi himatamtoota lamaa fi sanaa ol yakka tokkoo ykn garagaraatin himachuuhala danda'amu ni ilaalla. Dhuma irrattis waa'ee aangoo manneen murtii Oromiyaa kaasuudhaan kutaan kun kan goolabamu ta'a. Barruun kun leenjifamtoota hojii duraaf kan qophaa'e ta'uun isaatiin akkasumas moojulii biraatin mata dureewwan haguugaman kan akka dhimma daa'imman yakka raawwachuun shakkamanii, dhimma qorannoo yakka malaamaltummaa fi dhimma qorannoo yakka shororkessummaa moojulii kana keessatti haguuggii hin arganne. Kanaan alatti dhimmoontni biroo dhimma qabatamaa waliin ilaalamaniiru.

Xumura Leenjii kanaa irratti leenjifamtootni

- Yaad-rimee waliigalaa sirna haqa yakkaa fi deemsa falmii yakkaa irratti hubannoo isaanii ni gabbifatu.
- Qorannoo yakkaatin keessatti hojilee gurguddoo raawwatamanii fi gaheen qaamolee haqaa qorannoo yakkaa keessatti maal akka tahe hubannoo isaanii ni cimsatu.
- Mirga shakkamaa fi himatamaan qorannaayakkaa keessatti qabuu/qabduu fi kabajamuu mirga kanaa keessatti gahee qaamolee haqaa irratti hubannoo isaanii ni gabbifatu.
- Sirna qophii himannaayakkaa fi aangoo mana murtii irratti hubannoo fi dandeettii isaanii ni gabbifatu.

Boqonnaa Tokko

Sirna Haqa Yakkaa - Yaadrimee Waliigalaa

Seensa

Guddina gama diinagdee fi diimookrasiitit biyyi tokko galmeessiftuuf nageenyii fi tasgabbiin biyyi sun qabatamaadhaan qabdu baay'ee murteessaa dha. Nageenyii fi tasgaabbiin biyya tokkoo akka carraatti kan argamu otuu hin taane bu'aa hojilee qaamolee garagaraa fi hawaasa waliigalaatiin raawwatamuuti. Hojiin kunis gama tokkoon yakka ittisuu gama biraatiin erga yakki dalagameen boodatti hojii itti gaafatamummaa yakkaa mirkaneessuu kan gaafatu dha. Qindoominni yakka ittisuu fi itti gaafatamummaa yakkaa mirkaneessuuf taassifamu akka waliigalaatti sirna haqa yakkaatiin hoogganama.

Sirni haqa yakkaa yaad-rimee bal'aa sadarkaa qaroomina dhala namaa keessumaa jijiirama qixa kabajamuu mirga namoomaatiin mul'ataa dhufe waliin of haareessa kan dhufe dha. Kaayyoon sirna kanaa nageenyaa fi tasgabbi hawaasa waliigalaa mirkaneessuu yoo ta'u galmi isaa yakka ittisuu fi olaantummaa seeraa mirkaneessuu dha. Hojiin kunis bifaa mirga namoomaa lammilee hin sarbineen kan raawwatamuu maluu dha.

Sirna haqa yakkaa cimaa ta'e ijaaruun dhaabbilee haqaa ciccimoo hundeessuu, ogeessota beekumsa bal'aa, dandeetti cimaa fi naamusaa olaanoo qaban horachuu akkasumas sirna itti gaafatamummaan itti mirkanaa'u diriirsuu gaafata. Keessumaa beekumsi, dandeettii fi naamusni ogeessota qaamolee haqaa kan akka poolisii, abbaa alangaa fi abbootii seeraa murteessaa dha.

Sirna haqa yakkaa biyya tokkoo hubachuuf sadarkaa addunyaatti falaasama fi falmiilee sirna haqa yakkaa ilaachisee jiran irratti hubannoo waliigalaa qabaachuun gaarii dha jedhameeti tilmaamama. Haaluma kanaan, hubannoo waliigalaa fi yaadota boqonnaa itti aanutti ilaalamaniif ka'uumsa akka ta'uuf boqonnaa kana jalatti sirna haqa yakkaatiin wal qabatee maalummaa sirna haqa yakkaa, moodeelota sirna haqa yakkaa addunya irratti beekaman, maalummaa sirna deemsaa falmii yakkaa fi qajeeltowwan bu'uuraa SDFY, akkasumas akka waliigalaatti sirna haqa yakkaa Itiyoophiyaatin wal qabatee sirni kun maalirratti akka bu'uureffama, qajeeltoowwan deemsaa falmii yakkaa biyyattii bulchan bifaa gabaabaa ta'een ilaalamaniiru.

Xumura leenjii kanaa irratti leenjifamtootni:

- Maalummaa fi ijaarsa sirna haqa yakkaa irratti hubannoo isaanii ni gabbifatu.
- Moodelota sirna haqa yakkaa ilaachisee falmiiwwan jirani irratti hubannoo isaanii ni gabbifatu.
- Deemsa falmii yakkaa ilaachisee sirnoota gidduu garaagarummaa jiru ni hubatu.
- Sirna haqa yakkaa fi qajeeltoowwan deemsa falmii yakkaa biyya keenyaa irratti hubannoo isaanii ni gabbifatu.

1.1. Sirna Haqa Yakkaa

Sirni haqa yakkaa qaama sirna haqaa waliigalaa yoo ta'u maqeessuma isaa irraa akka hubatamutti bu'aa ida'ama 'sirnaa', 'haqaa' fi 'yakkaa' ti. Sirni kun gurmaa'insa, qindoominaa fi itti gaafatamummaa qaamolee shan irraa kan ijaaramu yoo ta'u qaamoleen kunneenis: Poolisii, abbaa alangaa, abukaatoo ittisaa, mana murtii fi mana sirreessaa dha.¹ Maddi qindoominaa fi itti gaafatamummaa qaamolee kanaas: Heera Mootummaa, Sanadoota mirga namoomaa idil-addunyaa biyyi tokko mallatteessite ykn raggaassifte, SY fi SDFY, imaammata sirna haqa yakkaa, qajeelfamoota ykn dambii naamusaa fi maanuwaalii raawwiin hojii ittin hoogganamuu dha.

Akka waliigalaatti, sirni raawwii fi itti gaafatamummaa qaamolee haqaa, raawwii yakkaatiin wal qabatee hariiroon biyyoota alaa waliin jiraachu malu, imaammatni sirna haqa yakkaa, tarsiimmoowwan ittisa yakkaa, sirni deemsa falmii yakkaa, kunuunsa mirga shakkamaa, himatamaa fi sirreeffamaa, fi dhimmootni wal fakkaatoo kanneen biroo bulchiinsa sirna haqa yakkaa jalatti kan hammatamanii dha.

Sirni haqa yakkaa akkuma sirna hawaasummaa biroo wal dhabdee garagaraa hawaasummaa keessatti uumamuun kan dhalatee fi achuma keessatti kan of haareessaa dhufee dha.² Keessummaa qixa qabiinsa mirga namoomaa shakkamaa, himatamaa fi sirreeffamaatiin gulantaa jijjiiramaa garagaraa keessa darbeera. Fooyya'iinsi yeroo dhaa yerootti qixa sirna haqa yakkaatiin mul'ataa dhufe bu'aa fooyya'iinsa sirna siyaasaati jechuun ni danda'ama. Akka waliigalaatti biyyoota dimookrasiin keessatti dagaage sirna haqa yakkaa fooyya'aa yoo diriirsan biyyootni sirna

¹ Professor Kathleen Daly, Aims Of The Criminal Justice System, Griffith University, 2011, Fuula 2

² Etannibi E O Alemika & Etals, Theory And Practice Of Criminal Justice In Africa, 2009, fuula 36 , [Https://Www.Files.Ethz.Ch/Isn/104299/Mono161full.Pdf](https://Www.Files.Ethz.Ch/Isn/104299/Mono161full.Pdf) Gaafa 9/06/12 Ilaalame

dimookrasii hojiirra oolchuu hin barbaanne haaluma kanaan sirna haqa yakcaa cimaa otuu hin ijaarin hafaniiru.

Bu'aan cimina ykn laafina sirna haqa yakcaa bal'aa yoo ta'es, akka waliigalaatti sirni haqa yakcaa kaayyoo lama irratti hundaa'uun kan ijaaramuu dha. Inni jalqabaas gochoota yakcaa irraa uummataa eeguu ykn baraaruu yoo ta'u inni biraa erga yakki dalagameen boodatti shakkamaa ykn himatamaa sarbamuu mirgaa irraa tiksaa olaantummaa seeraa kabachiisuu dha.³ Hojiin yakka ittisuu imaammataa fi tarsiimoo qaamni aangoo qabu baasuun kan hoogganamu yoo ta'u erga yakki dalagameen boodatti hojiin itti gaafatatummaa yakcaa mirkaneessuu bu'uura Seeraa qofaan raawwatamuu barbaada. Kunis, guddina diinagdee galmeessisuu fi nageenya hawaasa waliigalaan mirkaneessuu keessatti gahee maaliinuu bakka hin bu'amne qabaata. Biyya olaantummaan seeraa hin jirretti nageenyii fi tasgabbiin uummataa ni mirkanaa'a jedhamee hin yaadamu. Akkasumas bakka nageenyii fi tasgaabbiin hin jirretti guddinni diinagdee hin dhugoomu. Kanaaf, bu'aan ijaarsa sirna haqa yakcaa dirree seeraa fi qaamolee haqaa qofatti kan daanga'u otuu hin taane siyaasaa fi diinagdee biyyaa waliin walitti hidhamiinsa cimaa kan qabuu dha.

Ijaarsi sirna haqa yakcaa sadarkaa guddinaa garagaraa keessa darbuudhaan turtii yeroo keessa boca ykn moodeela lama qabachuu danda'eera. Modeelonni kunis modeela too'annoo yakcaa (crime control model) fi modeela sirna adeemsa seeraa (due process model) jedhamuun kan beekaman yoo ta'u akka armaan gadiitti ilaalamaniiru.

1.1.1. Modeela To'annoo Yakcaa (Crime Control Model)

Akkuma maqaa isaa irraa hubatamutti modeelli kun dursee gocha yakcaa ittisuu giddu gala kan godhateedha. Waldiddaan yakcaa kan furmaata argatu dantaa ummataatiif dursa kennudhaan seera yakcaa hojii irra yoo oolfame akka ta'etti amana. Milkaa'ina galma seera yakcaa dhugoomsuuf mirga shakkamaatiif ol fedhii hawaasaatiif xiyyeffannoo kenna. Bu'urri isaa namni yakka raawwate tokkollee itti gaafatatummaa seeraa jalaa miliqee bilisa bahuu hin qabu yaada jedhuudha. Hawaasa miidhaa gocha yakcaa irraa eeguutti xiyyeffata.

Modeelli kun yakka too'achuu irratti kan fuulleffatu yoo ta'u qixa kanaan milkaa'innis kan argamu yakka dalagameef adabbiin barbaachisu yoo kennamee dha amantaa jedhu irratti kan

³ Aderajew Taklu & Etals, Ethiopian Criminal Procedure Teaching Material, Addis Ababa, 2009, fuula 35

ijaaramee dha.⁴ Kunis kan ta'u yakka dalagameen wal qabatee ragaa barbaachisu mara adeemsa ykn filannoo mara gargaaramuudhaan funaanuudhani jechuun akeeka. Xiyyeeffannaan kan kennamu yakka dalagameef adabbii kenuuf waan ta'eef waa'een mirga namoomaa shakkamaa ilaalcha keessa kan galu miti. Safartuun bu'a qabeessummaa adeemsa kanaa qulqullina adeemsa qorannoo otuu hin taane dandeettii raawwii namoota yakka raawwatan adabsiisuudha.⁵

Modeela kana keessatti bakka guddaa kan qabu qorannoo yakkaa yoo ta'u Poolisii fi abbaan alangaa gahee olaanaa qabu. Sadarkaa qorannootti hojiin cimaa waan hojjatamuuf himatamtootni mana murtiitti dhiyaatan marti otuu yakka hin dalagne ta'e sadarkaadhumaa qorannootti bilisaan gaggeeffamu ture tilmaamni jedhu waan jiruuf himatamaan mana murtiitti himatame carraan bilisaan gaggeeffamuuf qabu gadi aanaa dha.⁶ Akkasumas carraa namoota qulqulluu ta'an adabuu bal'aa qaba.⁷ Jalqabumatti mirgi akka nama yakka hin raawwanneetti tilmaamamuuf shakkamaan qabu tilmaama akka nama yakka raawwatee jiruutti (presumption of guilty) bakka kan bu'ameedha. Bu'uura modeela kanaatiin sadarkaan fudhatamummaa fi amanamummaan bu'aa qorannoo yakkaatiif kennamu olaanaa dha.

Akkuma armaan olitti kaafne kaayyoo sirna haqa yakkaa keessaa inni tokko erga yakki dalagameen booda qaama yakka raawwate seeratti dhiyeessuun olaantummaa seeraa kabachiisuu dha. Kunis, faayidaa ykn dantaa waliigala uummata bal'aa waliin kan ilaalamuu dha. Haa ta'u malee, hojiin itti gaafatamummaa yakkaa mirkaneessuu mirga shakkamaa ykn himatamaa mulquudhaan raawwatamu amantaa uummatni sirnicha irratti qabu hir'suu irra darbee ijaarsa sirna haqaa kan cimsu otuu hin hin taane kan quucarsuu dha. Keessumaa, yeroo dhimmi mirga namoomaa sadarkaa addunyaatti xiyyeeffanna kennameefii jiru kanatti mirga shakkamaa sarbuudhaan hojiin olaantummaa seeraa kabachiisuu fudhatamummaa hin qabaatu. Hanqinni modeela to'anno yakkaas isa kana dha. Otuu mirga shakkamaa ykn himatamaa hin mulqin qorannoo yakkaa beekumsaa, dandeettii fi naamusa olaanaan deeggarame gaggeessuudhaan olaantummaa seeraa kabachiisuu otuu danda'aamuu deemsa mirga namoomaaf kabaja malu hin kennine filachuun fudhatamummaa modeela kanaa gadi buusuu danda'eera.

⁴ Miil-jalee 1^{ffaa}, fuula 6

⁵ Wondwossen Demissie Kassa, *Ethiopian Criminal Procedure Law*: A Text Book. 2002, School Of Law, Addis Ababa University fuula,33

⁶ Miil-jalee 1^{ffaa}, fuula 6

⁷ Miil-jalee 5^{ffffaa}, fuula 37

1.1.2. Modeela Sirna Deemsa Seeraa (Due Process Model)

Dhaadheessitootni modeela kanaa hojiileen sadarkaa qorannaatti raaawwataman amanamummaa akka hin qabne kaasuun wanti himatamaa balleessaa taassisuu qabu hojiilee sadarkaa dhagahaa yakkaatti raawwatamanii dha jechuun falmuu.⁸ Dabalataanis, balleessummaan himatamaa ragaa sassaabame qofa irratti kan hundaa'u otuu hin taane qaamni mootummaa ragaa kana sassaabuuf deemsa gargaarame illee kan dabalatuu dha.⁹ Jecha biraatin modeelli kun, haqa qabeessummaa adeemsa sirna qoranna fi falmii yakkaa irratti xiyyeffata. Qajeeltoon raawwii isaas namni qulqulluun yakka hin raawwatin kamiyyuu badii isaa malee hidhamuu fi dhamaasamuu hin qabu jedhu irraa madda.

Modeelli kun jalqabbii qoranna yakkaa irraa eegalee hanga murteen dhumaan kennamutti adeemsi jiru mirga namooma shakkamaa (himatamaa) kan sarbu ta'uu hin qabu yaada jedhu irratti kan hundaa'e ta'uu isaatiin carraa namootni yakka hin raawwanne akka hin adabamneef jiru kan bal'ise yoo ta'ees namootni yakka raawwatanis sababa xixiqqaadhaaf bilisaa akka gaggeeffamaniif carraa bana komiin jedhu darbee darbee irratti ka'a. Kun immoo dantaa fi fedhii uummata bal'aa irra mirga nama dhuunfaa tokkoof xiyyeffanna kan laatedha jechuun akka hanqinatti kaafama.

Haa ta'u malee, moodelli sirna haqa yakkaa kun aangoo mootummaa kan daangessuu fi mirgoonni namoota shakkamanii ykn himatamanii akka feeteedhaan akka hin sarbamne kan taassissee dha. Abbootiin taayitaa mirga namoomaa sarbuudhaan yakka qorachuun olaantummaa seeraa kabachiisuu osoo hin ta'in yakka biroo dabalanii raawwachuudha.¹⁰ Dirqama raawwii yakkaa hubachiisuu gara qaama mootummaatti dabarsuu dabalatee baasii mootummaatiin abukaatoo ittisaa himatamaaf dhabuu, turjumaana afaan hiiku qaxaruu, garagalcha himannaak yakkaa fi tarree ragaa seeraa kanfaltii malee himatamaaf kennuu fi kkf bu'aa fuulduratti deemuu fi olaantummaa yaadaa modeela kanaati.

Sadarkaa qajeeltootti mirga shakkamaa fi himatamaa kabajuu fi kabachiisuun carraa olaantummaa seeraa kabachiisuu dhiphisa otuu hin taane itti gaafatamummaan yakkaa adeemsa seeraa qofa eeggatee akka raawwatamu kan taassisuu dha. Qaamoleen haqaa dirqama ofii

⁸ Miil-jalee 1^{ffaa}, fuula 6

⁹ Kanuma Olii.

¹⁰ Miil-jalee 5^{ffaa}, fuula 33

naamusa, dandeettii fi beekumsa gabbataa fi kutannoo olaanaadhaan bahuudhaan komii modeela kanaan wal qabatee ka'u hanbisuun ni danda'ama.

1.2. Sirna Haqa Yakkaa Itiyoophiyaa

Sirni Haqa biyya keenyaa haala waaltinaa'een kan jalqabe warraaqsa tumaalee seerota ammayyaa (codification revolutions) walakkaa 2^{ffaa} jaarraa 20^{ffaa} booda geggeeffameen ture. Sirna haqa yakkaa ammayyeessuun wal qabatee Seerri Adaba Yakkaa Itiyoophiyaa bara 1949 ALI tti yoo tumamu, SDFY Seera Adaba Yakkaa hojiitti hiikuuf kan tumame bara 1954 ture. Bu'uurri seerota lameen kanaa Heera mootummaa bara 1947 ALI fooyya'e yoo ta'u qajeeltoowwan haqa yakkaa muraasni kan akka: sirna deemsaa seeraa (due process of law), ajaja mana murtii malee to'annaa jala ooluu dhabuu, mirga murtee saffisaa argachuu himatamaa, akka nama qulqulluutti ilaallamuu himatamaa heera kana keeessatti hammatamuu danda'aaniiru.¹¹

Sirna haqa yakkaa yeroo dhaa yerootti fooyyeessuun wal qabatee sirna yeroo ammaa diriiree hojiirra jiruuf Heerri Mootummaa Rippabliika Dimokraatawaa Federalawaa Itiyoophiyaa (*kana booda Heera Mootummaa RDFI jedhamuun ibsama*)bara 1987 ALI ragga'uun hojiirra oole utubaa sirnichaati. Heerri kun sirna federaalizimii biyya keenyatti diriirsuun isa jalqabaa yoo ta'u tumaalee seeraa kallattiidhaan sirna haqa yakkaa ilaallatan hammatee jira. Heerri kun aangoo Seera Yakkaa tumuu Mootummaa Federaalaatiif kan kenne yoo ta'u¹² mirgoota namoomaa akka waliigalaatti¹³, mirgoota himatamaa¹⁴, mirgoota nama yakkaan shakkamuun qabamee¹⁵ fi mirgoota nama to'annaa jala jiruu¹⁶ addatti tumuun kaa'eera. Dabalataan, sirna haqa yakkaa keeessatti qajeeltowan murteessoo ta'an: duubatti deebi'ee hojiirra ooluu dhiisuu SY fi dhabamsiifamuu adabbii/himanna dacha (double jeopardy) Heerri kun tumee jira.¹⁷

Imaammatni sirna haqa yakkaa Itiyoophiyaa Heera mootummaa RDFIkana irratti hundaa'uudhaan bara 2003 ALI bocamuu danda'eera. Kaayyoon imaammata kanaa sadarkaa

¹¹ Heera Mootummaa Itiyoophiyaa bara 1947 ALI fooyya'ee bahe kw. 43, 51, 52 And 54 Respectively.

¹² Heera Mootummaa RDFI kw. 55

¹³ Heera Mootummaa RDFI kw. 14-28

¹⁴ Heera Mootummaa RDFI Kw. 19

¹⁵ Heera Mootummaa RDFI Kw. 20

¹⁶ Heera Mootummaa RDFI Kw. 21

¹⁷ Heera Mootummaa RDFI Kw. 22 Fi 23

jalqabaatti yakka ittisuu irratti kan xiyyeefatu yoo ta'u,¹⁸ sirna haqa yakkaa mirgaa fi bilisummaa namoota dhuunfaa kabachiisu diriirsuu kan jedhuus hammateera¹⁹. Galma imaammatichaa keessaa tokko sadarkaan bu'a qabeessumaa, haqummaa, dhaqqabamummaa, tilmaamamummaa, iftoomina fi itti gaafatamummaa sirna haqa yakkaa keessa jiru foyya'iinsa akka galmeessisu gochuu akka ta'e kaa'eera.²⁰ Dabalataanis, dhaabbilee fi ogeessota ga'umsa qaban ijaaruu kan dabalatu ta'us imaammatichi ni kaa'a.²¹ Imaammatichi qajeeltoo fi tarsiimoo isaa yoo kaa'uus hojileen sirna haqa yakkaa keessatti raawwataman marti tumaalee Heera Mootummaa, Seerota, waliigalteewwanii fi sanadoota idila adddunyaa qaama seera biyyattii ta'an fi kaayyoo tumsa biyyoota addunyaa faana haala wal simuun raawwatamuu akka qaban kaa'eera.²²

Seerri Yakkaa Mootummaa RDFI bara 1996 ALI bahes qaama ijaarsa sirna haqa yakkaa biyyattii yoo ta'u kaayyoon seera kanaas dantaa hundaatiif jecha nagaa, nageenyaa fi tasgabbii biyyattii mirkaneessuu, sirna mootummaa fi faayidaa ummataa kabachiisuudha.²³ Galmi isaas yakki akka hin raawwatamne ittisuuf waa'ee gocha yakkaa fi adabbii hordofsiisuu labsuun of eeggannoo kennuu, namoonni yakka raawwatani yemmuu argaman yakka biroo akka hin raawwanneef adabanii barsiisuu akkasumas namoonni yaada yakka raawwachuu qaban akka gocha yakkaa irraa of qusatan akeekkachiisa kennuudha.²⁴ Seerri yakkaa kunis qajeeltowwaan sirna haqa yakkaa kan akka seerummaa (legality), wal qixxummaa fi duubatti deebi'ee raawwatamuu dhiisuu seera yakkaa, itti gaafatamummaa raawwii yakkaa, akaakuu yakkaa fi adabbii isaanii fi kanneen biroo hammateera.

Akka waliigalaatti, Heera Mootummaa RDFI, Imaammata Sirna haqa yakkaa Itiyoophiyaa, Seera Yakkaa Mootummaa RDFI bara 1996 ALI fooya'ee bahe, Seera deemsa falmii yakkaa Itiyoophiyaa bara 1954 ALI baheen alatti labsiileen,dambiilee, qajelfamnii fi maanuwaalii garagaraa ijaarsa sirna haqa yakkaa biyya kanaa akka tumsaniif bahaaniiru. Seerotni kunneenis

¹⁸ Imaammata Sirna Haqa Yakkaa Mootummaa RDFI, Kutaa 1.2

¹⁹ Imaammata Sirna Haqa Yakkaa Mootummaa RDFI, Kutaa 1.2

²⁰ Imaammata Sirna Haqa Yakkaa Mootummaa RDFI, Kutaa 1.3

²¹ Imaammata Sirna Haqa Yakkaa Mootummaa RDFI, Kutaa 1.3

²² Imaammata Sirna Haqa Yakkaa Mootummaa RDFI, Kutaa 1.4

²³ Seera Yakkaa Mootummaa RDFI, Kw. 1

²⁴ Seera Yakkaa Mootummaa RDFI, Kw. 1

akkuma rogummaa isaaniitti tumaalee hammatan kaasuudhaan boqonnaa itti aanuu keessatti kan ilaallu ta'a.

1.3. Seera Deemsa Falmii Yakkaa

Kaayyoon deemsa falmii yakkaa yakka raawwatame ilaalchisee dhugaa jiru adda baasuun nama yakka raawwate adabsiisuu dha. Adeemsa kana keessatti xiyyeffannoon kan taassifamu nama yakka raawwate adabsiisuu fi namni yakka hin raawwanne garuu akka dogoggoraan hin adabamne taassisuu dha. Nama yakka raawwate adabsiisuudhaaf ykn nama yakka hin raawwatamne bilisaan gaggeessuu keessatti deemsi hordofamu sirna deemsa falmii yakkaa jedhama. Nama yakka raawwate adabuuf kan yakka hin raawwanne bilisaan gaggeessuuf mala filatamu irratti hundaa'uun deemsa falmii yakkaa '*adversarial, inquisitorial or mixed*' jedhamuun qoodama.

Sirni '*adversarial*' jedhamuun beekamu dorgommii garee lama gidduutti taassifamu fi abbaa murtii tokkoon hoogganamuun kan fakkeeffamu dha.²⁵ Bu'uura sirna kanaatiin deemsi falmii yakkaa morkii abbaa alangaa fi himatamaa gidduutti raawwatu yoo ta'u gaheen abbaa seeraas seerri deemsa falmii akka hin sarbamne tiksuum fi bu'aa dhumaab ibsuu dha. Sirna kana keessatti tilmaamni jiru hanga danda'aameetti abbaan alangaa nama yakka raawwate malee nama qulqulluu himachuudhaan sadarkaa dhagahaa dhimma yakkaa hin qaqqabiisu kan jedhuu dha.²⁶ Haa ta'u malee, himatamaan haala salphaa ta'ee fi haqummaa hin qabneen abbaa alangaatiin akka hin mo'amneef mirgoota muraasa kan akka: mirga callisuu, mirga baasii mootummaatiin abukaatoodhaan falmachuu, mirga qabiinsaa fi sakatta'iinsa seeraan alaa irraa bilisa ta'uu, mirga ragaan ittisaa isaa akka dirqamanii dhiyaataniif taassisuu fi mirga oliyyannoo kan kennameefii dha.²⁷ Hirmaanna abbaa seeraa hir'suun, garuu seerota ragaa ciccimoo hojiirra oolchuun haqummaa dhagahaa dhimmaatiif xiyyeffannaa kan kennuu dha.

Sirna deemsa falmii yakkaa '*Inquisitorial*' jedhamuun beekamu biyyoota sirna seeraa siivilii (civil law legal system) hordofan biratti kan mul'atu yoo ta'u deemsa '*adversarial*' irraa caalmaatti adda kan taassisu hirmaanna abbaa seeraa yoo ta'u akka sirna isa jalqabaa abbaan seeraa seerummaa falmii ykn mormii abbaa alangaa fi himatamaa gidduutti taassifamu

²⁵ Miil-jalee 3^{ffaa}, fuula 38

²⁶ Kanuma Olii, fuula 39

²⁷ Kanuma Olii.

hoogganuu qofa otuu hin taane hojii dhugaa baasuu irratti gaaffilee garagaraa hirmaattoota dhaddachaa gaafachuudhaan ni hirmaata. Sirna ‘inquisitorial’ keessatti sadarkaa qorannoo irrattis ta’e dhagahaa dhimma yakkaa irratti himatamaan odeeffannoo barbaachisu kennuudhaan morkii dhugaa baasuuf taassifamu tumsuu qaba. Sochii kana keessatti hirmaannaan mana murtii olaanaadha.²⁸

Akka waliigalaatti qoodinsi sirna deemsaa falmii yakkaa ‘inquisitorial’ and ‘adversarial’ jedhamu kun duubatti hafaa fi garaagarummaan isaa ifatti adda bahee kan ta’e miti. Keessumaa yeroo ammaatti sirni qofaa isaatti of danda’ee ‘inquisitoril’ ykn ‘adversarial’ qofa jedhamuun kaa’amu hin jiru. Yaaduma kana bifa cimsuun hayyuun seeraa tokko waa’ee qoodinsa deemsaa falmii yakkaa yeroo ammaa bifa armaan gadiit in ibseera.

In a sense, it can be said that the evaluation of criminal procedure in the last two centuries in the civil law world has been away from the extremes and abuses of the inquisitorial system, and that the evolution in the common law world during the same period has been away from the abuses and excesses of the accusatorial system.²⁹

Kunis kan agarsiisu sirna deemsaa falmii kunneen mata mataatti ciminaa fi hanqina kan qaban ta’uu fi yeroo ammaatti biyyootni hedduun hanqina sirna isaanii keessatti mul’atu hambisuuf sirna biyyoota biraa irraa ergifachaa jiraachuu isaaniiti.

Hojii nama yakka raawwate adabuu fi nama yakka hin raawwanne bilisa gaggeessuu keessatti adeemsi falmii yakkaa biyyoota ‘common law legal system’ fi biyyoota ‘civil law legal system’ hordafan gidduu garaagarummaan muraasaa yoo jiraatees qajeeltoowwan bu’uraa seera deemsaa falmii yakkaa bakka tokkotti isaan hiidha. Qajeeltoowwan kunneenis mirga akka nama yakka hin raawwanneetti tilmaamamuu (presumption of innocence), dhiibbaa ofirratti ragaa bahuu irraa bilisa ta’uu (freedom from self-incrimination), mirga dhagahaa haqa qabeesa(fair trial) mirga dhagahaa ariifataa argachuu(speedy trial), mirgaa dhaddacha banaatti dhagahaamuu (public trial), mirga abukaattoodhaan bakka bu’amuu (the right to defence counsel), walqixxummaa (equality), seerummaa (legality), olaantummaa seeraa (rule of law), mirga deemsaa seeraa

²⁸ Kanuma Olii, fuula 45

²⁹ Kanuma Olii, fuula 44

hordofeen dhagahaamuu (due process of law).³⁰ Qajeeltoowwan kunneen gadi fageenyaan mata dureewwaan kan booda jiran keessatti kan ilaallu ta'a.

1.4. Seera Deemsa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa

Itiyoophiyaan yeroo jalqabaatiif Seera deemsa falmii yakkaa ammayyaa'aa horachuu kan dandeesse bara 1942 ALA yoo ta'u kunis hundeffamuu gaazexaa Nagaaritiinii dha.³¹ Yeroo kanaan duratti yakki oggaa dalagametti yakka kana qorachuuf adeemsi fi tooftaan nama yakka raawwwate adda itti baasan '*afarsata*' fi '*leba shay*' jedhaman bal'inaan uummatnii fi mootummaan ni gargaarama ture.³² Bara 1942 ALA tti seerri deemsa falmii yakkaa sadarkaa fooyya'aatti ammayyeessu, labsiin bulchiinsa haqaa (Administration of justice proclamation) jedhamuun, labsii lamaffaa gaazexaa nagaariitiitin maxxanfame ta'uun baheera.³³ Labsiin kun manneen murtii sadarkaa garagaraa qabu kan hundeessee, sirna waraqaa waamichaa, sirna keenninsa ajaja qabiinsaa, sirna fuudhiinsa ragaa, adeemsa oliyyannoo fi kanneen biroo kan diriirsee dha.³⁴ Labsii kun raggaassifamuu Seera Adabbii Yakkaa Itiyoophiyaa bara 1949 ALI tin wal qabatee SDFY haaraa bara 1954 ALI tti tumameen hanga haqamuutti hojiirra tureera.

SDFY Itiyoophiyaa bara 1954 ALI bahe walakkaa jaarraa oliif hojiirra kan jiru yoo ta'u sirna mootummaa sadii tajaajileera. Seerri kun yeroo ammaattis giddu galeessummaadhaan deemsa falmii yakkaa biyyattii hoogganaa kan jiru yoo ta'u tumaaleen seera kana keessatti hammatamanii jiran muraasni garuu labsiilee yeroo garagaraa dhimmoota garagaraa bulchuuf bahaaniin haqamaniiru. Labsiileen tumaa SDFY fooyyeessan keessaa muraasni: Heera Mootummaa RDFI, Labsii Manneen Murtii Federaalaa gurmeessuuf bahe lakk. 25/96, Labsii Mana Hojii Abba Alangaa Federaalaa gurmeessuuf bahe lakk. 943/2008, Labsii Aangoo fi Hojii Manneen Murtii Oromiyaa gurmeessuuf bahe lakk. 216/2011, Labsii Mana Hojii Abbaa Alangaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa hundeesuuf bahe lakk. 214/2011 fi kanneen birooti.

Akka waliigalaatti, sirna haqa yakkaa Itiyoophiyaa, Heera RDFI, SY, SDFY bara 1954 ALI bahee fi labsiilee tumaa seera kanaa muraasa fooyyeessanii fi deemsa haaraa dabaluuf bahaaniin

³⁰ Kanuma Olii,fuula 58

³¹ Simeneh Kiros, Criminal Procedure Law : Principles, Rules And Practice, 2009, fuula 37

³² Miil-jalee 3^{ffaa},fuula 60

³³ Miil-jalee 31^{ffaa}, fuula 37

³⁴ Kanuma Olii

kan hoogganamu yoo ta'u bu'uura Heera Mootummaa RDFI kw. 13(2)n waliigalteewwanii fi sadanootni mirga namoomaa idil-addunyaa kanneen biroos raawwatamummaa kan qabanii dha.

Sirni deemsa falmii yakkaa Itiyoophiyaa hangam qajeeltoowwan bu'uuraa seera deemsa falmii yakkaa hammate kan jedhu dhimma ilaalamuu qabuu dha. Heera mootummaa RDFI irraa ka'ee imaammatni yakkaa Itiyoophiyaa, akkasumas labsiileen yeroo garagaraatti baha, waliigalteewwan mirga namoomaa idil-addunyaa qaama seera biyyattii ta'aan yoo ilaalamani bifa qajeeltoowwan bu'uura seera deemsa falmii yakkaa armaan dura ibsaman bifa haammateen kan gurmaa'ee dha jechuun ni danda'ama.

Qaphxii Marii

1. Sirni haqa yakkaa biyya keenya moodeela kam kan hordofe dha? Seerota rogummaa qaban kaasuudhaan mari'adhaa.
2. Seera deemsa falmii yakkaa Itiyoophiyaa sirna falmii yakkaa 'Inquisitorial' moo 'adversarial' moo makaa dha jettu? Tumaa seeraa rogummaa qabu waliin mari'a dhaa.
3. Barreffammootni tokko tokko akka agarsiisanitti biyyi keenya Itiyoophiyaa Seera Yakkaa qabaachuun duratti Seera deemsa falmii yakkaa akka qabdu kaa'u. Bakka Seerri yakkaa hin jirretti seerri deemsa falmii yakkaa haala kamiin jiraachuu danda'e jettu? Irratti mari'adhaa

Boqonnaa Lama

Qorannaa Yakkaa

Seensa

Mootummaan biyya tokkoo nagaa fi tasgabbi waliigalaa dhugoomsuuf gama tokkoon mirga namoomaa lammilee kabajuuf gama biraatiin immoo itti gaafatamummaa yakkaa mirkaneessuuf dirqama qaba. Dirqamni kun mirga namoomaa lammilee kabajuu,mirga namoomaa tiksuu yookiin kabachiisuudhaan alatti mirgootni kunneen akka kabajamaniif haala mijataa uumuu fi lammileen hundi seera duratti wal qixa ta'uu mirkaneessuu gaafata.³⁵

Itti gaafatamummaan mootummaa hanga danda'aameetti akka yakki hin raawwatamneef hojilee yakka ittisuu hojjachuu yoo ta'u, hojiilee yakka ittisuu irra darbee yakki kan raawwatame yoo ta'e hojiin itti aanuu itti gaafatamummaa yakkaa mirkaneessuu ta'a. Itti gaafatamummaa yakkaa mirkaneessuun keessatti dirqamni mootummaan qabu dirqama mirga namoomaa kabajuu fi kabachiisuu irraa addatti kan ilaalamu otuu hin taanee ittigaafatamummaa wal cinaa (parallelly) raawwatamuu qabuu dha. Dirqamootni ykn hojiileen gurguddoo kunneen ulfaatinni wal fakkaataa ta'e kennameeffi hin hojjataman taanaan amantaa uummatni sirni irratti qabu yeroodhaa yerootti duguguudhaan cimina sirna haqa yakkaa gaaffii keessa galchuu danda'a.

Yakki erga dalagameen boodatti odeeffanoowwan ykn eeruu raawwii yakkaa ibsan ofitti fudhachuudhaan hojiin olaantummaa seeraa kabachiisuu qoranna yakkaa ka'uumsa godhachuudhaan kan eegaluu dha. Qorannaan yakkaa akkaataa seerri hayyamuu fi ajaju qofaan hojii ragaa gocha yakkaa mirkanneessu funaanuu, adda baasuu, gurmeessuu, sirnaan qabuu, xiinxaluu fi madaalanii galmee shakkamaa irratti yaada murtee seeraa kenuuti.³⁶ Dabalataanis, namoota yakka raawwatan adda baasuu, qabeenya yakkaan fudhatame hordofanii qabuu fi namoota miidhaa yakkaatiif saaxilaman baraaruuti.³⁷ Hojiileen qoranna yakkaa waliin wal qabatanii raawwataman kunneenis mataa isaaniitin galma osoo hin taane adeemsa shakkamaa adda baasanii mana murtiitti dhiyeessuun galmi olaantummaa seeraa mirkaneessuu ittiin jalqabamuudha.

³⁵ International Committee Of The Red Cross (Icrc), ‘To Serve And To Protect: Human Rights And Humanitarian Law For Police And Security Forces’ (2014), Fuula 30-31.

³⁶ኩላዋ፡ በፌዴራል፡ የኢትዮጵያ ማንኛል፡ የዚርመሬ፡ አካውች፡ 2000 , fuula 1

³⁷Imaammata Sirna Haqa yakkaa Itiyoophiyaa 9-10

Bu'uura sirna haqaa biyya keenyaatiin hojiin qorannoo dirqama ykn gahee hojii qorataa poolisii qofa otuu hin taane hirmaanna abbaa alangaa fi mana murtii kan qabuu dha. Abbaan alangaa qoranna irratti hirmaachuu fi hoogganuu dhaan kan qooda fudhatu yoo ta'u manni murtiis ajaja garagaraa poolisii fi abbaa alangaa aangeessan kenuudhaan, jecha amantaa fi qorannoo dursaa galmeessuudhaan, akkasumas mirga shakkamaa kabachiisuudhaan ni hirmaata.

Boqonnaa kana jalatti hojiilee gurgoddoo jalqabbii qoranna yakkaatii eegalee hanga xumura qoranna yakkaatti raawwatamanii fi bu'aa xumuramuu qorannoo yakkaa tokko tokkoon kaafne kan ilaallu ta'a. Haaluma kanaan, jalqabbii qoranna yakkaa, qorannoo yakkaa keessattis dhimmootni kan akka jecha shakkamaa fuudhuu (interrogation), funaansaa fi galmeessa ragaalee, ajaja qabiinsaa fi sakatta'iinsa meeshaalee, jecha amantaa (confession) shakkamaa galmeessuu, gaaffii mirga wabii fi yeroo beellamaa, akkasumas xumura qorannoo yakkaatiin wal qabatee dhimma cufiinsa galmee qorannoo, dhimma qorannoo dursaa (preliminary inquiry) gaggeessuu fi haala keenninsa ajaja qorannoo dabalataas boqonnaa kana jalatti ilaalamaniiru.

Xumura boqonnaa kanaatti leenjifamtootni:

- Qoranna yakkaa keessatti hojiilee gurguddoo dalagaman irratti hubannoo isaanii ni gabbifatu.
- Qoranna yakkaa keessatti gahee fi itti gaafatamummaa tokkoon tokkoo qaamoleen haqaa qaban irratti hubannoo isaanii ni gabbifatu.
- Qoranna yakkaa keessatti haala mirgi namoomaa shakkamaa sambamuu danda'uu fi tarkaanfilee qaamolee haqaatiin fudhatamuu qaban irratti hubannoo isaanii ni gabbifatu.
- Xumura qorannoo yakkaatiin wal qabatee dhimma cufiinsa galmee qorannoo, dhimma qorannoo dursaa (preliminary inquiry) fi kenninsa ajaja qorannoo dabalataa irratti hubannoo isaanii ni gabbifatu.

2.1. Jalqabbii Hojii Qoranna Yakkaa

Kaayyoon Seera Yakkaa inni jalqabaa yakki akka hin raawwatamne ittisuу yoo ta'u, akeekkachiisa seeraa fi hojiilee ittisa seera yakkaa bira darbamee gochi yakkaa kan dalagame yoo ta'e, hojiin itti aanu jalqabbii qoranna yakkaati. Bu'uura SDFY Itiyoophiyaatin ka'uumsi jalqabbii qorannoo yakkaa adeemsa sadii yoo ta'u isaanis:-eruu yakkaa kennamuun

(accusation)³⁸, komii dhuunfaa dhiyaatuun (up on complaint)³⁹ fi yakka harkaaf harkaa (flagrant offences)⁴⁰ jedhamu. Adeemsootni kunneen bu'aa garagaraa kan qaban yoo ta'u akka armaan gadiitti ilaalamaniiru.

2.1.1. Eeruu Raawwii Gocha Yakkaa Kennuu (Accusation) fi Komii Iyyataa Dhuunfaa (Complaint)

Yakkootni eeruudhaan dhiyaatan yakkota bu'aan raawwii isaanii miidhamaa dhuunfaa irra darbee nagaa fi tasgabbii hawaasa waliigalaa irratti miidhaa qaqqabsiisuu dha. Kanuma irraan kan ka'e nagaa fi tasgabbii hawaasaa waliigalaa tiksuf lammuin kamiyyuu, ragaa seeraa ta'us ta'uu baatus, eeruu raawwii gocha yakkaa kennuf mirga qaba jedhameeti tilmaamama. Tilmaamuma kanaan bifa wal simuun SDFY kw. 11 jalatti namni kamiyyuu, yakki raawwatamuu isaa argus arguu baatus, raawwii gocha yakkaa gabaasuuf mirga akka qabu tumee jira. Haa ta'u malee, tumaa seera kanaa irraa akka hubatamuutti raawwii gocha yakkaa gabaasuun ykn gabaasuu dhiisuun sadarkaa qajeeltootti mirga ta'uus yakkota dantaa uummata bal'aa irraatti balaa cimaa geessisuu danda'aniin walqabatee garuu eeruu kennun dirqama akka ta'e seerumti kun ifatti tumee jira.⁴¹ Yakkotni namni kamiyyuu raawwatamuu isaanii beeke akka gabaasuuf akka dirqamaatti eeraman kunneen Seera Yakkaa RDFI Kw. 254, 335, fi 443 jalatti kanneen tumamanii dha. Yakkota tumaalee seeraa kanneen jalatti caqasaman irratti namni kallattiin raawwiisaa beeku, ijaan arge ykn dowa'taee raawwii gochichaa dhoksuuf itti yaadee gabaasuu diduun dirqama SDFY tumame kana bahuu dhabuu waan ta'uuf, itti gaafatatummaa kan hordofsiisu ta'a.

Raawwiin gocha yakkaa kamiyyuu itti gaafatatummaa yakkaa kan hordofsiisan yoo ta'u yakkootni muraasni garuu itti gaafatatummaa yakkaa kan hordofsiisan yoo namni yakki irratti dalagameen ykn bakka bu'aa isaa komii dhiyeesse qofaa dha. Yakkootni kunneen yakkota iyyata dhuunfaadhaan qofa qorannaan isaanii jalqabuu dha.⁴² Gochi yakkaa kunneen yakkota dantaa hawaasa bal'aa irratti bu'aa guddaa qaban otuu hin taane yakkota sasalphoo bu'aan isaaniis xiqqaa ta'ee dha. Yakkootni kunneen Seera Yakkaa keessatti ifaan kanneen komii iyyataa dhuunfaadhaan himachiisani dha jedhamuun kaa'amani jiru. Fkn: arrabsoo, harka

³⁸ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 11(1)

³⁹ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 13

⁴⁰ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 19

⁴¹ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 11(2)

⁴² Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 13

darbiinsa, doorsisoo fi kkf. Yakkoota sasalphoo kunneeniin alatti yakkootni jiran eeruu nama kamiinuu kennamuun qorannoona yakkaa eegalamuu mala.

Qorannaak yakkaa eegaluuf eeruun nama eenyummaan isaa beekamuun kennamuun isaa dirqama miti. Dalagamuun gocha yakkaa nama eenyummaa isaa hin beekamneen ykn hin ibsamneen kan eerame yoo ta'e Qorataan Poolisii dhugummaa eeruu kanaa qulqulleeffachuuq qorannoo isaa bu'uura SDFY kw. 22 tin itti fufuu qaba.⁴³ Eeruu gocha yakkaa namoota eenyummaa isaanii hin beekamneen kennamu ilaachisee gama tokkoon namni yakka hin raawwatne akka hin dararamneef gama biraatiin tattaaffii lammileen olaantummaa seeraa kabachiisuuf taassisan jajjabeessuuf Qorataan Poolisii itti gaafatatummaa isaa naamusaa fi kutannoo olaanaadhaan bahuun barbaachisaa dha. Raawwii yakkaa ilaachisee eeruun ykn komiin iyyataa dhuunfaa oggaa dhiyaateetti eeruun ykn komiin iyyataa dhuunfaa kun barreeffamatti jijiiramuu qaba. Eeruu barreeffame kunis nama eeruu kenneef ykn komii dhiyeesseef dubbifamee sana boodatti namni eeruu kenne akka mallatteessu taassifama.⁴⁴ Namni eeruu kenne ykn komii dhiyeesse nama tokkoo ol yoo ta'e tokkoon tokkoo namoota kanneenin mallatteeffamuun isaa barbaachisaa dha.⁴⁵ Namni eeruu kenuu nama yakka raawwachuun shakkame adda baasee kan hin beekne yoo ta'e ragaa ykn odeeffannoo shakkamaa sana adda baasuuf gargaaran guutummaatti duguugee kenuu qaba.⁴⁶

Adeemsa eeruu kenuu ykn komii dhuunfaa dhiyeessuun wal qabatee eeruun ykn komiin sobaan kennamee oggaa argameetti nama eeruu ykn komii sobaa kana kenne irratti itti gaafatatummaa yakkaa bu'uura SDFY kw. 18 tin mirkaneessuun barbaachisa. Kunis eeruu ykn komii dhuunfaa dhiyaateen shakkamaa irratti darara gahee fi qisaasayina yeroo fi humnaa qaamolee haqaa irra gaheef haqa mirkaneessuu ta'a. Dabalataanis, namootni maqaa namaa balleessuu qofaaf eeruu ykn komii sobaa akka hin dhiyeesineef ittisuuf tarkaanfii itti gaafatatummaa yakkaa mirkaneessu fudhachuu ni filatama.

Qaphxii marii

1. Dhaabbilee qaama seerummaa qaban yakki yoo irratti raawwatu sirni dhiyaatinsa fi fuudhinsa eeruu ykn komii maal tahuu qaba? Eenyuunii fi akkamiin dhiyaachuu qaba?

⁴³ Seera Deemsa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 12

⁴⁴ Seera Deemsa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 14(1)

⁴⁵ Seera Deemsa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw 14(2)

⁴⁶ Seera Deemsa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw.15

2.1.2. Yakkoota Harkaaf Harkaa (Flagrant Offences)

Eeruun ykn komii iyyata dhuunfaa alatti jalqabbii qorannaak yakkaatif ka'uumsa kan ta'u yakka harkaaf harkaatti qabamee dha. Bu'uura SDFY tiin gochoonni yakka harkaaf harkaa akaakuu sadii qabu. Inni jalqabaa kan SDFY kw. 19(1) jalatti ibsame yoo ta'u shakkamaan kan argame ykn qabame otuu yakka raawwataa jiruu, ykn raawwachuuf yaalii taassisaa jiruu ykn akkuma yakkicha raawwateen battaluma sanatti kan argame yoo ta'ee dha. Yakka akaakuu kanaa keessatti eenyummaa nama yakka raawwatee fi gocha raawwatame addaan baasuun salphaa waan ta'eef, carraan himatamuu namoota qulqulluu xiqqaadha.

Akaakuun inni lammaffaa gar-tokkeen yakka harkaaf harkaa (quasi-flagrant offence) kan jedhamu yoo ta'u SDFY kw. 19(2) jalatti kan ibsamee dha. Kunis shakkamaan yakka erga raawwateen boodatti miliqaa kan jiruu fi ragaadhaan ykn uummataan ykn iyyaan kan hordofame yoo ta'ee dha. Yakka akaakuu kanaa keessatti raawwiin yakkichaa kan xumurame ta'uu, shakkamaan bakka yakka itti raawwate gadi lakkisee irraa baqachaa jiraachuu, namootni ykn ragaaleen gochicha argan shakkamaa miliqaa jiru duuka bu'anii ari'aa fi hordofaa jiraachuu ykn miseensonni hawaasaa shakkamaa jala lallabaa fi iyyansa nu dhaqqabaa jedhu dhageessisa duuka kan bu'an ta'uu qaba. Gocha gar-tokkoon yakka harkaaf harka kana keessatti raawwii yakkichaa arganii shakkamaa itti iyyaa fi ari'aa duuka kan bu'an namoota hawaasa keessaa walitti dhufanii fi ragoota gochicha arganiidha. Poolisiin isaan keessa waan hin jirreef, odeeaffannoo raawwii gochichaa ummata irraa argata jedhameeti tilmaamama.

Akaakuun gocha yakka harkaaf harkaa inni kan biraan kan SDFY kw. 20 jalatti ibsameedha. Gochi kunis gocha yakka harkaaf harkaatti fakkeeffaman (assimilated cases) jedhamuu danda'a. Gochi tokko akka yakka harkaaf harkaatti moggaafamuuf ykn fakkeeffamuuf bakka yakki itti raawwatamaa jiru ykn raawwatamee jiru sana irraa iyyansi dafaa nutti birmadhaa jedhu ka'u ykn poolisiin waamamee iddo yakkichi raawwatametti battalumatti argamuudha.⁴⁷ Bakka gochichi raawwate sanatti hatattamaan too'annaa jala ooluu dhabuun shakkamaa gochicha fakkoo yakka harkaaf harkaa ta'uu hin dhoowwu.

⁴⁷ Seera Deemsa Falmii Yakkii Itiyoophiyaa Kw. 20

2.2. Hojii Gurguddoo Qoranna Yakka Keessatti Raawwatamanii

2.2.1. Qaama Eeruu ykn Komii Dhiyeesse Irraa Odeeffannoo Barbaachisan Duguuganii Galmeessuu.

Hojiin eeruu ykn komii dhiyaate jalqabbii adeemsa qoranno yakkaatiif (for making justice in motion) bu'uura SDFY kw. 14 tin fuudhuu fi bu'uura SDFY kw. 24 tin odeeefannoo barbaachisoo miidhamaa ykn eeruu kennaa irraa duguuganii galmeessuun sadarkaa xiyyeffannoo garagaraatiin kan dalagamanii dha. Bu'uura SDFY kw. 14 tin jechi galmaa'u yakkuma raawwatamee, akkaataa raawwatame fi eenyummaa shakkamaa galmeessuu qofaan xumuramuu danda'a. Jecha bu'uura SDFY kanaatiin fuudhamuun wal qabatee gaaffiin Poolisii irraa qaama komii dhiyeessuuf ykn eeruu kennuuf dhiyaatu baay'een jiraachuu dhiisuu mala. Jechuma koomii dhiyeessaa ykn eeruu kennaa galmeessuu qofa irratti kan daanga'ee dha. Kaayyoon isaas adeemsuma haqaa jalqabsiisuu (justice in motion) qofaaf kan oolu ta'ee kan galmaa'uus Poolisiidhuma eeruu galmeessuuf ramadamee jiruun ta'uu danda'a.

Jechi miidhamaa ykn eeruu kennaa bu'uura SDFY kw. 24 tiin fuudhamu garuu gaaffilee rogummaa qaban gama Qorataa Poolisiitin dhiyaatuun kan durfamuu dha. Tarkaanfilee qoranno yakka keessatti itti aansuun fudhatamaniif bu'uura waan ta'eef xiyyeffanna ykn of eegganno guddaadhaan duguugamee fudhatamuu qaba. Qorataan Poolisii qaama eeruu kennu ykn komii dhiyeesse irraa waa'ee eenyummaa fi teessoo shakkamaa fi ragootaa duguugee fuudhuu qaba. Ragaa namootaatin alatti ragaan biroos jiraachuu wanti mul'isu yoo jiraate gosa isaa adda baasuun odeeefannoo galmeessuun barbaachisaa dha.⁴⁸ Harcaatiin sadarkaa kana irratti uumamu qulqullina qoranno irratti bu'aa kallattii qabaachuu danda'a. Qaama eeruu kenne yeroo lammaffaa argachuu dhiisuu illee waan jiraatuuf eenyummaa shakkamaa fi ragootaa sirnaan qabachuun barbaachisaa dha.

Sadarkaa qajeeltootti miidhamaa caalatti raawwii yakkichaa hubachiisuu kan danda'u ni jira jedhamee hin tilmaamamu. Haa ta'u malee, sababa garagaraatiin miidhamaa irraa jecha otuu hin fuudhin qoranno yakkaa xumuramee himannaan hundeffamuu ni danda'a. Sababoota kunneen keessaa miidhamaan gochaa yakkaa isa irratti raawwatameen kan du'e yoo ta'ee dha. Akkasumas miidhaa gocha yakkaatiin isa irra gaheen miidhamaan dubbachuu kan hin dandeenye

⁴⁸ Seera Deemsaa Falmii Yakka Itiyoophiyaa Kw. 14

yoo ta'e otuu jecha miidhamaa hin fuudhiin ykn hin galmeessiin qorannaan yakkaa ragaa sassaabame irratti hundaa'ee xumuramuun ni danda'a. Bakki miidhamaa irraa jechi fuudhamu waajjiruma Poolisii ta'a jedhamee yoo tilmaamamees miidhamaan gocha yakkaa irratti raawwatameen buufata fayyaa kan jiru yoo ta'e bakkuma yaalamaa jiru deemuun jecha isaa fuudhuun ni danda'ama. Kanaan alattis, miidhamaan rakkoo fayyaa qabuun socho'uu kan hin dandeenye yoo ta'e mana jirenya isaatti jecha kennuu ni danda'a.

Miidhamaan daa'ima yoo ta'e ykn taate akkasumas yakki dalagame xiinsammuu miidhamaa baay'ee kan miidhu yoo ta'e hojii olaantummaa seeraa kabachiisuu cinaatti eegumsaa fi kunuunsi gahaa miidhamaa dhaaf taassifamuu qaba. Keessumaa yakki dalagame yakka gudeeddaa daa'ima irratti dalagame yoo ta'e haalli fuudhinsa jecha miidhamaa deeggarsa ogeessaa kan gaafatu ta'uu mala. Kunis xiinsammuu miidhamatiif eegumsa gochuu irra darbee qulqullina qorannootiifis gumaachi inni qabu olaanaa dha.

Miidhamaa ykn eeruu kennaa irraa odeeffannoo barbaachisaa duguuganii galmeessuun hojii jalqabbii qorannoo yakkaa irratti raawwatamu ta'uu isaatiin hojimaata keessatti Qorataa Poolisii fi Abbaa alangaa giddutti qaphxii wal falmii yoo ta'u ni mul'ata. Qorataan Poolisii bakka abbaan alangaa hin jirreetti jecha hin fuudhu jechuun abbaan alangaas Qorataa Poolisiidhaan bakka abbaan alangaa hin jirreetti jecha miidhamaa ykn eeruu kennaa kana fuudhuu qabda ykn fuudhuu hin qabdu jechuu dhaan mormiin qabatamaadhaan mul'atu jira.

SDFY Itiyoophiyaa bara 1954 ALI bahee fi yeroo ammaattis sirna deemsa falmii yakkaa hangafummaadhaan hoogganu hojii qorannoo yakkaa dirqama Qorataa Poolisii taassisuudhaan, abbaan alangaa garuu qorannnaa ilaalchisee qajeelfama barbaachisoo kennuun alatti Poolisii waliin taahuun qorannoo yakkaa akka gaggeessuuf dirqama hojii laateefii hin jiru. Sirna qorannaa yakkaa ariifataa taassisuuf akkasumas qulqullina qorannoo dabaluuf yaada jedhu ka'umsa godhachuudhaan JBAH yeroo qoratamitti abbaan alangaa Poolisii waliin tahuun qorannaa yakkaa akka taassisuuf qajeelfamee ture.

Labsiin Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa hundeessuuf bahe lakk. 214/2011 (*ammaan booda labsii MHAAWO hundeessuuf bahe jedhama*) garu komii ture bifaa xiqqeessuu danda'uun tumaa seeraa haaraa kaa'eera. Bu'uura labsii kanaatin abbaan alangaa: yakkoota ciccimoo yookiin yakkoota malaammaltummaa yookiin yakkoota dantaa uummataafi mootummaa ta'an yookiin yakka taaksii irratti raawwatamu poolisii waliin ni qorata;

barbaachisaa ta'ee yoo argame yakkoota biroos Poolisii waliin ni qorata; raawwiin isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a jedha.⁴⁹ Raawwii labsii kanaatiif dambiin bahe hanga ammaatti jiraachuu baatuus yakkoota sasalphaa ilaachisee abbaan alangaa qorataa poolisii waliin qorannoo yakkaa gaggeessuuf hin dirqamu. Qorataan Poolisiis yakkoota salphaa irratti hirmaannaabbaa alangaatiin alatti hin gaggeessu jechuuf bu'uura seeraa hin qabu. Akkasumas, yakkoota sasalphaa ilaachisee qorannoo yakkaa qorataan poolisii qofaa isaa gaggeessuun qofti seerummaa qorannichaa gaaffii keessa galchuu hin danda'u.

Gama biraatin, qorannaabbaa yakkaa hoogganuu fi hordofuun itti gaafatamummaa abbaa alangaa ta'uu labsiin MAAWO hundeessuuf bahe⁵⁰ akkasumas imaamatni sirna haqa yakkaa Itiyoophiyaa bara 2003 ALI⁵¹ bahe ifatti kaa'eera. Kanumarraa ka'uun yakka waliin qoratan irrattis ta'e qorataa poolisiin qofaa isaa qoratu hoogganuuun itti gaafatamummaa ykn aangoo abbaa alangaati.

Qaphxii Marii

1. Labsii MAAWO hundeessuuf bahe 7(9) jalatti “abbaan alangaa barbaachisaa ta'ee yoo argame yakkoota ifaan kaa'amaniin alatti yakkoota biroos Poolisii waliin ni qorata' jedha. Safartuun barbaachisummaa kanaa maalii dha?
2. Labsiin MAAWO hundeessuuf bahee fi imaamatni sirna haqa yakkaa Itiyoophiyaa aangoo qorannaabbaa yakkaa hoogganuu ifatti abbaa alangaaf kennee jira. Garuu, daangaa fi qabiyyeen hooggansa qorannoo yakkaa hangamii dhaa?
3. Labsiin MAAWO hundeessuuf bahe yakkoota abbaan alangaa fi qorataan poolisii waliin qoratan jechuun kaa'e ilaachisee daangaan ykn qabiyyeen qorannaabbaa waliin gaggeessuu hangamii dhaa? Hojii qoranno wal qabatu hunduma hammataa?Mariadhaa.
4. Jecha komii dhiyeessaa ykn eeruu kennaa bu'uura SDFY kw. 14 tin galmaa'uuf hirmaannaan abbaa alangaa barbaachisaa dhaa? Irratti mari'adhaa.
5. Yakka irratti raawwatameef miidhaan xinsammuu miidhamaa irra kan gahe yoo ta'e ykn daa'ima ykn dubartii yakki cimaa kan akka gudeeddaa irra gaheef yeroo jechi fuudhamuutti kuniinsi taassifamuuffii qabu maal ta'uu qaba? Irratti mari'adhaa.

⁴⁹ Labsii Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa Lak.214/2011, kw. 7(9)

⁵⁰ Labsii Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa Lak.214/2011, Kw. 7(8)

⁵¹ Imaammata Seera Yakkaa Itoophiyaa Bara 2003 Bahe, Kutaa 3.5, Fuula 10

2.2.3. Jecha Shakkamaa Fuudhuu (Interrogation)

Sadarkaa qajeeltootti eeruun yakkaa waajjira poolisiitti galmaa'e tokko osoo ragaadhaan hin mirkanoofne dura shakkamaan to'annaa jala ni oola jedhamee hin tilmaamamu. Shakkamaa to'annaa jala oolchuun dura ragaan funaaname tilmaama qulqullummaa shakkamaa gaaffii keessa galchuu qaba. Haala kanaan sababni gahaan shakkamaan gocha yakkaa raawwachuu isaa agarsiisu bakka argametti bu'uura SDFY Kw. 25tiin shakkamaan akka dhiyaatuuf xalayaan waamichaa ni ergamaaf. Shakkamaan dhiyaachuu yoo didu akkaataa SDFY Kw. 26tiin shakkamaa to'annaa jala oolchuuf sochiin kan eegalamu ta'a.

Hariiroo shakkamaa fi poolisiitti gidduu jiraatuuf mirgi bu'uuraa shakkamaan qabu mirga akka nama yakka hin raawwanneetti tilmaamamu / presumption of innocent/ dha. Mirgi kun yakka dalagame ilaalcissee dirqama hubachiisuu /burden of proof/ qaama himatuutti kan dabarsuu fi shakkamaan yeroo hundummaa shakkii jiru irraa fayyadamaa/ beneficiary of doubt/ kan taasisuu dha⁵². Namni yakka raawwachuun shakkame tokko akkuma too'atameen yakka ittiin shakkame afaan isaaf galuun haala ifa ta'een itti himamuu qaba.⁵³ Shakkamaan afaan qorattooni poolisii hojii isaanii ittiin geggeessan kan hin beekne yoo ta'e, hiiktuu afaanii gahumsa qabuun gargaaramee gaaffii isaaf dhiyaatuu fi deebii kennaa jiruu hubachuuf mirga qaba.⁵⁴ Shakkamaan sababa maaliif akka too'atame erga sirriitti hubateen booda deebii kennuuf dirqama akka hin qabne; inumaayyuu mirga callisuu akka qabu odeeffannoosisaaf kennamuu qaba. Shakkamaan jecha yoo kenu jechi inni kenu mana murtiitti ragaa ta'ee irratti dhiyaachuu akka danda'u akeekkachiifamuu qaba.⁵⁵ Mirgootni kun gama qorataa poolisiin akka itti himaman kan barbaadameef keessaa tokko namni buufata poolisii jiru kamiyyuu, kan baratees ta'e kan hin baranne, sooreessas ta'e hiyyeessa, beekaas ta'e wallaala, mirga heerri isaaniif kenne wal qixatti akka itti fayyadamanuu gochuu dhaafi.⁵⁶

Odeeffannoos biroo qorataan pooolisii shakkamaaf kennuun irra jiraatu jecha shakkummaa osoo hin kennatin dura ykn yemmuu kennatutti mirga abukaatoon mari'achuu shakkamaati.

⁵² Anneke Osse, Understanding Policing :A Resource For Human Rights Activists, Drukkerij Barlet,2012, fuula 166

⁵³Heera Mootummaa RDFI Kw. 19(1)

⁵⁴Seera Deemmii Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 27(4)

⁵⁵Heera Mootummaa RDFI Kw. 19(2)

⁵⁶ Fred E. Inbau, Etal, Criminal Interrogation And Confessions, 4th Ed, Aspen Publisher, 2004 Fuula 490

Qorataan poolisii abukaatoo waammatee akka waliin mari'atu shakkamaaf hayyamuu bira darbee qalamaa fi waraqaa iyyannoo tajaajila abukaatummaa ittiin barreeffatu kennuuf dirqama qaba.⁵⁷ Erga mirgi inni qabu itti himameen boodatti jechi shakkamaan kenu hundumti galmaa'u qaba.⁵⁸ Shakkamaan jecha isaa dirqisiisuun, doorsiisuun, gowwomsuun ykn abdii hin malle galuufii dhaan otuu hin taane bilisaan kennuu akka qabu Heerri Mootummaa RDFI fi Seera Deemsa Falmii Yakkaa kew. 19 fi 31 wal duraa duubaan ni kaa'u. Kanaaf qorataan poolisii gochoota kanaa fi kannneen kana fakkaatan irraa of quachuu qaba. Bakkii fi haalli qorannoon itti gaggeeffamu Shakkamaa miira dhiphuu keessa galchuu hin qabu. Bifa al kallattii ta'een qorannoon yakkaa yeroo dheeraaf qorattoota baay'ee ta'uun shakkamaa miira dhiphuu keessa galchuun gaggeeffamuu hin qabu. Shakkamaan nyaataa fi dhugaatii gahaa erga argateen booda qorannaan gaggeeffamuu akka qabu ogeessotni ni eeru.⁵⁹

Baratama jiru irraa akka hubatamutti, sadarkaa qorannaak yakkaatti xiyyeffannoon qorattoota poolisii hedduu jecha amantaa shakkamaan kenu argachuudha. Akkaataa fi haalli jechi amantaa shakkamaa keessatti fuudhamu yeroo hedduu seeraa fi mirga shakkamaa kan faallessu ta'a. Jecha amantaa yaade argachuuf poolisiin dheekkamsa sammuu jeequ, dirqisiisuun, reebicha qaamaa, dararaa qabiinsa farra namoomaa, doorsisoo cimaa fayyadamuu, waadaa sobaa seenuu gowwoomsuu fi kkf akka tooftaatti fayyadamuu ni mala.

Labsiin MHAAWO hundeessuuf bahe dirqamaa fi itti gaafatamummaa abbaa alangaa yoo tarreessu: mirgootaa fi bilisummaawwan bu'uuraa lammilee heeraa fi seeraan eegaman kabajamuu isaanii ni mirkaneessa,⁶⁰ mirgi namoota buufata Poolisii yookiin mana sirreessaa keessatti to'annoo seeraa jala jiran kabajamuu isaa ni hordofa; haalli qabiinsa mirgaafi yeroon turtii bu'uura seeraatiin ta'uu isaa ni mirkaneessa; gochi seeraan alaa yoo raawwatame tarkaanfii seeraa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa⁶¹ jedha. Bu'uura seerota armaan ol caqasmaniitiin gochoota seeraan alaa armaan ol caqasaman kunneen ilaachisee tarkaanfii sirreffamaa akka fudhatamuu fi itti gaafatamummaan akka mirkanaa'u gochuuf itti gaafatamummaa kan qabu abbaa alangaa yoo ta'eес sababa madaala hin kaafne "*hariiroo hojii poolisii fi abbaa alangaa*

⁵⁷ Seera Deemsa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 61

⁵⁸ Seera Deemsa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa kw. 27(3)

⁵⁹ Miil-jalii 56f^{faa}, Fuula 80

⁶⁰ Labsii Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa, Lak.214/2011, Kw. 7(7)

⁶¹ Labsii Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa, Lak.214/2011, Kw. 7(31)

gidduu jiru balleessuu dhiisuuf " itti gaafatamummaa mirkaneessuu irraa yoo of qusatan ni mul'ata.⁶²

Qaphxii Marii

1. Heerri mootummaa RDFI Kw. 20(3) jalatti mirga akka nama yakka hin raawwatneetti tilmaamamuu mirga nama himatamee taasisee tumee jira. Tumaa Heeraa kana irraa ka'uun mirgi akka nama yakka hin raawwanneetti tilmaamamuu kan shakkamaa miti jechuu dandeenyaa? Seerota rogummaa qaban kaasuun mari'adhaa.
2. Shakkamaan jecha isaa yammuu kenu maqaa isaa, umurii isaa, teessoo isaa ykn walumaagala odeeffannoo dhuunfaa isaa yoo kennuu baate sirumaayyuu homaa tokko dubbachuu yoo dide maaltu ta'a?
3. Baay'inni qorataa Poolisii fi dheerinni yeroo qorannoo bu'aa qorannoo waliin hariiroo ni qaba jettanii yaadduu? Irratti mari'a dhaa.
4. Daangaan mirga callisuu hanga eessatti dha? Shakkamaan odeeffannoo dhuunfaa isaa maqaa, umurii, teessoo, fi k.k.f dubbachuuf dirqama seeraa ni qabaa? Shakkamaan poolisii biratti dhiyaatee homaa waan takkallee dubbachuu yoo dide maaltu godhama? Nama odeeffannoo isaa hin kennis haala kamiin mana murtiitti dhiheessuun danda'ama?

Dhimma 1: falmiin kun mana murtii sadarkaa jalqabaatti yeroo duraaf kan ilaalam yoo ta'u dhuma irrattis MMWF dh/Ijibbaataa⁶³ qaqqabeera. Iyyataan ammaa abbaa alangaa Federaalaa yoo ta'u deebii kennaan ammaa mana murtii jalaatti SY kw. 665(1) irra darbuun yakka haannaatin himatameera. Abbaan alangaas ragoota isaa gochuun kan dhiyeesse miidhamaa dhuunfaa fi miseensota poolisii yeroo himatamaan mana murtii jalaa ykn deebii kennaan ammaa jecha isaa bu'uura SDFY kw. 27 tin buufata poolisiitti kenu yakka ittiin himatame kana ofii raawwachuu isaa bilisaan amanuun yoo dubbatu biratti argamuun kan dhagahaanii dha. Mana murtii jalaatti dhagahaan yoo gaggeeffamutti himatamaan himannaai isarratti dhiyaate kan waakkate waan ta'eef ragootni abbaa alangaa dhagahaamaniiru. Ragootni kunneen jecha ragaa kennaniinis, ragaa jalqabaa kan ture miidhamaa dhuunfaa qabeenyi hatame kansaa ta'uun alatti himatamaa mana murtii jalaa ykn deebii kennaan ammaa qabeenya isaa hatuu fi dhiisuun kan hin beekne ta'uu yoo ibsu misseensootni poolisii lama dhiyaatan immoo himatamaan jecha isaa bu'uura SDFY kw. 27 tin waajjira Poolisiitti yoo kenu mirgi inni qabu dursa kan itti himame,

⁶² Qorannoo Mata Duree ' Gahee Abbaa Alangaa Fi Kababajamuu Mirga Shakkamaa Fi Himaatamaa' Jedhu Ilqso Dhan Bara 2010 Ali Hojjatame Argannoos Isaa Kana Agarsiisa

⁶³ AAWF Vs Mintasinoot Dooruu, Mmwf Dh/Ij, Jildii 23, Lakk.Galmee 152038, Gaafa 28/03/2011

bilisa tahee fi sodaa tokko malee gochicha kan amanee fi akkaataa yakkicha itti raawwatees qaamaan deemee nutti agarsiisee jira jedhaniiru. Manni murtii jalqabaa federaalaa ragaa abbaa alangaa erga dhagaheen booda ragootni dhiyaatan yakkichi himatamaan dalagamuu isaa hin hubachiisne jechuun deebii kennaam ammaa bilisaan gaggeesseera. Abbaan alangaas murtii kana komachuun oliyyannoo isaa MMO federaalaatti yoo dhiyeessees otuu fudhatama hin argatiin hafeera. Dhuma irrattis gara MMWF DH/ijibbataatti dhiyeessee dhadachi kunis: *himatamaan jecha waajjira Poolisiitti yoo kenu mirgi inni qabu itti himamee bilisaan jecha kennuun kan amanee ta'uu ragaa sadarkaa miseensota Poolisiin yeroo sana bakkichatti argamaniin kan ragame yoo ta'ee akkasumas haala raawwii isaas himatamaan qaamaan deemee Poolisoota ragaa sadarkaa ta'aanitti kan agarsiisee tahuu fi kunis dhaddachatti hubachiifamee otuu jiruu abbaan alangaa himanna isaa qaama addaatiin hin hubachiifne jedhamuun isaa qixa qajeeltoo madaallii ragaatiin akkamitti ilaalamu kan jedhu qorachuuf ni dhiyessisa jedheera. Wal falmitootni falmii isaanii barreeffamaan dhiyessaniiru. Deebii kennaan ammaa deebii kenneen ragootni abbaa alangaa miseensa Poolisii yoo ta'an reebicha narratti raawwachuu irra darbee jecha kennu kiyyaan dura illee bu'uura SDFY kw. 27(2) tin mirgiin ani qabu natti hin himamne. Himannaan narratti dhiyaateef jecha miseensota poolisii yeroo jecha kennu na biratti argaman jedhame kanaan alatti abbaan alangaa yakkicha raawwachuu koo ragaa hubachiisuu danda'u kan biroo dhiyessuudhaan narratti hin mirkaneessifne. Kanaaf murtiin mana murtii jalaatiin kennname dogoggora hin qabu jedheera. Oliyyataan ykn abbaan alangaa falmii isaa dhiyessseen deebii kennaan jecha kennuun duratti bu'uura SDFY kw. 27(2) jechi inni kennu ragaa ta'ee irratti dhiyaachuu akka danda'u itti himameera. Yeroo jecha kennutti dhiibbaatu narratti godhame yaa jedhu malee kana ragaadhaan hin ittifne. Poolisooni yeroo himatamaan jecha kennutti ragaa sadarkaa ta'uun kan ilaala turan qorattoota poolisii otuu hin taane gahee hojii biraan irratti kan hirmaatanii dha. Kun ta'ee otuu jiruu, ragootni kenneen waajiira Poolisii sababa hojjatan qofaaf jechi isaan kennan gartummaa irraa bilisa miti jedhamee tilmaamamuun dogoggora. Dabalataan deebii kennaan ammaa haala raawwii yakkichaa qaamaan bakka yakkichi dalagame deemuudhaan miseensota poolisii kanatti agarsiiseera. Kun ta'ee otuu jiruu deebii kennaam ammaa ykn himatamaa mana murtii jalaa bilisaan gaggeessuun dogoggora jechuun murtiin mana murtii jalaa akka haqamuuf gaafataniiru.*

1. Adeemsi ragaa sadarkaa jechuun abbaan alangaa miseensota Poolisii dhiyessse bu'uura seeraa qabaa? Ijoo MMWF Dh/Ijibbaataa qabate qixa seera rogummaa qabuun xiinxalaa.

2.2.4. Jecha Amantaa Shakkamaa Mana Murtiitti Galmeessisuu

Shakkamaan gocha ittiin himatame Waajjira Poolisiitti yoo kan amanu ta'e jechi amantaa inni kenuu kophaa isaatti akka ragaa amantaan irratti gatamuutti fudhachuun hin jajjabeeffamu. Yeroo hedduu shakkamaan erga mana murtii gaheen booda sababoota adda addaa caqasuu jecha sana ni waakkata waan ta'eef. Kanaan alattis, shakkamaan jecha amantaa maaliif kennuu akka barbaade beekuunis murteessaa ta'a. Bu'aa jechi amantaa hordofsiisu osoo hin beekin dhiphina gaaffiin poolisii isatti uumu keessa bahuu qofaaf akka salphaatti amanuu ni mala. Jechi amantaa shakkamaa irraa waajjira poolisiitti fuudhamu sababoota armaan olitti caqasamaniif sadarkaan amanamummaa isaa gadi aanaa waan ta'uuf, hanga danda'aameetti shakkamaan jecha amantaa kan kenuu yoo ta'e jecha kana bu'uura SDFY kw. 35 mana murtiitti galmeessisuun filatamaa dha.

Manni murtii jecha amantaa shakkamaa (confession) dhaddachatti fuudhuun duratti shakkamaan fedhii isaatiin jecha isaa kennuuf jiraachuu isaa mirkaneeffachuu qaba. Firii dubbii kanas galmeessuu qaba.⁶⁴ Jechi amantaa kunis mana murtiitiin erga galmaa'een boodatti shakkamaaf kan dubbifamuu dha. Shakkamaanis erga dubbifameefiin booda akka mallattessu taassifama.⁶⁵ Hoggansi mana murtii jecha amantaa fuudhee jecha amantaa kana irratti erga mallatteesseen boodatti garagalchi abbaa alangaa fi mana murtii yakkicha dhaga'uuf aangoo qabuuf ni ergama.⁶⁶

Shakkamaan yakka ittiin shakkame amanuun jecha isaa akka mana murtiitti kennuuf qaama kamiinuu dhibbaan irratti taassifamuu hin qabu. Seera qabeessummaa qoranna hoogganuudhaaf aangoo fi itti gaafatamummaa kan qabu abbaa alangaa ta'uunisaatiin gochi seeraan alaa kun akka hin raawwatamneef abbaan alangaa hordoffii taassisuu qaba.⁶⁷

Qaphxii Marii

1. Jecha amantaa bu'uura SDFY kw. 35 tin kennamu qofaa isaa ragaa amansiisaa (conclusive evidence) ta'uun danda'aa?
2. Jechi amantaa shakkamaan bu'uura SDFY kw. 35 tin mana murtiitti akka galmaa'uuf abbaa alangaa moo qorataa poolisiitu gaafachuu qaba?

⁶⁴ Seera Deemsa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa , Kw. 35(2)

⁶⁵ Seera Deemsa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa , Kw. 35(3)

⁶⁶ Seera Deemsa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa , Kw. 35(4)

⁶⁷ Imaammata Seera Yakkaa Itoophiyaa Bara 2003 Bahe, Kutaa 3.5(C)

3. Hojimaata keessatti shakkamaan yemmuu jecha amantaa mana murtii irratti bu'uura SDFY Kw. 35tiin kennatu mirgoota inni qabu kan akka mirga callisuu fa'aa itti himama. Dabalataanis, wanti inni dubbatus bu'aa maal akka hordofsiisu ni akeekkachiisama. Hojimaatni kun bu'uura seeraa qabaa?
4. Shakkamaan yeroo jecha amantaa bu'uura SDFY kw. 35 tin kennuu abukaatoo isaa waliin dhaabachuu danda'aa? Kaayyoo jecha amantaa kennuu waliin madaaluun mari'adhaa?
5. Shakkamaan jecha isaa bu'uura SDFY kew 27 ragaa sadarkaa biratti yeroo kennu gochicha raawwachuu isaa erga amaneen booda bu'uura SDFY kew 35 tiin ammoo mana murtiitti dhihaatee yoo haale, jechi inni bu'uura kew 35 tiin kenne jecha amantaa bu'uura 27 tiin kennamee irratti bu'aa akkamii hordofsiisu danda'a?
6. Jechi amantaa bu'uura SDFY kw. 35 galmaa'e hooggansi MM akka mallatteessu seerri kaa'a. Hoogansi mana murtii jecha amantaa kana irratti mallatteessuu dhiisuun bu'aa akkamii hordofsiisa?

2.2.5. Ragoota Barbaachisan Funaanuu fi Galmeessuu

Kaayyoona qorannaak yakkaa gocha yakkaa raawwatame jedhame eenyuudhaan akka raawwatame fi miidhaa qaqqabee adda baasuun olaantummaa seeraa mirkaneessuu dha. Yakki raawwatame shakkamaadhaan raawwatamuu isaa kan mirkanaa'u ragaa sassaabameenii dha. Qorataan poolisii yakka raawwatame tokko ragaalee mirkaneessuuf danda'an hunda funaanuuf dirqama qaba.

Ragaan sassabamuuf jiru ragaa kallatti, alkallattii fi ragaa teknikaa ta'u mala. Ragaan kallattii jecha namoonni raawwii gocha yakkaa ijaan argan tokko erga sirnaan hubatanii booda haala isaa yaadachuudhaan qajeellootti seenessuun ibsaniidha. Ragaan kunis dandeettiin ragaa waan argan sirnaan hubachuu, yaadachuu fi ibsuu bu'uura kan godhateedha. Ragaan inni biraagaa ragaa alkallattii ykn ragaa naannoo kan jedhamu yoo ta'u ragaalee bakka ragaan ijaa ykn kallattii hin jirretti raawwatamuu gocha tokkoo akeekaniidha. Kunis taateewan yakki raawwatamuu fi raawwatamuun booda jiraniin kan ibsamu dha. Ragaan teknikaa ykn ragaa ogummaa kaartaa tiraafikaa, ragaa mana yaalaa, fooreensikii, ooditii, sanada sobaa, ashaaraa qubaa, barreeffama ykn mallattoo harkaa, qorannoo dhiigaa, qorannoo reefaa fi kanneen birooti.

Yemmuu jecha ragaa fuudhu qorataan poolisii ragoota sossobuu, doorsisuu, dirqisiisuu ykn tooftaa sirrii hin taane kamiyyuu fayyadamuu hin danda'u.⁶⁸ Akkasumas, qorataan poolisii nama fedhii bilisaa fi kaka'umsa mataa isaatiin jecha ragummaa kennuu barbaadu tokko ukkaamsuu, hamilee tuquu ykn jecha irraa fuudhuu diduu hin danda'u.⁶⁹

Qorannaayakkaatiin wal qabatee Qorataan Poolisii yakka raawwatameen wal qabateen ykn nama yakka raawwateen wal qabatee odeeffannoo kennuu danda'u kamiyyuu waraqaa waamichaan waamee irraa sassabbuuf aango ni qaba. Namni kaayyoo kanaaf waamames gaaffilee gaafatamu maraaf, yoo himannaayakkaaf isa saaxila ta'een alatti, deebii dhugaa kennuuf ni dirqama.⁷⁰ Gama biraatini bu'uura labsii MHAAO hundeessuuf baheetin abbaan alangaas agaan seeraa akka dhiyaatan qaama dhimmi ilaaluuf ajaja kennuu, ajajni kennname bu'uura ajaja kennameen raawwatamu yoo baate tarkaanfii seeraa fudhachuu ykn akka fudhatamu taassisuu akka danda'u ibsee jira.⁷¹ Kanaan alattis, abbaan alanagaa qaama dhimmi ilaallatu waliin ta'uudhaan eeruu kennitoota, ragaa baatotaafi maatii isaaniitiif wabii eegumsa qaamaafi hojii ni kenna ykn akka kennamu ni taasisa jechuun tumeera.⁷²

Hojimaata keessatti wantoota akka rakkotti ka'an keessaa inni jalqabaa ragaa bu'uura seeraatin ala sassaabuu yoo ta'u inni biraar darbee darbee kan mul'atu ragootni jecha isaanii waajjira poolisiitti kennan dhaddachatti yoo dhiyaatan jijiiruu isaanii ti. Akkuma armaan olitti kaafneetti abbaan alangaa qoranno hoogganuuf itti gaafatatummaa qaba. Seerummaan sassaabbii ragaa hordofuun hojii hooggansa qoranno jalatti kufu ta'ee otuu jiruu abbaan alangaa ragaan sasssaabame bu'uura seeraatiin kan hin sassaabamne ta'uu isaa otuu beekuu manni murtii yoo barbaade haa kuuffisu jechuudhaan dhaddachaaf yoo dhiyeessu ni mul'ata. Maanuwali Raawwii Hojii Abbootii Alangaa bara 2008 bahe akka ibsuutti abbaan alangaa, ragaan seera irratti hundaa'uudhaan walitti qabamuu isaanii mirkaneessuu, ragaawwaan humnaan argaman keessattuu ragaawwaan mirga namoomaa himatamaa sarbuudhaan argaman kufaa taasisuu fi namoota seera cabsan irratti tarkaanfiin akka fudhatamu taasisuu fi tarkaanfiin fudhatame

⁶⁸ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 31

⁶⁹ Seera Deemmii Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 23

⁷⁰ Seera Deemmii Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kew. 30(2)

⁷¹ Labsii Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa lakk. 214/2011 kw. 7(24)

⁷² Labsii Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa lakk. 214/2011 kw. 7(25)

jiraachuu isaa mirkaneessuu jedha.⁷³ Tumaan seeraa fi maanuwaaliin hojii bifaa kanaan ifatti kaa'ee otuu jiruu hojimaataan jechaa fi afuura seeraa irraa maquun fudhatamummaa hin qabaatu.

Rakkoo inni biraan ragootni jecha ragaa waajjira Poolisiitti erga kennaniin boodatti dhaddachatti yoo dhiyaatan jecha duraa jijiiruudhaan jecha biraan ykn fallaa jecha duraa kan ta'e kennuu dha. Rakkoon kunis sababa garagaraatin uumamu mala. Inni jalqabaa duruma jecha yoo kennan dhiibbaa Poolisiitti kan kennan yoo ta'ee dha. Kunis naamusaa fi ogummaa qorannoo waliin hin deemneen Poolisiin ykn abbaan alangaa dhiibbaa kan itti taassise yoo ta'e jecha dhugaa hin taane kennuuudhaan boodarratti jijiiruun kan mul'atu ta'a. Inni biraan dhiibbaa miidhamaan ragoota isaa irratti bifaa garagaraan taassisuuun ta'u mala. Dhiibbaan kunis walitti dhufeenyaa dursa jiruu irraan kan ka'e ykn fayidaadhaan ta'u danda'a. Waajjira Poolisiitti jecha yoo kennamu kakatanii kennuu dhiisuuf fi dhaddachatti yoo kennan garuu waan kakataniif jecha dhugaa ta'e kakuun booda kennuu malu. Sababni isa biraan ta'u kan danda'u dhiibbaa fi dorsiisa gama himatamaatin dhiyaatuun jecha dhugaa dursa waajjira poolisiitti kennan jijiiruudhaan himatamaa seeraan ala fayyaduuf jecha kennamu dha. Rakkoolee kunneen xiyyeffanna keessa galchuudhaan abbaan alangaa fi poolisiin hordoffii gahaa gochuun irraa eegama.

Dhimma 2: Falmiin kun MMWF Dh/Ijibbaataatti galmee lakk. 153228⁷⁴ irratti kan ilaalam yoo ta'u iyyataan ammaa mana murtii jalaatti himanna dhiyeesseen deebii keennitootni ammaa SY kw. 453(2) irra darbuun jecha ragaa sobaa kennan kan jedhoo dha. Seenaan falmichaas namootni biroo (namootni sagal) himanna yakka bosona mancaasuun galmee biraan irratti himatamanii deebii keennitootni ammaa ragaa abbaa alangaa ta'uun dhiyaataniiru. Deebii keennitootni ammaa yakka kanaan (yakka bosona mancaasuu) wal qabatee jecha ragaa waajjira Poolisiitti kennaniin himatamtoonni (namootni sagal) kottoo qabachuudhaan oggaa bosona ciraan ijaan argine yoo jedhaniis booda irratti garuu dhaddacha mana murtii dhimmicha ilaala tureetti yoo dhiyaatan garuu himatamtoonni qottoo qabatanii dhaabbachuudhaan alatti oggaa bosona ciran ijaan hin argine jedhaniiru. Manni murtiis jecha deebii keennitoota ammaa (ragoota galmee himanna yakkichaa) irratti hundaa'uun himatamtoota namoota saglan sana bilisaan gaggeesseera.

⁷³ Maanuwaliit Raawwii Hojii Abbootii Alangaa Biirroo Haqaa Oromiyaa, 2008, Keewwata 6/7/

⁷⁴ AA MNA Vs Fantee Nugusuu, MMWF dh/Ij, jildii 23, lakk. Galmee 153228: gaafa 24/01/11 murtaa'e

Abbaan alangaas deebii kennitootni ammaa jecha isaanii waajjira Poolisiitti kennan jijiiruudhaan dhaddacha irratti jecha biraa waan kennaniif SY kw. 453(2) irra darbuun jecha ragaa sobaa kennuu kan jedhuun deebii kennitoota ammaa ykn himatamtoota mana murtii jalaa irratti MMO godina kibba Gondaratti himanna baneera. Manni murtii jalqaba falmii yakkaa haaraa kana dhagahee, jechuunis MMO godina kibba Gondar, ragaa abbaa alangaa erga xiinxaleen booda deebii kennitootni ammaa ykn himatamtooni mana murtii jalaa himanna irratti dhiyaate akka ofirraa ittisaniif ajaja肯neera. Haa ta'u malee, deebii kennitootni ammaa ragaa ittisaa dhiyeessuu dhiisuudhaan otuu ofirraa hin ittisiin hafaniiru. Manni murtii falmicha dhagahaa turees keewwatura himannaan irratti dhiyaate jalatti murtii balleessummaa kennuun deebii kennitoota ammaa hidhaa salphaa ji'a jaha mata mataan adabeera. Deebii kennitootni ammaas murtii mana murtii jalaan kenname kana komachuudhaan gara MMW Mootummaa Naannoo Amaaraatti (*amman booda MMW MNA jedhamuun ibsama*) oliyyannoo kan dhiyeessan yoo ta'u MMW MNA's komii dhiyaate dhiyeessisuun ilaalee jira. Xiinxala gaggeesseenis deebii kennitoota ammaa balleessaa taassisuuf ragaan dhiyaate jecha ragaa waajjira poolisiitti deebii kennitootni ammaa kennanii fi jecha ragaa dhaddachatti kenname qofaa dha. Kanaan alatti ragaan abbaan alangaa dhiyeesse kan biraa hin jiru. Jechi deebii kennitootni ammaa erga kakataniin booda dhaddachatti kennanii fi dursa waajjira poolisiitti kennan kan wal falleessu haa ta'u malee jechi dhugaa isa kam kan jedhu hin beekamne. Dabalataanis, tumaan SY kw. 453(2) kan haguugu jecha ragaa qaama abbaa seerummaa ykn qaama abbaa seerummaa waliin hidhata qabu (የዲኝነት ወይም የዲኝነት እኩል ተደረገው) birratti kenname yoo ta'u jechi waajjira poolisiitti kennamu akka jecha qaama abbaa seerummaa ykn jecha qaama abbaa seerummaa waliin hidhata qabu biratti kennameetti fudhatamuu hin qabu jechuun murtii mana murtii jalaa diigee deebii kennitoota ammaa bilisaan gaggeesseera. Abbaan alangaas ykn Oliyyataan ammaa murtii MMW MNA tin kenname komochuudhaan iyyata isaa MMW MNA Dha/ijibbaataatti dhiyeessus fudhatamummaa otuu hin argatiin hafeera. Itti fufuudhaan iyyata isaa MMWF dh/ijibbaataatti dhiyeesseera. MMWF Dha/Ijibbaataa iyyata dhiyaate ni dhiyeessisa jechuudhaan falmiicha ilaaleera. Dhuma irrattis sababoutuma (grounds) MMW MNA kaase caalatti cimsuun, tumaan SY kw. 453 kan ilaallatu jecha qaama abbaaa seerummaa ykn kan abbaa seerummaa waliin hidhata qabu kan akka boordii dhimma hojjataa fi hojjachiisaa ykn dhaabbilee jaarsummaa (arbitration board) fa'aati malee jecha waajjira poolisiitti kennamu miti jechuun tumaa SY kw. 453 tiif hiika lateera. Dabalataan, jechi ragaa deebii kennitootni ammaa kennan

keessaa soba kan ta'e kan waajjira Poolisii kennan otuu hin taanee kan mana murtiitti kennan yoo ta'e dhaddacha mana murtiitti nama fayyaduuf jecha kennuu isaanii ragaa biraatiin mirkanaa'uu qaba jechuun dogoggoori seeraa gama MMW MNA uumame hin jiru jedhee murtii MMW MNA cimseera.

Gaaffilee Marii

1. Galmeen qorannoo erga xumurameen boodatti abbaan alangaa murtii himanna hundeessuu ykn dhiisuu bu'uura SDFY kw. 42 tin kennuuf jecha ragaa waajjira poolisiitti kenne kan madaalu ta'uu isaatiin jechi ragootni waajjira Poolisiitti kennan daangaa SY kw. 453 jalatti kufuu hin danda'uu? Murtii Dh/Ijibbaataa akkamitti ilaaltu? Mari'adhaa?
2. Jechi sobaa ragootaan waajjira Poolisiitti kennamu SY kw. 453 jalatti hin kufu yoo ta'e jecha sobaa kenname kanaaf itti gaafatamummaa yakkaa seera yakkaa keewwata kam jalatti mirkaneessuun danda'aama?
3. Dhugummaa jecha ragaa mirkaneessuuf AA fi qorataan poolisii dirqamni irraa eegamu maal tahuu mala?

2.2.6 Sakatta'iinsaa fi Qabiinsa Meeshaalee

Heerri Mootummaa RDFI kew. 26 jalatti namni kamiyyuu jirenya dhuunfaa isaa jiraachuuf mirga akka qabu ni kaa'a. Mirgi kunis manni, qabeenyii fi qaamni isaa akka hin sakatta'amne akkasumas qabeenyi isaa akka hin qabamne kan hammatuu dha. Waliigalteen mirga siiviilii fi siyaasa idil-addunyaas kew. 17 jalatti mirga kanaaf eegumsa wal fakkaataa ta'e kennee jira. Haa ta'u malee, mirgi kun akkaataa seerri kaa'een yakka ittisuuf, nageenya biyyaa fi uummataatiif, fayyaa ykn hamilee uummataatiif ykn mirgaa fi bilisummaa namoota biraatiif daanga'uu akka danda'u Heerri Mootummaa RDFI ifaan kaa'eera.⁷⁵

Bu'uura tumaa SDFY Itiyoophiyaatin sakatta'iinsi fi qabiinsi meeshaalee ajaja mana murtii ykn ajaja mana murtiitin ala geggeeffamuu ni danda'a. Haala kam keessatti ajaja mana murtii barbaada ykn haala kam keessatti ajaja mana murtii malee sakatta'iinsii fi qabiinsa meeshaalee danda'ama kan jedhu bifaa armaan gadiit inilaallameera.

⁷⁵ Heera Mootummaa RDFI kw. 26(3)

2.2.6.1.Sakatta'iinsa Ajaja Mana Murtiin Raawwatamu

Namni kamiyyuu mirga qabeenya horachuu fi iccitti jirenya dhuunfaa isaa qabaachuu akka qabu, haala addaatiin garuu yemmuu seerri hayyamu, mirgoonni kun daangeffamuun akka danda'an armaan olitti kaafnee jirra. Daangaalee mirgoota kanaa seerri kaa'e keessaa tokko sababa raawwii gocha yakkaatiin walqabateef, sakatta'iinsa geggeeffamuudha. Sababni sakatta'iinsa geggeessuu tokko wanta yakkichaan walqabatuu fi ragaa ta'uu danda'u barbaadanii argachuudha. Manni murtiis ajaja sakatta'iinsaa yemmuu kennu haqa gargaaruuf, qorannaa yakkaa geggeeffamuuf ykn dhagahaa dhimmaa adeemsifamuuf kan fayyadu ta'uu yoo itti amaneedha.⁷⁶ Wanti raawwii yakkichaa akeku bakka jirutti manni murtii qaama haqaaf dhaabbate waan ta'eef, sochii qorannaa yakkaa taasifamu milkeessuuuf ajaja sakatta'iinsaa fi qabiinsa meeshaalee ni kenna jedhameeti amanama.

Gama biraatiin, iyyatni heeyyama sakatta'iinsaa gaafatuus ta'e ajajni sakatta'iinsaa kennamu ifa ta'uu qaba. Iddoo sakatta'amuu fi meeshaa (qabeenya) barbaaddamu adda baasee ibsuu qaba.⁷⁷ Qorataan poolisii gaaffii ajaja sakatta'iinsaa yemmuu dhiyeessu duuchaadhaan osoo hin taane maal akka qabachuu barbaadu ifa gochuu qaba. Fkn: meeshaa waraanaa, qabeenya hatanii dhoksame, mi'a koontiroobaandii, ragaa cira, sanada yakkaan walqabatu ykn haala kana fakkaatuun bifaa duuchaatti gaafachuu hin qabu. Poolisiin qabeenya ajaja sakatta'iinsaa keessatti caqasameen ala kan biraa sakatta'uu fi qabuu hin danda'u.⁷⁸

Bu'uura SDFY kw. 33 (3)tin hanga danda'ametti sakatta'iinsi bakka taajjabdooni walaba ta'an argamanitti adeemsifamuu qaba. Baay'inni fi gosti meeshaalee sakatta'iinsaan argamanii taajjabdotatnis ilaluudhaan mirkaneessuu qabu. Kunis iftoominaa fi itti gaafatatummaa mirkaneessuuuf gargaara jedhameeti amanama. Qabeenyi too'atame yakkicha mirkaneessuuuf hin fayyadu yoo ta'e, nagaheedhaan abbaaf deebisamuu qaba.⁷⁹

Sakatta'iinsi erga geggeeffamee booda qaboo yaa'itiin galmaa'uu fi mana murtiif gabaasamuu qaba. Yeroo sakatta'iinsi adeemsifamutti rakkoon qunname yoo jiraates, furmaata itti kennname

⁷⁶ Seera Deemsa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 33/1

⁷⁷ Seera Deemsa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 33(2)

⁷⁸ Seera Deemsa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 33(3)

⁷⁹ Seera Deemsa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 33(3)

waliin ibsama. Qabiyeen gabaasa raawwii sakatta'iinsaa bakka itti geggeeffame, guyyaa fi sa'atii itti jalqabamee fi xumurame, miseensota poolisii hirmaatan, taajjabdoota argaman, qabeenya ragaa ciraq qabame [akaakuu, baay'innaa fi hammaan] ibsama.

Qorataan poolisii ajaja sakatta'iinsaa harkaa qabu gara mana sakatta'amuu akka hin seenne yoo dhoowwame, humna madaalawaa ta'e fayyadamu ni danda'a. Mana murtiin haala addaatiin yoo hayyamame malee sakatta'iinsi kan geggeeffamu ganama sa'atii 12:00 hanga galgala sa'atii 12:00 gidduutti ta'a.

Abbaan alangaa seera qabeessummaa sakatta'iinsaa fi qabiinsa mirkaneessuu qaba. Kunis sakatta'iinsi fi qabiinsi adeemsifamuun duraa fi booda kan taasifamuu dha. Sakatta'iinsii fi qabiinsi meeshaalee yakkicha waliin rogummaa hin qabne akka hin raawwatamneef akkasumas erga sakatta'iinsii fi qabiinsi meeshaalee taasifameen booda meeshalee himanna hundaa'uuf rogummaa hin qabne abbaa qabeenya deebisuuf haala mijeessuu qaba. Labsiin MHAAWO hundeessuuf bahe ciraadhaan wal qabatee aangoo abbaa alangaa yoo ibsu: Ciraq akka ragaatti fayyadu addaan ni baasa; saamudni akka fudhatamu yookiin suuraan akka ka'u ni taasisa; akkaataa qabiinsa yookiin haala ciraan abbaa qabeenyichaatiif itti deebi'u ilaachisee qajeelfama ni kenna jedha.⁸⁰ Kanuma bu'uura godhachuudhaan abbaan alangaa itti gaafatamummaa isaa sirnaan bahuudhaan mirga shakkamaa kabachiisuu qaba.

Dhimma 3: Qa/Po/Ma/Adaamaatti Waajjirri Poolisii Kutaa Magaalaa Bokkuu iyyata gaafa 04/07/2012 lakk. WPKMB/9018/13-11/12 Mana Murtii Aanaa Magaalaa Adaamaatiif barreessen shakkamtootni torba *meeshaa waraanaa gosa adda addaa mana jireenyaa isaaniitti dhoksuun* waan shakkamaniif ajajni sakatta'iinsaa nuuf haa kennamu jechuun gaafataniiru. Manni Murtii Aanaa Magaalaa Adaamaatis dhaddacha gaafa 04/07/2012 ooleen "Waajjirri Poolisii Kutaa Magaalaa Bokkuu akkaataa Seera Deemsa Falmii Yakkaa Kwt 33 jalatti tumameen mana jirenyaa shakkamtoota kanaa bakka taajjabdoonni jiranitti guyyaa 05/07/2012 ganama sa'atii 12:00 hanga galgala sa'atii 12:00 gidduutti sakatta'iinsa geggeesee bu'aa argame qaama aangoo qabuuf akka dhiyeessu jechuun ajaja kennee jira.⁸¹

⁸⁰ Labsii Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa lakk. 214/2011, kw. 7(22)

⁸¹ Wa/Po/Mag/A/Ku/Ma/Bo Vs Gaaddisaa Beenyaa, MMA Mag/Adaamaa, lakk. 26468, gaafa 05/07/23 kennname

Gaaffiilee Marii

1. Xalayaa waajjira poolisii keessatti “Meeshaan waraanaa gosa adda addaa mana jirenya shakkamtootaa keessatti argamuun waan danda’uuf” hima jedhu tumaalee seeraa akaakuu meeshaa barbaaddamuu ifa taasisuu fi meeshichi bakka sakatta’amutti kan argamu ta’uu faana kan walsimuudhaa? Manni murtihoo iyyata akkanaa keessummeessuu qabaa?
2. Bu’aan sakatta’iinsaa kun qaama kamiif akka dhiyaatu manni murtii ajaja isaatin akeekhee? Ajajni kun raawwatamuu manni murtii kun akkamitti mirkanoeffachuu danda’aa?
3. Namoota kophaa shakkamanii fi bakka tokkotti himatamuu hin dandeenye irratti bakka tokkotti ajaja sakatta’iinsatiin gaafachuun ni danda’amaa?
4. Sababa rakkoo humnaa olii qunnameef waajjirri poolisii sakatta’iinsa gaafa 05/07/2012 osoo hin geggeessin yoo hafe, guyyaa ittaanu mana shakkamtootaa sakkatta’uu danda’aa? Haala kamiin?

2.2.6.2. Ajaja Mana Murtii Malee Sakatta'iinsa Geggeessuu

Poolisiin hayyama mana murtiin ala sakatta’iinsa gaggeessuu kan danda’u shakkamaan yakka raawwateef otuu battalumatti hordofamaa jiruu meeshaa yakka ittin dalage mana keessa yoo kaa’e ta’ee ykn shakkamaa yakka waggaan sadii fi isaa ol nama adabsiisu raawwatee meeshaa yakka raawwateef ragaa ta’uu danda’u kan dhokse yoo ta’e ykn meeshaa akkanaa kana bakka tokko kaa’uu isaa Poolisiitti himamee Poolisiinis shakkii qabatamaa keessatti uumee fi heeyyama mana murtii barbaaduun wal qabatee yeroon gubachuun isaatiin meeshaan kun ni bada ykn ni dhokfama jedhee yoo amanee dha.⁸² Haala kanaan alatti sakatta’iinsi ajaja mana murtiin alatti raawwatamuu hin danda’u. Kan raawwatamu yoo ta’ees bu’aan isaa fudhatamummaa dhabuu ragaa (inadmissablity of evidence) sanii ta’uu mala.

Qorataan poolisii yemmuu galmeed calalu shakkamaan ragaa yakkichaan walqabatu ykn wanta miliquuf isa gargaaru ykn miidhaa geessisu Isa dandeessisu ykn raawwii yakkichaa hubachiisu ykn meeshaa firii gocha yakkaa ta'e ofirratti qabatee jira jechuun sababa dhama qabeessa Isa amansiisu yoo qabaate qaama shakkamaa sakatta'uu ni danda'a.⁸³

⁸² Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa, Kw. 32 (2)

⁸³ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa, Kw. 32(1)

Akkuma armaan olitti kaasaa turre abbaan alangaa seerummaa qorannoo mirkaneessuuf seerota fi maanuwalii hojiitiin aangaa'eera.⁸⁴ Sakatta'iinsi ajaja mana murtiin alatti raawwatame daangaa seerri kaa'e qofa keessatti raawwatamuu isaa mirkaneeffachuu qaba.

Qaphxii Marii

1. Poolisni dhimma yakkaa kan biroof mana murtiirraa ajaja sakatta'iinsaa qabatee sakatta'iinsa gaggeessaa jiru akka tasaa bakka inni sakatta'iinsa gaggeessaa jirutti meeshaalee kuusuun isaanii dhorkamaa ta'eee fi yakka ta'e (fkn baalota sammuu nama adoochan fi meeshaalee telecom nama dhuunfaadhaaf hin heeyyamamne) yoo arge meeshaalee sana ni qaba moo ni dhiisa?
2. Qabatama jiruun al tokko tokko qorataan poolisi bilbilaan ajajani sakatta'iinsaa akka kennamuuf yeroo gaafatu ni jira. Manneen murtii ajaja afaanii poolisiif kennan ni jiru. Fudhatamummaa hojimaatni kun qabu akkamitti ilaaltu?

Dhimma 4 ⁸⁵: Dhimma qabatamaa tokko keessatti eeruun Waajjira Poolisi Magalaa Bishooftuutti dhiyaateen qabeenyi miidhamaa dhuunfaa hatamee ture mooraa shakkamaa keessatti argameera kan jedhu ture. Miseensi poolisiis eeruun kun isa gahee meeshaalee kana dura baduun gabaafamee fi barbaadamaa jiru kana ajaja mana murtii eeguun otuu hin barbaachisiin mooraa shakkamaa keessa seenuun erga sassabbeen booda gara buufata poolisiitti gesseera. Qabeenya bu'aa yakkaa ta'e dhoksuu yakka jedhuun shakkamaa irratti galmeen qorannoo banameera. Abbaan alangaa galmeen qorannoo dhiyaateef ajaja sakatta'iinsaa malee mana shakkamaati meeshaan ykn ciraan bu'aa yakka fuudhamuun isaa ragaa kara seera qabeessa hin taaneen argame waan ta'eef akka ragaatti kan gargaaruu danda'u miti jechuun galmee bu'uura SDFY kw.42'tiin cufeera. ⁸⁶ Miidhamaan ykn abbaan qabeenya ciraan murtii Abbaa Alangaa Aanaa Magaalaa Bishooftuu komachuudhaan Waajjira Haqaa Godina Shawaa bahaatti oliyyateera.⁸⁷ Waajjirri Haqaa Godina Shawaa Bahaa komii kana dhagahuudhaan qajeelfama abbaa alangaa Magaalaa Bishooftuuf kenneen ragaan sassabame seera qabeeessa

⁸⁴ Imaammata Seera Yakkaa Itoophiyaa Bara 2003 Bahe, Kutaa 3.5(C), Maanuwalii Raawwii Hojii Abbootii Alangaa Biirroo Haqaa Oromiyaa Keewwata 6/7/

⁸⁵ Dhimma Kana Moojulii Leenjii Hojiiraa Mata Duree: Kabajamuu Mirga Shakkamaa, Himatamaa Fi Sirreeffamaa Jedhu, Bara 2011 Ilqso Dhaan Qophaa'e, Fuula 26 Irraa Fudhatame

⁸⁶Waajjira Haqaa Aanaa Magaalaa Bishooftuu, Lakk. Galmee Aa 03011; Xalayaa Wa/Ha/Go/Sh/Bahaa Irraa Wa/H/A/M/Bishooftuuf Barreeffame, Lakk. 09397 Gaafa 19/4/10

⁸⁷Xalayaa Wa/Ha/Go/Sh/Bahaa Irraa Wa/H/A/M/Bishooftuuf Barreeffame, Lakk. 09397 Gaafa 19/4/10

moo seera qabeessa miti jechuun madaalee murtii kennuuf aangoon kan kennameef mana murtii ta'ee otuu jiruu abbaan alangaa gamanumaan ragaan dhiyaate seera qabeessa miti jechuu akka hin dandeenye ibsuun cira Sakatt'iinsaan argame kana gargaaramuu abbaan alangaa himannaakka hundeessuuf ajajeera.

Gaaffii Marii

1. Qeeqa Waajirri haqaa Godina Shawaa Bahaa kenne akkamitti ilaaltan? Seerummaa ragaa sassaabamee qulqulleessee kufaa gochuuf aangoo qabaachuu fi dhiisuu abbaa alangaa seeroota rogummaa qaban kaasuun mari'adhaa.

2.2.7. Qabiinsa Shakkamaa

Bu'uura Heera Mootummaa RDFI kw. 17 tin namni kamiyyuu sababawan seerri kaa'ee fi adeemsa seerri kaa'e bifa hordofeen alatti bilisummaan qaamaa isaa sarbamuu hin qabu. Dabalataanis, heerumti kun namni kamiyyuu yoo himatame ykn mana murtiin balleessaa jedhameen alatti to'annaa jala turuu akka hin qabne tumee jira.⁸⁸ Waliigaltee Mirgoota Siivilii fi Siyaasaa Mootummoota Gamtoomaniis kw. 9/1/ jalatti tumaa mirga namoomaa wal fakkaataata'e kaa'ee jira.

Tumaaleen seeraa kunneen namni kamiyyuu bifa kamiinuu to'atamuu akka hin qabne kan kaa'an otuu hin taane bifa dhiphaa fi haala seerri tumeen garuu to'atamuu fi bilisummaan qaamaa isaa daanga'uu akka danda'u akeeku. Qorannaayakkaatin wal qabatee shakkamaan yakka raawwachuu isaa sababa amansiisu argateera taanaan qorataan poolisii shakkamaa waraqaa waamichaatiin waamuu akka danda'u SDFY kw. 25 ni kaa'a. Shakkamaan ykn himatamaan bu'uura waamicha kanaatiin hin dhyaanne yoo ta'ee ykn yakki dalagame shakkamaa to'annaa jala oolchuu kan barbaadu yoo ta'e qorataan poolisii haala qabiinsa itti raawwachuu dandeessisuutti deemuu qaba.⁸⁹ Qabiinsi kunis ajaja mana murtiitin ykn ajaja mana murtiitin alatti raawwatamuu kan danda'u yoo ta'u haala raawwii isaa haala itti aanuutti kan ilaallu dha.

⁸⁸ Heera Mootummaa RDFI kw. 17(2)

⁸⁹ Seera Deemsa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 26

2.2.7.1.Ajaja Mana Murtiitiin Shakkamaa To'annaa Jala Oolchuu

Haaloota seerri ifaan kaa'een alatti namni kamiyyuu heeyyama mana murtii malee qabamuu akkasumas ajaja mana murtii malee to'annaa jala turuu akka hin qabne SDFY ifatti tumee jira.⁹⁰ Tumaan seeraa kun mirga bilisummaa qaamaatiif eegumsa kan taassisuu dha.

Haa ta'u malee, yeroo yakki dalagameetti poolisiin ajaja qabiinsaa mana murtii gaafachuudhaan qabiinsa shakkamaa raawwachuu ni danda'a. Ajajni qabiinsaa kan kennamu garuu gaaffii poolisiin mana murtiif dhiyeessuun ta'ee, bu'uura SDFY kw. 54 tin haalonni lama yoo guuttamaniidha. Isaanis:- qaamaan dhiyaachuun ykn argamuun shakkamaa dirqamatti barbaachisaa ta'ee yoo argame (absolutely necessary attendance) fi shakkamaa seeratti dhiyeessuuf gonkumaa filannoон biraa kan hin jirre yoo ta'eedha.

Manni murtii ajaja qabiinsa shakkamaa kennuun dura gal mee qorannaak yakkaa keessatti ragaan raawwii yakkichaa agarsiisu jiraachuu isaa adda baafachuu qaba. Bakka ragaan gahaan eeruu galmaa'e keessa hin jirretti ajaja qabiinsaa kennuun, carraa nama yakka hin raawwanne hidhuu waan bal'isuuf, ajaja kennuun dura hojii qorannaak geggeeffame qulqulleeffachuun mana murtii adeemsa filatamaadha. Itti dabalees, barbaachisummaa too'atamuu isaa irratti sababni dhiyaate kan mana murtii amansiisu ta'uu qaba.

Qabiinsa shakkamaa raawwachuuudhaaf, qorataan poolisii ajaja mana murtii xalayaadhaan gaafachuu qaba. Ta'us, bu'uura SDFY kw. 55 tin ajaja mana murtii bilbilaan gaafachuun ni danda'ama. Bilbilaan gaafachuuf garuu shakkamaa qabuun kan yeroo namaaf hin kennine ta'uu, haalli poolisii qunname gar-malee sardamsiisaa ta'uu, shakkamaan miliquudhaaf haala mijataa keessa jirutti fayyadamee sochii taasisuu isaa fi hanga ajajni qabiinsaa kennamutti carraa miliqiu danda'uu bal'aan jiraachuu isaa wantootni mul'isan jiraachuu qabu. Haala kanaan qabiinsi shakkamaa yoo hayyamame, dhimmi bilbilaan gaafatame sun sa'aatii 24:00 keessatti gara barreeffamaatti jijiiramee mana murtiif dhiyaachuu qaba.

Qabiinsi ajaja mana murtiitiin kan raawwatamu yoo ta'ees bifa xiinsammuu shakkamaa hin miinee fi kabaja namoomaa (dignity) isaa irraa hin mulqineen raawwatamuu qaba. Bakki

⁹⁰Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 49

qabiinsi itti raawwatamu fi haalli itti raawwatamu haamilee fi kabaja shakkamaa waliin hariiroo kan qabu waan ta'eef xiyyeffanna keessa galfamuu qaba.

Qaphxii Marii

1. Adeemsa qorannoo yakkaa keessatti ajaja qabiinsaa kennuudhaaf wantootni ykn sababootni qaamaan dhiyaachuu shakkamaa baay'ee murteessaa taassisan (absolutely necessary attendance) maal fa'iiti?
2. Iyyatni ajajni qabiinsaa mana murtii kamiittuu dhiyaachuu danda'aa? SDFY kw. 53/1/
3. Ajaja qabiinsaa kennuuf ulaagaa ta'e keessaa shakkamaa ykn himatamaa bifaa biraatiin akka dhiyaatu gochuun kan hin danda'amne (*can not otherwise be obtained*) kan jedhuu dha. Ajaja qabiinsaatiin alatti shakkamaan akka dhiyaatuuf filannoo jiran maal fa'iiti jettanii yaaddu?

2.2.7.2.Ajaja Mana Murtii Malee Shakkamaa Qabuu

SDFY Itiyoophiyaa haalawan garagaraa keessatti ajaja mana murtii malee qabiinsi raawwatamu akka danda'u ifaan tumee jira. Haalota kunneen keessaa tokko kan SDFY kw. 50 jalatti tumaa kaa'amme dha. Bu'uura tumaa seera kanaatin ajaja mana murtii malee qaamoni shakkamaa qabuu danda'an lama. Nama dhuunfaa kamiyyuu fi miseensa poolisiiti. Namni kamiyyuu ykn miseensi poolisii shakkamaa yakka harkaaf harkaa hidhaa salphaa baatii sadii (3) fi sanaa ol adabsiisu raawwachaa jiru qabuu ni danda'a.⁹¹ Tumaan seeraa kun kan agarsiisu Poolisiidhaan alatti namni dhuunfaa gochi yakkaa tokko isa biratti osoo ijaan argaa jiru yakki baatii 3 (sadii) fi isaa ol adabsiisu yoo raawwatame shakkamaa battaluma sanatti qabuu ni danda'a. Seerri nama dhuunfaa tokko qabiinsa akka raawwatuuf aangeessuun isaa nageenya hawaasa waliigalaa tiksuu fi olaantummaa seeraa kabachiisuun qaama mootummaa qofaa kan mirkanaa'u ta'uu dhiisuu isaa hubachuu irraan fakkaata.

Haalli inni biroo kan akkaataa SDFY kw. 51 tin qabiinsa miseensi poolisii raawwatuu dha. Bu'uura tumaa seera kanaatin qabiinsa raawwachuuf garuu ulaagaaleen guutuu qaban kaa'amaniiru. Ulaagaaleen kunneenis: shakkamaan yakka hidhaa waggaan tokkoo gadi hin taane raawwatee jira ykn raawwachuuf ta'a jedhamee shakkiin jiraachuu, shakkamaan nageenya uummataa booreessa kan jiru ta'uu, shakkamaan miseensa poolisii dirqama hojii isaa bahaa jiru

⁹¹ Seera Deemsa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 50

kan gufachiise yoo ta'e ykn too'annoo seeraa jalaa miliqee bade ykn miliquuf kan jedhu yoo ta'e, hordoffii poolisii jalaa kan miliqe yoo ta'e, miseensummaa raayyaa ittisa biyyaa ykn poolisii ganee baduun kan shakkame yoo ta'e, meeshaalee manaan cabsan ykn manaan uran hayyama malee qabatee kan argame, meeshaalee hataman ykn firii yakka biroo ta'uun shakkamu qabatee kan argame, kashalabbee balaafamaa ta'uun yoo shakkame kan jedhuu dha. Haalonni kunneen oggaa mul'atanii jiraniitti Poolisiin qabiinsa raawwachuu kan danda'u yoo ta'ees mirgi namoomaa lammilee akka hin sarbamneef garuu of eeggannoon taassifamuu qaba.

Qabiinsi ajaja mana murtiin ala raawwatamu yeroo baay'ee daangaa seerri kaa'een ala yammuu ta'u ni mul'ata. Hanqina gama kanaan mul'atu hordofee tarkaanfii fudhachuuf abbaan alangaa aanga'eera. Labsiin MHAAWO hundeessuuf bahe dirqamaa fi itti gaafatatummaa abbaa alangaa yoo tarreessu: mirgootaa fi bilisummaawwan bu'uuraa lammilee heeraa fi seeraan eeggaman kabajamuu isaanii ni mirkaneessa jedha.⁹² Bu'uurma seera kanaatin hordoeffii gochuu fi tarkaanfii fudhachuuf qaba.

Qaphxii Marii

1. Bu'uura SDFY kw. 51 tin poolisiin qabiinsa raawwachuuuf shakkamaan too'annoo seeraa jalaa miliqee bade ykn miliquuf kan jedhu ta'uu ykn miseensummaa raayyaa ittisa biyyaa ykn poolisii ganee badaa kan jiru ta'uu ykn meeshaalee hataman ykn firii yakka biroo ta'uun shakkamu qabatee kan argame ta'uu haala kamiin adda baasuu danda'aa?
2. Namni dhuunfaa qabiinsa raawwachuuuf bu'uura SDFY kw. 50 tin aangeeffame oggaa shakkamaan to'atamuu diduutti bu'uura SDFY kw. 56 tin tarkaanfii fudhachuuu danda'aa? Poolisiin hoo daangaa seerri kaa'e keessatti ajaja mana murtii malee shakkamaa to'anna oolchuuf tarkaanfii hangamii fudhachuuu danda'aa?
3. Qabiinsi shakkamaa seeraa ala kan gaggeeffame yoo ta'e tarkaanfin abbaan alangaa fudhachuuu danda'u maalii dha? Akkasumas gaaffiin mirgaa shakkamaan dhiyeessuu danda'u kaasaatii mari'adhaa?
4. SDFY kew 51 tiin haalota ajaja qabiinsaa malee poolisiin qabiinsa raawwachuu itti danda'u keessaa tokko shakkamaan yakka hidhaa waggaa tokkoo gadi hin taane raawwatee jira ykn raawwachuuuf ta'a jedhamee yoo shakkamedha. Namni tokko yakka tokko raawwachuuuf taa'a ykn jedha (being about to commit) kan jedhamu sadarkaa

⁹² Labsii Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa, Lakk.214/2011, Kw. 7(7)

raawwii yakkaa kamirra yoo jiraatedha (degrees in the commission of the crimes)? Dhimmi kun qajeeltoo seera yakkaa kew 23(2) [material element] waliin akkamitti ilaalama?

2.2.8. Gaaffii Yeroo Beellamaa

Shakkamaan nama dhuunfaatiin ykn polisiidhaan qabiinsi irratti raawwatamee to'annaa jala jiru sa'aatii 48 keessatti mana murtiitti dhiyaachuuf mirga qaba⁹³. Kana gochuufis qorataan poolisii dirqama qaba. Kanaan alatti, sababa gahaa malee sa'aatii seerri daangessee olitti shakkamaa qabani tursiisuun gocha yakkaa itti gaafatamummaa hordofsiisu ta'a.⁹⁴

Daangaa sa'aatii 48 keessatti garuu Qorataan Poolisii yakki dalagame ykn komiin irratti dhiyaate hidhaa cimaa akka filannoottis ta'e qofaa isaatti kan hin adabsiifne yoo ta'e ykn yakki jedhame raawwatamuun isaa shakkisaa yoo ta'e ykn shakkamaa to'atamee jiru yakka ittiin komatame ykn shakkame raawwachuun isaa shakkisiisaa yoo ta'e dirqama wabiitiin ykn dirqamaan ala shakkamaa kana gadi lakkisuuf aangoo akka qabu SDFY kw. 28(1) ni tuma. Labsiin MHAAWO kw. 7(32) jalatti namootni yakka salphaan shakkaman yookiin yakka raawwachuun isaanii shakkisiisaa ta'e poolisiin bu'uura seeraatiin akka gadi lakkisu abbaan alangaa qajeelfama akka kenuu, raawwii isaa akka hordofu fi tarkaanfii seeraa akka fudhatu ibseera. Bu'uura SDFY kw. 28 shakkamaa gadi hin lakkifamne yoo ta'e garuu daangaa sa'aatii 48 keessatti mana murtiitti dhiyeessuu qaba.

Shakkamaan sa'aatii 48 keessatti mana murtiitti dhiyaate carraa lama qabaata. Inni jalqabaa kabajamuu mirga wabii isaa yoo ta'u inni bira seera beellamaatiin to'annaa jala turuu dha. Gaaffii yeroo beellamaa kan dhiyeessu qorataa poolisii yoo ta'u yeroo beellamaa gaafachuu garuu: qorannaan yakkaa geggeeffamaa jiru kan hin xumuramin ta'uu fi shakkamaan yoo gadi lakkifame adeemsa qorannaak yakkaa kan gufachiisu ta'uun hubatamuu qaba. Yeroon beellamaa dhiyaate mana murtii kan amansiisu walitti dhufeenya shakkamaa tursiisuu fi hojji qorannaak hafe geggeessuu gidduu jiru irratti poolisiin ibsa gahaa yoo dhiyeesseedha,

Manni murtii beellama yeroo kenuun duratti haalli shakkamaan itti too'atame seera qabeessa ta'uu mirkanoeffachuu qaba. Beellamni yeroo kan kennamu qorannaak yakkaa jalqabaa hanga

⁹³ Heera Mootummaa RDFI kw. 19 fi Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 29

⁹⁴ Seera Yakkaa RDFI Bara 1996 Bahe kw. 423

xumuraatti deeggaruuf osoo hin taane, dhimmi eegalame akka xumurra argatu dandeessisuu qofaaf ta'a. Manni murtii gaafa beellama yeroo dabalataa kennuu didee galmee beellama yeroo cufu hiikkoon isaa qorataa poolisiitiin kanaa oli shakkamaa akka tursiiftu siif hin hayyamu jechuudha.⁹⁵ Kanaaf, beellamni yeroo dabalataa itti fufu kan kennamu haqa baasuuf jecha sababa amansiisaa ta'een deeggaramee ta'uu qaba.

Yemmuu gaaffiin beellama yeroo mana murtiif dhiyaatu shakkamaanis qaamaan dhaddacha irratti argamuu qaba. Fayidaan isaas manni murtii dhimmichi itti dhiyaate:- seera qabeessummaa qabiinsa shakkamaa mirkaneessuuf, gaaffii beellama yeroo irratti yaada shakkamaa fuudhuu fi gaaffii mirga wabii inni kaasu xiinxaluuf ta'a.

Manni murtii beellama yeroo dabalataa al-tokko guyyoota 14f kennuu akka danda'u tumaaleen seeraa ni ibsu.⁹⁶ Guyyoota 14 yeroo meeqaaf itti deddeebi'ee kennuu qaba dhimmi jedhu fiixeen isaa hin daangeffamne. Hanga yeroo qorannicha xumuruuf barbaachisuu yaada jedhuun kan bira darbameedha.

Haa ta'u malee, manni murtii beellama yeroo dabalataa marsaa hedduuf yemmuu gaafatamu callisee kennuu hin qabaatu. Sababa gahaa dhiyaate, hamma hojii hafee, beellama yeroo darbe kennameen hojii raawwatame madaaluu, yeroo armaan dura shallagamee kennamee keessatti poolisiin hojicha maaliif xumuruu akka dadhabe, yaada shakkamaan gaaffii poolisii irratti ibsatu, murteessummaa hojii qorannaayakkaa boodatti hafee fi qabxiilee biroo barbaachisaa ta'an qulqulleessee adda baasuu qaba. Haallan kanneen sakatta'uudhaan manni murtii beellamni yeroo irra deebiin gaafatamuuf guyyaa yemmuu kenu yeroon hayyamame baay'ee gabaabbachuun hojii yakka qorachuu poolisii kan dhiphisu ta'uu hin qabu. Baay'ee dheerateetis mirga saffisaan haqa argachuu shakkamaatis lafarra butuu hin qabaatu.

Dhimmi yeroo beellamaa guutummaatti qorataa poolisiif kan dhiifamu otuu hin taane qaama qorannoo ta'uuiisaatiin abbaa alangaatiin hoogganamuu qaba. Labsiin Mana Hojii Abbaa Alangaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa hundeessuuf bahe akka ibsuutti abbaan alangaa namoota buufata Poolisiitti argaman haalli qabiinsa mirgaa fi yeroon turtii bu'uura seeraatiin ta'uuiisa ni mirkaneessa; gochi seeraan alaa yoo raawwatame tarkaanfii seeraa ni fudhata; akka

⁹⁵ Miil-jalee 31^{ffaa}, fuula 263

⁹⁶ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa kw. 59(2)

fudhatamu ni taasisa jedha.⁹⁷ Kanaaf, yeroo beellamaa gaafatamu kamiyyuu ilaachisee abbaan alangaa hubannoo qabaachuun barbaachisaadha. Yeroon beellamaa barbaachisaa hin taane akka hin kennamne hordoffii gochuun barbaachisaadha.

Qaphxii marii

1. Yeroon beellamaa barbaachisaa hin taane gama qorataa Poolisiitiin gaafatamee manni murtiis kan kenne yoo ta'e abbaan alangaa tarkaanfii akkamii fudhachuu danda'aa?
2. Daangaan yeroo beellamaa ilaachisee Heerri Mootummaa RDFI Kw. 19(3) jalatti “*...A time strictly required to carry out the necessary investigation*” yoo jedhu SDFY kw. 59(3) jalatti immoo “*Sufficient time to complete investigation*” jechuun ibsa. Garaagarummaa kana akkamitti ilaaltu?
3. Heerri RDFI kew 19(4) “*where the interest of justice requires, the court may order the arrested person to remain in custody or, when requested remand him for a time strictly required to carry out the necessary investigation*” jedha. Tumaa kanarraa haalli manni murtii shakkamaan to'annaa jala akka turu ajaju yoo dantaan haqaa kabachiisuuf barbaachisaa ta'e ykn gaaffiin yoo dhiyaate akka ta'etu hubatama. Tumaa heera kanaa kana haala kamiin ilaaltan? Yeroon beellamaa yeroo mara poolisiidhaan gaafatamuu qabaa? Yoo dirqama poolisiin gaafatamuu qaba jedhame tumaan heera kanaa haala kamiin ilaalam?
4. Galmeen qorannaayakkaa issa dhaqqabee abbaan alangaa guyyaa 15 keessatti himata saaqquu akka qabu SDFY kw. 109(1) ykn dhimmi qorannaan isaa hin bilchaatin yoo jiraate irra deebi'amee akka qulqulla'u SDFY kw. 38(C) jalatti tumamee jira. Hanga abbaan alangaa galmee banutti ykn poolisiin dhimmicha irra deebi'ee qoratutti shakkamaan haala kamiin eessa turuu qaba?

Dhimma 5: Iyyata Qaj/Po/Bul/Ma/Adaamaa kutaa magaalaa Boolee gaafa 21/07/2012 Mana Murtti Aanaa Magaalaa Adaamaatti dhiyeesseen shakkamtooni yakka saamichaatin shakkamanii jiraachuu ibsuun dhimmicha qulqulleessinee qaama dhimmi ilaallatuutti hanga dhiyeessinuutti yeroo beellama guyyaa 14 (kudha afur) nuuf haa kennamu jedhaniiru.⁹⁸ Manni murtiis dhaddacha gaafa 21/07/2012 ooleen yeroo qorannoo guyyaa 10 (kudhan) poolisiif

⁹⁷ Labsii Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa, Lak.214/2011, kw. 7(31)

⁹⁸ Qa/Po/Bu/Ma/Adaa kutaa mag/Boolee Vs Israa'el Fallaqa (n2), MMA Ma/Adaamaa, lakk. galmee 26620, gaafa o5/08/12 ilaalame

kenneera. Beellama itti aanuutti, gaafa 30/07/2012, qorataan poolisii dhaddacha irratti qaamaan argamuun ragaan yeroo gochi raawwatamu shakkamtoota harkaan qabe sababa dhibee COVID-19 tin naannoo gadi lakkisee waan deemeef isa argachuuf, akkasumas teessoon shakkamtootaa godina Walaayitaa tahuu isaatin yoo gadi lakkifaman deebinee argachuuf waan hin dandeenyef marsaa 2^{ffa}tiif beellamni yeroo dabalataa guyyaa 14 nuuf kaa kennamu jechuun gaafatee manni murtiis yeroo qorannoo guyyaa ja'a kenneera. Beellama itti aanuu, gaafa 05/08/2012 tti, Poolisiinis qorannoo kiyya xumuree jira waan jedheef manni murtii gal mee qabatee jiru irratti waa'ee mirga wabii shakkamtootaa osoo hin kaasin callisee gal mee beellama yeroo cufee jira.

Dhimma 6: Iyyata biroo Qaj/Po/Bul/Ma/Adaamaa Ku/mag/Bokkuu gaafa guyyaa 14/08/2012 Mana Murtii Aanaa Magaalaa Adaamaatiif dhiyeesseen shakkamaan qabeenya bu'aa yakkaa ta'e dhoksuun shakkamuu ibsuun qorannoo gaggeessuuf yeroo beellamaa guyyaa 14 gaafateera. Manni Murtii Aanaa Mag/Adaamaa dhaddacha gaafa 14/08/2012 ooleen yeroo qorannoo guyyaa 6 (ja'a) kenneera. Beellama itti aanuttis, gaafa 19/08/2012, Poolisiin qorannoo xumuree jira waan taheef galmeen yeroo beellamaa nuuf haa cufamu jedheera. Yaaduma Poolisiitti aansuun shakkamaan mirgi wabii isaa akka eegamuuf dhaddacha irratti mana murtii gaafateera. Manni murtiis shakkamaan mirga wabii gal mee biraan banachuun haa gaafatuu jechuun ajaja kennee gal mee yeroo beellamaa kana cufeera.⁹⁹

Dhimma 7: Qaj/Po/Bu/Ma/Adaamaa Ku/mag/Boolee iyyata gaafa 12/08/2012 Mana Murtii Aanaa Mag/Adaamaatti dhiyeesseen shakkamtootni yakka hannaatiin shakkamanii jiraachuu ibsuun yakkicha qoratanii xumuruun qaama ilaallatuutti hanga dabarsanitti yeroo beellamaa guyyaa 14 gaafateera.¹⁰⁰ Guyyaadhuma kanatti qorattuun poolisii iyyata kana qabachuun dhaddacha irratti qaamaan argamtee sababa gaaffiin yeroo beellamaa gaafatameef yemmuu ibsitu 'qorannaan yakkaa kan xumurame ta'ullee sababa weerara dhukkuba koronaatiif manni murtii hojii idilee isaa hojechaa waan hin jirreef, shakkamtoonni beellama yerootiin too'anno jala akka nuuf turan' jechuun gaafathee jirti. Manni murtiis bakka qorannaan yakkaa xumuramee jirutti sababni beellamni yeroo ittiin gaafatame bu'uura seeraa kan hin qabne, akkasumas gahaa fi amansiisaa akka hin taaneef ibsuun gaaffii yeroo beellamaa dhiyaate kufaa gochuun

⁹⁹ Qaj/Po/Bu/Ma/Adaamaa Ku/mag/Bokkuu Vs Gamadaa Daadhii, MMA Mag/Adaamaa, lakk. gal mee 26213, gaafa 19/08/12 ajaja kennamee.

¹⁰⁰ Qaj/Po/Bu/Ma/Adaamaa Ku/mag/Boolee Vs Garramawu Ballaxa(n2), MMA Mag/ Adaamaa, gaafa 12/08/2012 ajaja kennamee

galmeed huma kanarratti mirga wabii shakkamtootaa hayyamuudhaan akka gadi lakkifaman ajaja kenuun galmee cufee jira.

Dhimma 8: Qaj/Po/Bu/Ma/Asallaan Aanaa tokkoffaa iyyata gaafa 11/01/2011 Mana Murtii Aanaa Magaalaa Asallaatiif dhiyeesseen shakkamaan yakka ajjeechaatiin shakkamee gaafa 06/01/2011 to'annaan jala ooluu ibsuun yakka raawwatameef ragaa mana yaalaa fi ragaa namaa hanga adda baafannutti yeroon beellamaa guyyaan 14 nuuf haa kennamu jedhaniiru.¹⁰¹ MMA mag/Asallaas ajaja gaafa 11/01/2011 kenneen yeroo beellamaa guyyaan 14 kennuudhaan himatamaan garuu Mana Sirreessaa Go/Arsii akka turu ajaja kenneera. Gaafa beellama itti aanuutti, 25/01/2011 ALI, poolisiin reenfii miidhamaa qorannaaf gara hospitaalaatti ergamuus bu'aan qorannoo waan nu hin geenyeef jechuun beellama guyyaan 14 dabalataan gaafateera. Manni murtiis guyyaan dabalataa 7 kenneera. Beellama itti aanuu, gaafa 01/02/2011 tti, bu'aan qorannoo yaala reenfaa hanga ammaatti nu hin geenyeef jechuun poolisiin guyyaan dabalataa 14 gaafateera. Manni murtiis guyyaan dabalataa 10 kenneera. Beellama itti aanu, gaafa 13/02/2011 tti, Poolisiin bu'aan qorannoo reenfaa ammaliee nu qaqqabee hin jiru jechuun yeroo beellama dabalataa guyyaan 14 gaafataniiru. Manni murtiin guyyaan 11 kenneera. Beellama itti aanu, gaafa 26/02/2011 tti, Poolisiin bu'aan qorannoo mana yaalaa ammas nu gahee waan hin jirreef guyyaan dabalataa 14 nuuf haa kennamu jechuun gaafataniiru. Manni murtiis guyyaan dabalataa 10 kenneera. Beellama itti aanu, gaafa 05/03/2011 tti, poolisiin bu'aan qorannoo reenfaa ammaliee nu qaqqabee hin jiru jechuun guyyaan dabalataa 14 gaafateera. Manni murtiis guyyaan dabalataa 7 kenneera. Beellama itti aanu, gaafa 13/03/2011, Poolisiin bu'aan qorannoo mana yaalaa hanga ammaatti hin deebine jechuun guyyaan dabalataa 14 gaafateera. Manni murtiis guyyaan dabalataa 10 kenneera. Beellama itti aanu, gaafa 24/03/2011 tti, Poolisiin galme qoranna xumurree qaama barbaachisuutti dabarsinee waan jedhaniif manni murtiis galme yeroo bellamaa cufeera.

Gaaffilee Marii

1. Dhimmoota armaan olii keessatti dhimma 5^{ffa} irratti manni murtii waa'ee mirga wabii callisuun kan bira darbe yoo ta'e, dhimma 6^{ffa} irratti waa'ee mirga wabii shakkamaan galme biraa irratti haa gaafatu jedheera. Dhimma 7^{ffa} irratti immoo manni murtii galme dhuma beellamaa irratti gaaffii mirga wabii keessummeessun mirga wabii eegee jira.

¹⁰¹ Qaj/Po/Bu/Ma/Asallaan Aanaa tokkoffaa Vs Caalaa kaasaa, MMA Mag/Adaamaa, lakk. galme 07259, 11/01/2011 baname

Garaagarummaa ijjannoo abbootii seeraa biratti mul'ate akkamitti ilaalta? Adeemsa kamtu filatamaa fi bu'uura seeraa qabaa?

2. Dhimma 5^{ffa} tti Poolisiin marsaa 2^{ffa} guyyaa 14 gaafatuuf MM guyyaa ja'a kennee Poolisiinis guyyaa kennametti qorannoo xumureera. Dhimma 6^{ffa} keessattis Poolisiin guyyaa 14 haa gaafatu malee MM guyyaa 6 qofa kennee guyyaa kana keessatti Poolisiin qorannoo xumureera. Dhimma 7^{ffa} irratti Poolisiin iyyata isaatiin qorannoo gaggeessuuf guyyaa 14 kan gaafate yoo ta'ee dhaddacha irrattii garuu qorannoon xumuramuu ibsuun, haa ta'u malee MM hojiirra sababa hin jirreef shakkamtootni nu jalaa badu sababa jedhu kaasuun barbaachisummaa yeroo beellamaa ibseera. Dhimma 8^{ffa} keessattis Poolisiin marsaa torbaaf yeroo beellama dabalataa guyyaa 14 gaafateera. Manni murtii guyyaa beellamaa jalqabaas ta'e dabalataa kennuuf wantootni xiyyeffanna keessa galchuu qabu maalii dha? Haqummaa guyyaa beellamaa gaafatamu to'achuuf gaheen AA maal ta'uu qaba? Mari'adhaa.
3. Dhimmoota 5^{ffa}-7^{ffa} jiran keessatti manni murtii turtii shakkamaa ilaachisee waanti jedhe kan hin jirre yoo ta'u dhimma 8^{ffa} irratti garuu shakkamaan dhimma isaa Mana Sirreessaa taa'ee haa hordofu jedheera. Ajajaakkanaa kennuuf ykn dhiisuuf bu'urri mana murtii maalii dha? Bu'aa mana yaalaa eeguuf sababa jedhuun dhimmoota 8^{ffa} irratti MM yeroo beellamaa marsaa torbaaf kennuuf isaa akkamitti ilaaltan? Bu'aa qorannoo mana yaalaa eeguuf yeroo beellamaa gaafachuunis ta'e kennuun barbaachisaa dhaa?

2.2.9 Mirga Wabii

Qorataan poolisii shakkamaa osoo gadi hin lakkisinii fi mana murtii osoo hin dhiyeessin sa'atii daangeffamee ol yoo tursiise furmaanni battala shakkamaan qabu bu'uura SDFY Kw. 64tiin mirga wabii gaafachuudha. Gaaffiin mirga wabii kun barreeffamaan kan qophaa'u ta'ee, mallattoo shakkamaa iyyateetiin mirkanaa'ee dhiyaata.¹⁰² Gaaffi mirga wabii bu'uura SDFY kw. 64tiin dhiyaateef ilaalee manni murtii yaada qorataan poolisii ykn abbaa alangaa fudhachuun sa'atii 48:00 keessatti murtee kennuuf qaba.¹⁰³ Kana jechuun gaaffiin mirga wabii dhiyaatee guyyaa lama keessatti furmaata argachuu waan qabuuf, dhimmoota biroo caalatti dursi kennameefii ilaallamuu qaba. Abbaan alangaa ykn qorataan Poolisii gaaffi mirga wabii irratti

¹⁰² Seera Deemsa Falmii Yakkaa Itiyophiyaa Kw. 64(2)

¹⁰³ Seera Deemmi Falmii Yakkaa Itiyophiyaa Kw. 66

yaada kennu of eeggannooodhaan dhimmoota qulqulleeffatee ta'uu qaba. Mormuufis ta'e moormuu dhiisuuf sababa haqa qabeessa ibsuun manni murtii ajaja haqa qabeessa akka kennuuf deeggaruu qaba. Caalatti, mormiin isaa seeraa fi ragaa qabatamaa irratti hundaa'uu qaba malee tilmaama miira dhuunfaa irraa madduun ta'uu hin qabu.

Mirgi wabii kan hayyamamu dirqama wabii mallatteessisu dhaan ykn maallaqa dirqamni ittiin seenamu mana murtiitti qabsiisuudhaan, gama tokkoon bilisummaa shakkamaa kan eegsisu ta'ee, gama biraatiin immoo dhaddacharratti argamuu himatamaa dirqisiisu olaantummaa seeraa kabachiisa. Kanaafuu, mirgi wabii waadaa himatamaan/shakkamaan ykn namni biroo akka shakkamaan/himatamaan dirqama beellama fuulduraa sirnaan hordofuuf seenamuudha.

Akka qajeeltootti, namni sababa gocha yakkaatiin too'atame kamiyyuu wabii qabsiisee ykn waamee gadi lakkifamuuf mirga qaba. Haala addaatiin garuu, ulfaatina gocha raawwatamee, cimaan adabbii yakkichi hordofsiisuu fi haala miidhamaan yakkaa keessatti argamu tilmaama keessa galchuudhaan mirgi wabii dhoorkamuu ni danda'a. Dhimmi shakkamaan ittiin himatame du'aan kan isa adabsiisu yoo ta'e ykn hidhaa cimaa waggaa 15 ykn sanaa oliin kan adabsiisu fi miidhamaan yakkichaa hubaatii isa irra gaheen kan du'uu danda'u yoo ta'e mirgi wabii hin hayyamamu.

Dabalataanis, bu'uura SDFY kw. 67tin sababoota amala shakkamaa tilmaama keessa galchuun haallan gaaffii mirga wabii fudhatama dhabsiisan jiru. Isaanis: shakkamaan iyyata mirga wabii dhiyeeffate dirqama wabummaa seene hin raawwatu jedhamee yoo yaadame, gaafa wabiidhaan gadi lakkifame yakka biroo raawwachuu danda'a jedhamee yoo sodaatame ykn ragaa balleessuu danda'a jedhamee yoo tilmaamame mirgi wabii dhoorkamuu ni mala. Akkaataa seera kanaatti gochi shakkamaan ittiin himatame mirga wabii kan dhoorkachiisuu miti. Amalaa fi naamusa shakkamaattu mirga wabii isa dhabsiisa.

Tumaan seeraa SDFY kw. 67 jalatti kaa'ame hojimaata keessatti haala sababaawaa fi haqa qabeessummaa hin qabneen yoo hiikamu ni mul'ata. Fknf: shakkamaan ykn himatamaan sababa waraqaa eenyummaa ykn bakka jirenyaa dhaabbataa hin qabneef jechuun abbaan alangaa gaaffii mirga wabii yoo mormuu, manni murtiis mormii kanaan yoo gaaffii mirga wabii kufaa taassisu ni mul'ata. Haa ta'u malee, murtii MMWF Dh/ijibbaataa galmee lakk. 131863 irratti kenneen shakkamaan magaalaa keessatti bakka jirenyaa ykn waraqaa eenyummaa dhaabbii hin qabu jechuudhaan mirga wabii shakkamaa dhorkachuun heera mootummaa kan dhiibu ta'uu

kaa'eera.¹⁰⁴ Akkasumas, dhadachi kun mirga wabii ilaachissee murtii biroo kenneen shakkamaan tokko mirgi wabii yoo eegameef dirqama wabii isaa hin raawwatu jechuudhaaf sababni gahaa fi seerawaa ta'e, sababni gahaa fi seerawaa kunis qixa haalawwan naannoo gargaraa fi qixa yakkichaatiin ilaalamuu qaba jedheera.¹⁰⁵

Dirqamoota mirga wabii keessatti mallatteeffaman keessaa tokko guyya beellamaatti sa'atii dhaddachaa kabajanii mana murtii dhiyaachuudha. Dirqamni bira hawaasa irratti yakka biroo raawwachuu irraa of quachuu shakkamaati. Walitti dhiyeenya qabuun, maallaqa isaatiin ykn haala kamiinuu ragaa sossobee, gowwoomsee, doorsisee, biyyaa baasee karaa kamiinuu kan balleessu yoo ta'e mirgi wabii isaa mormamu fi dhoowwatamu ni danda'a. Tilmaamni seeraa amalaa fi gocha shakkamaa mirgi wabii ittiin mormamu kamiyyuu ragaadhaan deeggaramuu qaba. Sababa qabeessummaan isaatis abbaa seeraa amansiisuu qaba.

Dhaddachi yakkaa gaaffii mirga wabii dhiyaate simatee kan keessummeesse yoo ta'e haallan ittiin hayyame murteessuu qaba.¹⁰⁶ Manni murtii hamma maallaqa dirqamni wabummaa ittiin seenamuu akka itti fakkaatetti murteessuu ni danda'a. Ta'us garuu, ulfaatina yakkichaa, deebi'ee dhufuu irratti amanamummaa shakkamaa, gadi lakkifamuun shakkamaa balaafamummaa nageenya hawaasaa irratti qabuu fi humna diinagdee shakkamaa ykn nama inni wabii waammatuu tilmaama keessa kan galchu ta'a.

Sadarkaa qajeeltootti shakkamaan ykn himatamaan yakkaa dirqama wabummaa seename ni kabaja jedhamee tilmaamama. Haa ta'u malee, shakkamaan ykn himatamaan erga wabiidhaan bahee booda dirqama seenee dhiisuudhaan beellama irraa kan hafu yoo tahe poolisiidhaan qabamee akka dhiyaatu ajajama.¹⁰⁷ Dirqama wabii kan mallatteesseef nama 3^{ffaa} yoo ta'e wabiin maallaqa ittiin dirqama seene mootummaaf sababa galii hin gooneef yoo qabaate dhiyaatee akka ibsu gaafatama.¹⁰⁸ Wabichi dhiyaachuu yoo dide maallaqichi mootummaaf galii taasifama.¹⁰⁹ Kanumaan dirqamni wabummaa nama himatamaaf wabii ta'eef sana irraa buufama.

¹⁰⁴Mohammad Idiriis Vs Abbaa Tayitaa Galii fi Gumurukaa Itiyoophiyaa, M/dh/Ij/MMWF, jildii 20, lakk. Galmee 131863, 08/03/2009 murtaa'e

¹⁰⁵Simaachewu Kabbadaa Vs AAWF, M/Dh/Ij/MMWF, jildii 20, lakk. Galmee 134228, 08/06/2009 murtaa'e

¹⁰⁶Seera Deemsa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa kw. 68

¹⁰⁷Seera Deemsa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa kw. 76(1) fi kw. 125

¹⁰⁸Seera Deemsa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 76(2)

¹⁰⁹Seera Deemmsa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 79

Haalota armaan ol ibsamaniin alattis, mirgi wabii hayyamamee ture sababoota adda addaatiin haqamu ni danda'a. Namni shakkamaaf/himatamaaf dirqama wabii ta'e yoo du'e ta'e dirqamni wabii sun hafaa ta'eeti shakkamaan/himatamaan wabii biraa akka dhiyeessu taassifama.¹¹⁰ Himatamaan/shakkamaan dirqama wabii seene bahuu kan hin dandeenye yoo ta'e mirgi wabii haqamuudhaan deebi'ee to'annaa jala tura¹¹¹. Dabalataanis, yemmuu wabummaan hayyamamu gochoonni akka gowwoomsuu ykn dogoggorsuu raawwataman yoo ta'e ykn yakka raawwatameen wal qabatee firiin dubbii haaraa argame shakkamaan wabii gahaa akka dhiyeessuuf ykn to'annaa jala akka turuuf manni murtii ajajuu ni danda'a.¹¹² Dabalataan, abbaan alangaa himata dhiyessee ture yoo kaase dirqamni wabummaatis walumaan ka'a.¹¹³

Namni himataaf/shakkamaaf dirqama wabii seene shakkamaan/himatamaan ni miliqa jedhee yeroo shakkeetti mana murtii beeksisuun, manni murtiis shakkamaa/himatamaa to'annaa jala erga oolcheen booda dirqama wabii iyyataa ni haqa.¹¹⁴ Akkasumas, namni dirqama wabii shakkamaa/himatamaaf galee nama mirgi wabii eegameef qaamaan mana murtiitti dhiyeessuun dirqama wabii haqsiisuu irra darbee, yeroo barbaadeetti dirqama kana irraa bilisa ta'uuf mana murtiitti iyyachuu ni danda'a. Manni murtiis shakkamaa/himatamaa deebisee to'annaa jala erga oolcheen boodatti dirqama wabii iyyataa kan haqu ta'a. Yeroo kanatti himatamaan/shakkamaan wabii biraa akka dhiyeessuuf carraan kan kennamuuf tahee, dhiyeessuuf garuu fedhii ykn dandeettii kan hin qabne yoo ta'e to'annaa jala akka turu taassifama.¹¹⁵

Gaaffiin mirga wabii shakkamaa yemmuu kufaa taasifamu shakkamaan guyyoota 20 keessatti oliyyata gaafachuu akka danda'u SDFY kw. 75(1) kaa'eera. Keewwatni kun eegamuu mirga wabii irratti abbaan alangaa komii yoo qabaate ta'e iyyachuu danda'uu fi dhiisuu ifaan kaa'uu yoo baatees murtiin MMWF Dh/Ijibbaataa galmee lakk. 110969 kenneen abbaan alangaa illee komii yeroo qabuutti oliyyachuu akka danda'u hookeera.¹¹⁶ Dabalataanis, falmiin mirga wabii mana murtii oliyyata dhagahuun ilaallamee yoo murtaa'e, murtichi kan xumuraa ta'a jechuu SDFY kw. 75(2) jalatti kan tume yoo ta'eess murtii MMWF Dh/Ij lakk. galmee 146727 irratti

¹¹⁰Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 70(3)

¹¹¹ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 73(2)

¹¹² Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 72-73

¹¹³ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 71(3)

¹¹⁴ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 77

¹¹⁵ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 78

¹¹⁶ Habtaamuu Dajuu Vs AA Federaalaa, M/Dh/Ij/MMWF, lakk. Galmee 110969, gaafa 28/11/2007 murtaa'e

kenneen mirga wabii dhiyaate manni murtii heeyyamee, murtii kana komachuun AA oliyyannoo fudhatee murtii mana murtii jalaa haqsiisuun mirga wabii kan mulqisiise yoo ta'e murtii kanarratti iyyatan oliyyachuu kan danda'u ta'uu ibseera.¹¹⁷

Qaphxii marii

1. Shakkamaan yammuu qorannoon yakkaa gaggeeffamutti bu'uura SDFY kew. 28 tiin wabii qabsiise ilaalchisee Abbaan Alangaa himanna yammuu dhiheessuu fi himatamaan mana murtiitti yammuu dhiyaatu dirqamni wabii inni dura seene sun maal ta'a? manni murtii himatamichi bu'urra SDFY kew 28 tiin kanaan dura mana murtichaatti dirqama wabii seenee kan ture yoo ta'e dirqamni wabii kun akka itti fufu taasisuu ni danda'aa?
2. Manneen murtii tokko tokkko biratti Abbaan Alangaa himatamaan mirga wabiin kan ba'u yoo ta'e deebi'ee yakka bira raawwachuu ni danda'a kan jedhu agarsiisuu himatamtoota irra deddeebiin yakka wal-fakkaataa raawwatan (persistent recidivists) rikardii yakkaa (criminal records) isaanii mana murtiif dhiyeessuu dhaan yoo morman ni mul'ata. Hojimaata kana akkamitti ilaaltu?
3. SDFY kw.64 (3) jalatti iyyatni mirga wabii mana murtii kamittuu dhiyaachuu fi keessummeeffamuu akka danda'u kaa'a. Tumaa seeraa kana labsiilee rogummaa qaban waliin ilaala.

Dhimma 9: dhimmi kun Mana Murtii Aanaa N/Beenjaatti kan ilaalam yoo ta'u himatamaan SY kw. 555(b) irra darbuun yakka miidhaa qaamaa cimaatin himatameera.¹¹⁸ Ragaan abbaa alangaa erga dhagahameen boodatti gaaffii mirga wabii himatamaan kaaseef abbaan alangaa himatamaan miidhamtuudhaan siin ajjeesa jedhee bilbilaan itti dhaadataa kan turee fi yeroo ammaatti illee tasgabbaa'ee waan hin jirreef jechuun SDFY kw. 67 caqauun gaaffii mirga wabii mormaniiru. Manni murtiis dhaddacha gaafa 01/06/2011 ooleen yaada mormii abbaan alangaa kaasee fudhachuudhaan gaaffii mirga wabii kufaa gochuun jecha ragaa abbaa alangaa qoratee ajaja barbaachisu kennuuf gaafa 04/06/2011 tti beellameera. Gaafa 04/06/2011 tti bitaa mirgi dhaddachatti kan dhiyaatan yoo ta'u abbaan alangaa yaada dhaddachaaf dhiyeesseen himatamaa fi miidhamtuu dhuunfaan abbaa warraa fi haadha manaa kan turan ta'uu fi gaa'illi isaanii gaafa

¹¹⁷ Akliiluu Afawarki Vs AAF, MMWF Dh/Ij, Jildii 22, lakk. Galmee 146727, gaafa 20/02/2010 murtaa'e

¹¹⁸ Abbaa Alangaa Vs Diroosaa Kennasaa, Mma N/Beenja, Lakk. Galmee 08519, Gaafa 01/06/2011 murtaa'e

01/06/2011 kan diigame ALI tahuu caqasuun, dhaddacha yakkaa guyyaa wal fakkaataa kana irra tureen himatamaan tasgabbii dhabuu isaatin mirga wabii kan mormine yoo ta'es yeroo ammaatti garuu himatamaanis waan tasgabbaa'eef akkasumas yakki ittiin himatame mirga wabii kan hin dhorkisiifne waan ta'eef dhaddacha guyyaa har'aatin mirgi wabii himatamaa yoo eegameef hin morminu jedhaniiru. Manni murtiis ajaja gaafa 04/06/2011 ALI kenneen himatamaan dirqama wabii qarshii 5000.00 (kuma shan) moodeelaan qabsiisee ykn nama dirqama kana galuuf dhiyeessee dhimma isaa ala taa'ee hordofuu danda'a jedheera. Himatamaanis dirqama wabii kana dhiyeessuun to'annaa jalaa gadi lakkifameera. Manni murtii ajaja dabalataa kenneen ogeessi fayyaa miidhaa miidhamtuu irra gahee ture qaamaan dhiyaatee akka ibsuuf ajajuun gaafa 12/06/2011 ALI beellameera. Beellama itti aanuu, gaafa 12/06/2011, ogeessi ajajamee fi abbaan alangaa dhaddachatti kan dhiyaatan yoo ta'es himatamaan garuu dhaddachatti otuu hin argamiin hafeera. Manni murtiis ibsa ogeessa fayyaan kenname galmeessuun waa'ee haafinsa himatamaa irratti callisuun galmee qoratee ajaja barbaachisu kennuuf gaafa 19/06/2011 beellama kenneera. Beellama itti aanu, gaafa 19/06/2011 ALI irratti, manni murtii ajaja kenneen himatamaan bu'uura SDFY kw. 142(1) tin akka ofirraa ittisu jedheera. Itti fufuudhaanis, abbaan alangaa yaada kennaniin himatamaan beellama darbee fi beellama ammaa irratti waan hin dhiyaanneef qarshiin inni qabsiisee mootummaaf galii tahee himatamaan bakkaa fi yeroo argameetti to'atamee dhaddachatti dhiyaatee mirgi ofirraa ittisu erga fayyadameen booda murtiin haa kennamu. Hangasitti garuu yerooof galmee haa cufamu jedhaniiru. Manni murtiis himatamaan dhaddacha irraa kan hafe otuu ofirraa ittisi hin jedhamiin waan taheef bakka himatamaan ragaa ittisaa hin dhiyeeffatiinitis murtii haqa qabeessa kennuun waan hin danda'amneef gaafa himatamaan argameetti abbaan alangaa galmee haa sochoosu jechuun galmee cufeera.

Dhimma 10: dhimmi kun MMO Go/Jimmaatti kan ilaalam yoo ta'u iyyattuun iyyata gaafa 23/08/2011 ALI dhiyeessiteen gaafa 01/07/2011 ALI irraa eegaltee to'annaa jala turuu ibsuun mirgi wabii ishee akka eegamuuf bu'uura SDFY kw. 64 tin mana murtii gaafatteerti.¹¹⁹ Gaaffii mirga wabii irratti abbaan alangaa yaada kenneen iyyattuun summii namaaf laachuu isheetin namni tokko du'ee namootni lama immoo Hospitaalatti yaalii irra jiraachuu ibsuun yakki iyyattuun ittiin shakkamte bu'uura SDFY kw. 63(1) tin mirga wabii kan mulqu waan ta'eef ni mormina jedhaniru. Manni murtiis ajaja gaafa 30/08/2011 ALI kenneen yakki iyyattuun ittiin

¹¹⁹ Raggaatu A/Maccaa Vs AA Go/Jimmaa, MMO Go/Jimmaa, lakk. galme 46986,ajaja gaafa 30/08/2011 kenname

shakkamte bu'uura SDFY kw. 63 tin mirga wabii kan dhorku waan ta'eef jechuun gaaffii mirga wabii dhiyaate kufaa taassiseera. Itti fufuudhaanis ajaja kenneen galmeen qorannoo xumuramuu abbaa alangaa irraa kan hubatame waan ta'eef abbaan alangaa guyyoota itti aanan 15(kudha shan) keessatti himanna hin hundeessu taanaan iyyattuun galmee ammaa kana sochoosuun mirga wabii ishee gaafachuu dandeessi jedheera.

Gaaffilee marii

1. Dhimma 9^{ffaa} keessatti manni murtii mirga wabii bu'uura SDFY kw. 67 erga dhorkeen boodatti irra deebiin dhimmicha ofii ilaalee mirga wabii eeguuf adeemsi seeraa bu'uura godhachuu danda'u jiraa? Yaada abbaan alangaa yeroo garagaraatti kenne hoo akkamitti ilaaltu? Akka waliigalaatti haqummaa dhaddachaa akkamitti madaaltu? Mari'adhaa.
 2. Dhimma 10^{ffaa} tin wal qabatee yakkii iyyattuun ittiin shakkamte mirga wabii kan dhorkisiisu tahuu seerri tumee hanga jirutti abbaan alangaa guyyaa 15 keessatti himanna hundeessuu dhabuun isaa qofti mirgi wabii iyyattuu akka eegamuuf ni taassisaa?
- 2.3. Qoranna Yakkaa Akka Adda Cituuf ykn Kan Adda Cite Akka Itti Fufuuf Qajeelfama Kenuu**

Bu'uura Labsii MHAAWO hundeessuf bahe lakk. 214/11 kw. 7(8) tin abbaan alangaa faayidaa uummataa bu'uura godhachuun yookiin dhimmichi yakkaan kan hin gaafachiisne ta'uun ifatti yammuu beekkame qorannoon jalqabame akka addaan citu yookiin qorannoon yakkaa addaan citee ture akka itti fufu ni taasisa. Imaammatni haqa yakkaa Itiyoophiyaa bara 2003 ALI bahees abbaan alangaa qorannaan adda akka cituuf ykn kan adda cite akka itti fufuuf qajeelfama kennuu akka danda'u ifaan kaa'uun alatti qoranna adda kutuuf sababoota ka'uumsa ta'aanis kaa'eera. Bu'uruma kanaan yakkichaaf ararri kan taassifame yoo ta'e, yakkichi darbiinsa yerootin kan hin gaafachiifne yoo ta'e, kanaan dura mana murtii biraatiin kan ilaalam yoo ta'ee fi faayidaa uummataaf jecha qoranno adda kutuuf kan aanga'eedha.¹²⁰ Kanaan alattis, yakki dalagame

¹²⁰ Imaammata Seera Yakkaa Itoophiyaa Bara 2003 Bahe, Kutaa 3.9, Fuula 12

yakka salphaa fi komii nama dhuunfaa qofaan kan himachiisu ta'ee miidhamaa fi shakkamaan dhimma isaanii araaraan kan xumuran yoo ta'e qorannoo addan kutuu akka danda'u kaa'eera.¹²¹

Qaphxiij Marii

1. Qorannoon ajaja abbaa alangaatin adda cite sababoota akkamitiin deebi'ee akka jalqabu ta'aa? Ulaagaan faayidaa uummataa jedhu madaaluuf safartuuleen maalii dha? Taateewwan qabatamaa Biyya keenyaa kaasuun irratti mari'adhaa?
2. Beekamtii hooggansaa ykn qaama olaanaatiin alatti abbaan alangaa qorannoon akka adda citu gochuu ykn kan adda cite akka itti fufu gochuu haalli itti danda'u jiraa? Irratti mari'adhaa?

[2.4. Galmee Qorannoo Irratti Murtii Kennuu](#)

Abbaa Alangaa fi poolisiin hojii qorannoo yakkaa kan waliin gaggeessan yoo ta'u galmee qorannoon isaa xumurame irratti murtii kennuu aangoo abbaa alangaa qofaaf kennamee dha.¹²² Haaluma kanaan qorataan poolisiiakkuma qorannaan yakkaa xumurameen galmee qorannoobu'uura SDFY kw. 37 tiin abbaa alangaa dhimmicha ilaalee murtii kennuu qabuuf dabarsa. Abbaan alangaa galmee qorannoo isaaf dhiyaate gadi fageenyaan qoratee murtii adda addaa itti kenna. Murtiwwan ykn ajaja abbaan alangaa galmee qorannoo irratti kennu keessaa himannaa hundeessuu boqonnaa itti aanuutti kan ilaallu yoo ta'u kanneen hafan akka armaan gadiitti haa ilaallu.

[2.4.1. Qoranna Yakkaa Dabalataa Ajajuu](#)

SDFY kw. 38(c) bu'uura keewwata kanaatiin abbaan alangaa galmee qorannoo isaaf dhiyaate sirriitti keessa qoratee dhimmoonni osoo hin qulqullaa'in hafanii fi galmicharratti murtii tokko kennuuf kan rakkisan ta'uu yoo hubate ragaalee sassaabamuu qaban adda baasuun qorannoondabalataa gaggeeffamuu akka qabu ibsuun galmicha poolisiif deebisa. Asirratti abbaan alangaa galmee of bira tursiisee eega ragaalen bakka jijiiratan ykn badanii booda galmee qorannoopoolisiif erguu osoo hin taane yeroo gabaabaa keessatti galmicha qoratee wantoota qorannoo

¹²¹ Imaammata Seera Yakkaa Itoophiyaa Bara 2003 Bahe,Kutaa 3.9, Fuula 12//

¹²² Labsii Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa 7(26), Imaammata Haqa Yakkaa Itiyoophiyaa 3.10 Maanuwaalii Jbah Fooyya'e Fuula 13 Fi 21

dabalataatin sassaabamuu qaban haala ifa ta'een adda baasee erguu qaba. Gama biraatiin galmeen qorannoo dabalataatiif poolisitti deebi'u turtii hangamii keessatti qoratamee deebi'uu akka qabuu fi abbaan alangaa haala kamiin hordofuu akka qabu irratti SDFY wanti ifa godhe hin jiru. Kanarraa kan ka'e galmeen turuu fi achumaan hafuus jiraachuu ni danda'a waan ta'eef hordoffii cimaa gaafata.

Qaphxii marii

1. Galmee waliin qorachaa turan irratti abbaan alangaa qorannoo dabalataatiif poolisiif ajaja kennuu danda'aa? Yoo kenne ta'e qorannoo dabalataa kana waliin gaggeessu moo qorataa poolisii qofaa isaa gaggeessaa?

2.4.2. Galmee Qorannoo Cufuu

Abbaan Alangaa galmeen qormaataa akka isa bira gaheen murtiwwaan galmicharratti kennu keessaa galmee sana cufuun isa tokkoo dha. Sababoota himanna dhiyeessuu osoo hin barbaachisin galmee qormaataa cufsiisuu danda'anii fi bu'aa isaanii akka armaan gadiitti ilaaluu yaalla.

2.4.2.1. Bu'uura SDFY kw. 39 tiin Galmee Qormaataa Cufuu

Sababoota galmeen qormaataa ittiin cufamuu danda'an keessaa tokko kanneen SDFY kw. 39 jalatti tarreffamanii dha. Sababoonni kunis yoo shakkamaan du'e, umriin isaa waggaa sagalii gadi ta'e, bu'uura seera Idil-addunyaatin kan hin himachiifne yoo ta'ee (diplomatic immunity kan qabu yoo ta'e) dha. Abbaan alangaa haala kanaan galmee kan cufe yoo ta'e garagalcha murtii isaa Mana Hojii Abbaa Alangaa isaa ol jiruuf, miidhamaa dhuunfaa fi poolisii qorannaa gaggeeseeif erguu qaba.¹²³ Ulaagaaleen keewwata kana jalatti tarreffaman kan guutaman yoo ta'e abbaan alangaa galmicha cufuu qaba. Sababoonni kw. 39(1) jalatti tarreffaman galmicha yeroo dhumaatif kan cufsiisanii dha. Hima biraatiin galmeen sababoota kanniin irratti hundaa'amlee cufame carraan deebi'ee banamuu isaa hin jiraatu. Sababoonni kun sirriitti qulqullaa'anii dhugaa ta'un eega mirkanaa'ee booda galmeen kan cufame yoo ta'e sababoonni bira galmee kana sochoosisanii fi himanni akka dhiyaatu taasisan hin jiran jechuu dha.

¹²³ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 39(3)

2.4.2.2. Bu'uura SDFY kw. 42 tiin Galmee Qorannaa Cufuu

Haallan galmee qorannoo yakkaa cufsiisuu danda'an kan biroo immoo kanneen SDFY kw. 42 jalatti tarreeffamanii dha. Sababootni kunneenis:

- Shakkamaa balleessaa taasisuuf ragaan gahaan kan hin jirre ta'uu abbaan alangaa kan hubate yoo ta'e;
- Shakkamaa argachuun kan hin danda'amnee fi bakka hin jirretti himannaan itti fufuu kan hin dandeenye yoo ta'e;
- Dhimmichi darbiinsa yerootiin kan daangeffame ykn dhiifamaan ykn baraarsaan kan irra darbame yoo ta'e fi
- Faayidaa ummataatiif jecha abbaan alangaa himannaakka hin dhiyeessine abbaa alangaa waliigalaatiin kan ajajame yoo ta'ee dha.

Sababoota himannaakka hin hundeessine taasisan keessaa inni murteessaan bu'uura kw. 42(1A) tiin kan taa'ee dha. Akka keewwata kanaatti abbaan alangaa ijoo dubbii fi ragaa sirriitti eega qoratee booda ragaaleen jiran shakkamaa baleessaa taasisuuf ga'aa kan hin taanee fi qorannoo dabalaataatiinis wanti qulqulla'u qabu kan hin jirre ta'uu yoo mirkaneeffate galmicha ni cufa jechuu dha. Haaluma kanaan, abbaan alangaa akkuma galmeen isa bira gaheen galmicha yoo qoratu shakkamaa sana yakka ittiin shakkameen balleessaa isa taasisuuf ragaan gahaan jira moo hin jiru kan jedhu sirriitti addaan baafachuu qaba. Ragaaleen adeemsa qorannootiin sassaabaman ijoowwan dubbii yakka shakkaamaan ittiin shakkame mirkaneessuu danda'uu isaanii sirriitti madaaluu qaba. Kaayyoon madaallii ragaa sadarkaa kanatti taasifamuu ragaaleen galme qorannoo keessa jiran shakkamaa balleessaa taasisuu fi dhiisuu isaanii addaan baasuuf waan ta'eef shakkamaan mana murtii irratti bilisa bahuu kan danda'u tahuun gamanumaa kan beekamu yoo ta'e abbaan alangaa himannaahundeessee yeroo fi qabeenya mana murtii fi abbaa alangaa qisaasuu irra darbee himatamaa fi ragaa irrattis dhiibbaa uumuun ala faayidaan inni buusu waan hin jirreest galmicha cufuutu filatamaa dha.¹²⁴

¹²⁴ስኅጂ ህክምናና ተርጉምና የወንጀልምር መሆኑ ከርከርና መሆኑ ቁጥር ወሰን : 2008፣ ጥጽ 119-120

Ragaan ga'aan shakkamaa balleessaa taasisuu danda'u yoo jiraate garuu abbaan alangaa himannaa hin hundeessu jechuu hin danda'u.¹²⁵ Gama biraatiin abbaan alangaa galmicharratti murtii akkamii kennuu akka qabu wanti isa shakkisiisu (doubtful cases) yoo isa qunname dhimma ifa isaaf hin taanee fi qajeelfamni irratti kennamuu qabu addaan baasee barreessuudhaan abbaa alangaa isaa ol jiru qajeelfama gaafata.¹²⁶

Bu'uura kw. 42(1A)tiin himannaa hundeessuu dhabuun (galmee cufuun) galmichi yeroo dhumaatif cufame kan jechisiisu miti. Shakkamaan yeroof himatamuu haa baatu malee qorannoон yakcaa itti fufa. Qorannaа itti fufe kanaan ragaan shakkamaa himachiisuun balleessaa taasisuu danda'u guutamee kan argamee fi yakkichi darbiinsa yerootiin kan hin daangeffamne yoo ta'e abbaan alangaa himata bu'uree mana murtiitti dhiyeessuu ni danda'a. Haata'u malee haala qabatamaa jiruun galmeen tokko bu'uura kw. 42(1A) tiin kan cufame yoo ta'e akkuma murtii dhumaargatetti ilaaluun qorannaа isaa achumatti dhaabuun bal'inaan mul'ata.

Haallan SDFY kw. 42 jalatti galmee qorannoo cufsiisuu danda'an keessaa inni bira shakkamaa argachuun kan hin danda'amnee fi bakka hin jirretti himannaan itti fufuu kan hin dandeenye yoo ta'ee dha. Shakkamaan yeroo galmeen qoratamaa jirutti dhiyaatee (qabamee) jecha shakkamamummaa kan hin kennine akkasumas argachuun kan hin danda'amne ta'uu kan mirkanaa'e yoo ta'e bakka hin jirretti himannaan itti fufuu kan danda'u ulaagaaleen SDFY kw. 161(2) jalatti tarreeffaman yoo guutamanii dha. Ulaagaaleen kunneenis: yakkichi hidhaa cimaa waggaа kudha lamaa (12) gadi hin taaneen kan adabsiisu yoo ta'e, ykn shakkamaan yakkoota SYkw.343-354 jalatti ibsaman fi hidhaa cimaa ykn qarshii kuma shan (5000) oliin adabsiisuu danda'uun kan himatame yoo ta'ee dha. Haaluma kanaan shakkamaan adeemsa qorannoo keessatti kan hin argaminii fi argamuu hin dandeenye ta'uu akkasumas bakka hin jirretti falmiin itti fufuu kan hin dandeenye ta'uu abbaan alangaa kan mirkanoeffate yoo ta'e himanna hundeessuun osoo hin barbaachisne galmicha ni cufa jechuu dha. Haata'u malee galmeen sababa shakkamaan argamuu hin dandeenyeef cufamu yeroo dhumaatiif kan cufamuu miti. Abbaan alangaa yeroo shakkamaan argamee fi dhimmi ittiin shakkame darbiinsa yerootiin kan hin daangeffamne yoo ta'e himanna hundeessuu ni danda'a.

¹²⁵ Seera Deemsa Falmii Yakkaa Itiyooophiyaa Kw. 42(2)

¹²⁶ Seera Deemsa Falmii Yakkaa Itiyooophiyaa Kw. 41

Sababni abbaa alangaa himanna hundeessuu hin dandeessifne kan bira immoo dhimmichi darbiinsa yeroottin kan daangeffame ykn dhiifamaan ykn baraarsaan kan irra darbame yoo ta'ee dha. Abbaan alangaa gochaan shakkamaan ittiin shakkame darbiinsa yeroo, dhiifama ykn baraarsaan irra darbamuun kan danda'amu yoo ta'e¹²⁷ yeroon seeraan kaa'ame kun darbuuf dhiisuu isaa mirkaneeffachuu qaba. Haaluma kanaan akkaataa seera yakkaa kw. 216-222 jalatti tumametti dhimmichi darbiinsa yeroottin kan daangeffame yoo ta'e abbaan alangaa himata hundeessee mana murtii irratti darbiinsa yeroo ilaachisee mormiin akka irratti ka'u eeguu osoo hin taane galmicha cufuu qaba. Darbiinsi yeroo (yeroo himannaan itti dhiyaachuu qabu) gosoota adabbiitit adda bahee kan daangeffame yoo ta'u yakkoota iyyata dhuunfaa qofaan adabsiisan kamiyyuu himannaan mana murtiitti dhiyaachuu kan qabu waggaa lama keessatti.¹²⁸ Haala keewwatoota kanniin jalatti ibsameen dhimmichi darbiinsa yeroottin kan daangeffame taanaan abbaan alangaa dhimmichi darbiinsa yeroottin kan daangeffame ta'u ibsee galmee cufuu qaba.

Akka qajeeltootti barri darbiinsa yeroo lakkaa'amuu kan jalqabu guyyaa shakkamaan gochicha raawwate irraa jalqabeeti. Haata'u malee gochi yakkaa irra deddeebiidhaan kan raawwatame yoo ta'e barri darbiinsa yeroo lakkaa'amuu kan jalqabu gaafa gochaan yakkichaa inni dhumaa raawwatame irraa eegalee ta'u akka qabuu fi gochaan yakkaa yeroo dheeraaf irra deddeebisaan raawwatamaa kan ture yoo ta'e barri darbiinsa yeroo lakkaa'amuu kan eegal gaafa gochaan yakkaa dhaabbate irraa jalqabee ta'u akka qabu seera yakkaa kw. 219(2) jalatti ibsameera. Dabalataan manni murtii waliigalaa dhaddachi ijibbaataas kanuma cimsuun murtii dirqisiisaa kenneera.¹²⁹

Kan armaan olitti ibsame akkuma jirutti ta'ee barri darbiinsa yeroo sababoota seeraan ykn ijoo dubbiitiin wal qabatuun himannaan akka hin hundoofne ykn akka itti hin fufne wanti gufuu ta'e yoo jiraate hanga wanti sun jirutti lakkosi turtii darbiinsa yeroo ittifamee (addaan citee) tura.

¹²⁷ Akkaataa Heera Motummaa RDFI Kw. 28(1) Tiin wal ta'iinsota addunyaa itoophiyaan raggaasiftee fi seerota itoophiyaa kan birootiin yakkoota sanyii dhala namaarratti raawwataman jedhamanii murteeffaman, keessattuu sanyii dhala nama balleessuu, murtii malee tarkaanfi adaba du'aa fudhachuu, dirqisiisaniii nama dhoksuu, ykn gochoota farra namoomaa namoota raawwatanirratti himanni dhiyatuu darbiinsa yeroottin hin ittifamu (hin daangeffamu). Yakkooni kun murteewwan qaama seera baasuunis ta'e qaama mootummaa kamiiniyyuu baraarsaan ykn dhiifamaan hin dabramu

¹²⁸ Seera Yakkaa RDFI Bara 1996 Bahe Kw. 217 Fi 218.

¹²⁹ Murtii Dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii Waliigalaa Federaalaa, Hayiluu Waldee Fi Abbaa Alangaa Federalaa, Galmee Lakk. 105406 Gaafa 14/07/2007 Murtaa'e, Jiildii 18ffaa Fuula 238.

Haaluma kanaan darbiinsi yeroo lakkaa'amuun kan addaan cite yoo ta'e akkuma sababni lakkoofsa darbiinsa yeroo addaan kute kun darbeen lakkaa'amuun itti fufa jechuu dha.¹³⁰

Sababoonni lakkaa'amuu darbiinsa yeroo addaan kutuu danda'an tokko tokkoon tarreeffamuu dhabuun isaanii dhimmichaaf hiikkoon gara garaa akka kennamuuf taasiseera. Fakkeenyaaaf, qorannoon yakkaa darbiinsa yeroo addaan kutuu danda'a moo miti kan jedhu irratti ejjannoон wal fakkaataan hin turre. Kanuma ilaachisee dhaddachi ijibbaataa mana murtii federaalaa murtii dirqisiisaa laateen hiikkoo seeraa hordofamuu qabu kenneera. Haaluma kanaan qorannoон poolisiin shakkamaa irratti adeemsisu lakkaa'amiinsa darbiinsa yeroo kan addaan kutu ta'uу ibseera. Kunis guyyaa poolisiin shakkamaa irratti qorannoo adeemsisuу eegalerraа kaasee lakkaa'amiinsi darbiinsa yeroo addaan cituudhaan kana booda akka haarawaatti kan itti fufu ta'uу ibsuun seera yakkaa kw. 221 f hiikkoo hordofamuu qabu kenneera.¹³¹ Haata'u malee qorannoон yakkaa kun turtii himannaan keessatti dhiyaachuu qabu ilaachisee darbiinsa yeroo seera yakkaa kw. 217 fi 218 jalatti ibsame keessatti yoo hin xumuramin addaan citiinsi darbiinsa yeroo kun maal ta'uу qaba gaafii jedhu kaasisa. Hima biraatiin qorannoон yakkaa hanga fedhes kan turu yoo ta'e darbiinsa yeroo lakkaa'uun addaan citeetuma tura jechuu dhaa? Irratti mari'adhaa.

Kana malees dhimmi shakkamaan ittiin shakkamee galmeen itti qulqullaa'e baraarsaan (amnesty) kan irra darbame yoo ta'e shakkamicha mana murtiitti himatanii balleessaa taasisuun waan hin danda'amneef abbaan alangaa gal mee qormaataa bu'uura SDFY kw. 42(1 c) tiin ni cufa jechuu dha. Ulaagaа keewwata kana jalatti ibsameen galmeen kan cufame yoo ta'e bu'aan isaa gal mee bu'uura kw. 39(1) tiin cufameen wal fakkaataa dha. Kunis galmichi yeroo dhumaatiif kan cufamu ta'a jechuu dha. Gama biraatiin dhiifamni (pardon) kan taasifamu eega murtiin balleessummaa kennamee booda waan ta'eef himanna hundeessuu waliin walitti dhufeenyaa hin qabu.

Sababoota bu'uura SDFY kw. 42tiin himannaan akka hin hundoofne taasisan keessaa kan bira faayidaa uummataatif jedhamee abbaan alangaa himanna akka hin hundeessine abbaa alangaa waliigalaatin kan ajajame yoo ta'e kan jedhuu dha. Bu'uura Labsii hundeffama mana hojii abbaa alangaa waliigala federaalaa lakk. 943/2008 kw. 3(6 e)tin abbaan alangaa waliigala faayidaa ummataatif jecha himanna kaasuu akka danda'u tumameera. Haaluma wal fakkaatuun Labsii mana hojii abbaa alangaa Oromiyaa lakk. 214/2011 kw. 7(26) jalatti akka tumametti abbaan

¹³⁰ Seera Yakkaa RDFI Bara 1996 Bahe Kw. 220(2)

¹³¹ Murtii Dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii Waliigala Federaalaa, Obbo Haylaay Takluu Fi Abbaa Alangaa Magaalaa Maqalee , Galmee Lakk. 77097 Gaafa 20/02/2005 Murtaa'e, Jiildii 14ffaa Fuula 234.

alangaa faayidaa ummataatiif barbaachisaa ta'ee yoo argame himata kaasuu fi kan ka'ee ture mana murtii irratti akka itti fufu taasisuu ni danda'a. Keewwatoota labsiwwan kanaa irraa akka hubatamutti abbaan alangaa faayidaa uummataatiif jecha himanna hundeessuu dhiisuu fi himaanna hundeffamee ture kaasuu ni danda'a. Haata'u malee faayidaa ummataa jechuun maal akka ta'e hiikkaan waan hin kennaminiif raawwii irratti rakkisuun ni danda'a.

Qaphxii marii

1. Bu'uura Labsii HMAAWF lakk. 943/2008 kw. 3(6 e)tiin abbaan alangaa waliigalaa faayidaa ummataatif jecha himanna kaasuu akka danda'u tumameera. Haaluma wal fakkaatuun Labsii HMHAAWO lakk. 214/2011 kw. 7(26) jalatti akka tumametti abbaan alangaa faayidaa ummataatiif barbaachisaa ta'ee yoo argame himata kaasuu fi kan ka'ee ture mana murtii irratti akka itti fufu taasisuu ni danda'a jechuu kaa'eera. Ulaagaan '*Faayidaa uummataa*' jedhu safartuun isaa maalii dha?

2.4.2.3. Bu'aa Himanna Hundeessuu Dhabuun Hordofsiisu

Abbaan alangaa sababa kamiinuu galmee qorannoo kan cufe yoo ta'e murtichi barreeffamaan ta'ee sababni ittiin cufame ibsamuu qaba. Akkasumas murtii kana mana hojii abbaa alangaa isaa ol jiruuf, poolisii galmicha qoratee fi miidhamaa dhuunfaatiif beeksisuun qaba.¹³² Kunis iftoominaa fi itti gaafatamummaa mirkaneessuuf kan gargaaru waan ta'eef sirnaan hojiirra ooluu qaba. Keessattuu galmeen kan cufame bu'uura SDFY kw. 42(1A) tiin yoo ta'ee fi miidhamaan dhuunfaa murtii abbaa alangaa sanarraa komii yoo qabaate qaama ol'aanaatti iyyatee dhimmichi irra deebi'amme akka ilaalamuuf gochuu waan danda'uuf murtichi beeksifamuun barbaachisaa dha. Kanaafuu, abbaan alangaa hanga miidhamaan dhuunfaa dhufee gaafatuu eeguu osoo hin taane karaa poolisiitin ykn teessoo isaatin kallattiin beeksisuun qaba.

Gaaffii Marii

1. Firiin dubbiin kan akka tarkaanfii ofirraa ittisuun (self defences), haalota barbaachisoo (necessity) ykn haalotni dirqisiisoo (coercion) yoo jiraatanii sanas galmee qorannoo keessaa hubachuun kan danda'ame ta'ee jiraachuu defence wwan kanaa ittigaafatamummaa shakkamichaa hambisuun kan danda'u yoo ta'e A/Alangaa galmee

¹³² Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 39(4) Fi 43(2)

cufuu ni danda'aa? Moo jiraachuu haalawwan kaanaa osoo beekuu manni murtii murtii fedhe haa kenu jechuun himanna dhiyeessa?

2. Abbaan alangaa yeroo gal mee qoranna qoratuu fi ragaa madaalu ragaalee adeemsa qorannoo yakkaatiin sassaabaman qofa ilaalee galmicharratti murtii kenna moo ragaa ittisaa himatamaan mana murtii irratti dhiyeeffachuu danda'uu fi bilisa baasisuu danda'u xiyyeeffannaa keessa galchee gal mee cufuu qaba? Maaliif?
3. Sababoota gal mee qorannoo cufsiisuu danda'an keessa tokko shakkamaan kan hin argamnee fi bakka hin jirretti himannaan itti fufuu kan hin dandeenye yoo ta'ee dha. Shakkamaan argamuu kan hin dandeenye ta'uu abbaan alangaa haala kamiin mirkaneeffachuu danda'a?
4. Akkaataa seera yakkaa kw. 220 tiin sababooni lakkaa'amiinsa darbiinsa yeroo addaan kutuu danda'an maal faadha jettanii yaaddu?

2.4.3. Qoranno Duraa (Premilinary Inquiry)

Bu'uura SDFY kw. 38(b) tiin qoranna yakkaa erga xumurameen boodaatti tarkaanfilee abbaan alangaa fudhatu keessa tokko sakatta'a ykn qoranno dursaa akka taassifamu mana murtiitti dhiyeessuu dha. Qorannaan dursaa hojimaata qabatamaadhaan yeroo baay'ee kan hin jirre yoo ta'ees kaayyoon qoranno dursaa raawwachuu guyaan qoranno yakkaa itti xumuramee fi guyaan dhagahaan gaggeeffame gidduu dheerina yeroo jiru irraa kan ka'e ragootni yeroo jecha ragaa kennanitti firii dubbii yakkichaa irraanfachuu danda'u jedhamee yoo shakkame ykn yeroo dhagahaa kanatti ragootni argamuu dhiisuu danda'u jedhamee yoo shakkame ykn ragaan barruu ykn ciraan (evidence) ni manca'a jedhamee yoo shakkame ragaa namaa fi barruu ykn ciraan kan kaawwachuu fi eegachuuf (for preservation and deposition) taassifama.¹³³

Qoranno dursaa yakka gosa kami fi haala kamiin taassifamu akka qabu SDFY ifatti tumee jira. Yakki ajjechaa cimaa¹³⁴ ykn yakki saamicha cimaa¹³⁵ oggaa raawwatameetti qorananoon dursaa raawwatamuu qaba.¹³⁶ Haa ta'u malee, abbaan alangaa dhagahaan dhimmaa yeroo gabaabaatti gaggeeffamuuf akka jiru ibsuun yaada kan dhiyessee fi yaadni dhiyaate mana murtii

¹³³ Miil-jalee 31^{ffaa}, fuula 216

¹³⁴ Seeraa Yakkaa RDFI kw. 539

¹³⁵ Seera Yakkaa RDFI kw. 671

¹³⁶ Seera Deemsa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa kw. 80(1)

olaanaa kan amansiise yoo ta'e qorannoон dursaa akka hin taassifame manni murtii kun ajaja kennuu ni danda'a.¹³⁷ Yakkoota lameen kenneen alatti yakkoota biroo kanneen sadarkaa mana murtii olaanaatti ilaalaman abbaan alangaa bu'uura SDFY kw. 38(2) kan qajeechche yoo ta'e malee qorannoон dursaa taassifamuun hin danda'u.¹³⁸

Qorannoон dursaa kan taassifamu Mana Murtii Aanaatti yoo ta'u yakkichi aangoо tooraa mana murtii kana keessatti kan raawwatame ta'uu qaba.¹³⁹ Abbaan alangaa qorannoон dursaa akka gaggeeffamuuf itti amane murtii isaa kana Mana Murtii Aanaa aangoо tooraa isaa keessatti yakki dalagamee fi abbaan alangaa mana murtii kanatti dhaabatu beeksisa.¹⁴⁰ Manni murtii kunis guyyaa beellamaa murteessudhaan qorannoон dursaa gochuuf abbaan alangaa beeksiisa. Guyyaa beellamaa kanattis abbaan alangaa, ragootni abbaan alangaa fi shakkamaan kan dhiyaatan ta'a.¹⁴¹ Guyyaa kanatti abbaan alangaa ragoota isaa murteessoo qofa otuu hin taane ragoota dhagahaamuufi fedhu mara dhiyeeffachuu danda'a.¹⁴²

Guyyaa qorannoон dursaa kanatti abbaan alangaa yakkicha hubachiisun ragaan isaa kan dhagahamu ta'ee ragaan kunis bu'uruma SDFY kw. 147 tin sirnaa'ee barraa'uu qaba.¹⁴³ Kana jechuunis, gaaffii duraa, qaxxaamuraa fi keessa deebii kan qabuu, fi jechi ragaa tokko fuula mataasa danda'e tokko irratti galmaa'uu qaba¹⁴⁴. Ragaan abbaan alangaa erga dhagahaameen booda himannaas isarratti dhiyaate ilaalchisee jecha kennuuf akka hin dirqamanee fi callisuu akka danda'u erga itti himameen booda himatamaan jecha kennuuf fedhii yoo qabaate ni gaafatama.¹⁴⁵ Jechi kennuuf fedhii kan qabu yoo ta'e garuu jechi isaa galmaa'ee, deebbfamee fi akka mallatteessu erga taassifameen booda galmeen wal qabatee dhagahaah ijoof (trial) ni dhiyaata.¹⁴⁶ Dabalataanis, qorannaan dursaa jecha himatamaa balleessaa ykn bilisa kan taassisu akka hin taaneefi kan kana taassisu mana murtii dhagahaah dhimmaa raawwatu (trial court) ta'uun

¹³⁷ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 80(1)

¹³⁸ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 80(2)

¹³⁹ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 81

¹⁴⁰ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa kw. 83(1)

¹⁴¹ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa kw. 83(2)

¹⁴² Miil-jalee 31^{ffaa}, fuula 220

¹⁴³ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 80

¹⁴⁴ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 80

¹⁴⁵ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 85(3)

¹⁴⁶ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 86(2)

hubachiifamuu qaba.¹⁴⁷ Himatamaan jecha kennuuf, fedhii kan hin qabne yoo ta'e garuu yeroodhuma sanatti gara mana murtii dhagahaa taassisutti ergamuu qaba.

Qorannaan dursaa erga xumurameen boodatti manni murtii qorannaan dursaa dhagahaa ture gal mee qorannaan dursaa irratti gaggeeffamaa ture mana murtii olaanaaf kan ergu tahee manni murtii olaanaas guyyaa dhagahaa gaggeessutti dursee garagalcha gal mee kanaa abbaa alangaa fi himatamaa qaqqabsiisa.¹⁴⁸ Dhagahaan himatamaa bilisa ykn balleessaa taassisu mana murtii kanatti kan gaggeeffamu ta'a.

Qaphxii Marii

1. Qorannoo dursaa (premilitary inquiry) qixa aangoo abbaa alangaa Labsii MHAAW MNO hundeessuuf bahe lakk. 214/2011 keessatti kaa'amee fi qixa aangoo Mana Murtii aanaa Labsii MMO gurmaa'ina, aangoo fi hojii MMO irra deebiin murteessuf bahe lakk. 216/2011 keessatti kaa'ameetiin akkamitti ilaaltu?

¹⁴⁷ Seera Deemsa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 85(2)

¹⁴⁸ Seera Deemsa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 91

Boqonnaa Sadii

Sirna Qophii Himannaa fi Aangoo Mana Murtii

Seensa

Hojiin qorannoo yakkaa erga xumurameen boodatti tarkaanfii itti fufu akka fudhatuuf qorataan Poolisii gal mee qorannoo xumura argate kana abbaa alangaatiif dabarsee kenna. Abbaan alangaas gal mee kana irratti ajaja garagaraa kan kenu yoo ta'u ajajoota abbaan alangaa kennuu danda'u keessaa murtii himannaa hundeessuun alatti kan jiran boqonnaa darbe keessatti kaafameera. Murtii himannaa hundeessuu fi dhimmoota wal qabatanii jiran itti aansuun kan ilaallu ta'a.

Himannaa yakkaa hundeessuun aangoo abbaan alangaa qabu keessaa tokko yoo ta'u itti gaafatamummaa olaanaadhaan kan raawwatamuu qabuu dha. Abbaan alangaa himannaa yakkaa hundeessuun duratti yakka dalagame hubachiisuu kan danda'u ragaan gahaa jiraachuun isaa mirkaneffachuu dirqama dha. Ragaan raawwii yakkichaa hubachiisuu danda'u jiraachuun isaa erga hubatameen boodatti himannaa qulqullina qabu qopheessuun dhimma itti fufee ilaalamuu dha. Hangi qulqullina himannaa yakkaa hanga kabajamuu mirga himatamaa fi raawwii olaantummaa seeraa mirkaneessuu waliin hariroo kallattii kan qabuu dha.

Qulqullina himannaa qophaa'uun alatti dhimmi biraa xiyyeffannoo barbaadu dhimmaa aangoo mana murtiiti. Himannaan yakkaa hundeffamuu kan qabu mana murtii dhimmicha ilaaluuf aangoo hundee dubpii fi aangoo tooraa qabu biratti ta'uu qaba. Mana murtii aangoo qabu biratti himannaa hundeessuun dirqama abbaa alangaa yoo ta'u manni murtiis himannaan yakkaa ofitti fuudhee ilaaluu qabu kan aangoo irratti qabu qofa ta'uu qaba. Kanaan alatti, himannaan mana murtii aangoo hin qabnetti hundeffamee fi murtiin mana murtii aangoo hin qabneen kennname fudhatamummaa seeraa hin qabaatu.

Boqonnaa kana keessatti xiyyeffannoo kenninee kan ilaallu sirna qophii himannaa yakkaa fi aangoo manneen murtiiti. Sirna himannaan yakkaatiin wal qabatee qabiyyee himannaa yakkaa, haala himatamaa tokko irratti himannaan tokko ol hundeffamuu danda'u, haala himannaan filannoo itti hundeffamuu fi haala himatamtoota lamaa fi isaa ol ta'an irratti himannaan hundeffamuu danda'u kaafnee ilaalla. Itti fufuudhaan aangoo manneen murtii kan ilaallu yoo ta'u

waa'ee aangoo biyyoolleessaa, aangoo hundee dubbii fi aangoo tooraa akka waliigalaattii kan ilaallu yoo ta'u caalmaatti garuu aangoo hundee dubbii manneen murtii Oromiyaa irratti xiyyeefachuu kan ilaallu ta'a.

Xumura leenjii kanaa irratti leenjifalmtootni:

- Qophii himannaayakkaatin wal qabatee qabiyee fi unki himannaayakka maal ta'uu akka qabu irratti hubannoo fi dandeettii isaanii ni gabbifatu.
- Haala himannaan tokko ol ykn himannaan filannoo himatamaa tokko irratti hundaa'uu danda'u irratti hubannoo isaanii ni gabbifatu.
- Haala himatamtoonni lamaa fi sanaa ol yakka wal fakkaataan ykn yakka garagaraatiin himannaayakka jalatti himataman irratti hubannoo isaanii ni gabbifatu.
- Raawwii yakkaatiin wal qabatee aangoo manneen murtii Aanaa, Olaanaa fi Waliigala Oromiyaa irratti hubannoo isaanii ni cimsatu.
- Hariiroo qulqullina himannaayakka fi mirga himataa gidduu jiru irratti hubannoo isaanii ni gabbifatu.

3.1. Murtii Himanna Hundeessuu

Himannaan karaa himatamaan wanta ittiin himatame haala ifa ta'een ittiin beeksifamuu fi dhimmichi mana murtiitti ilaalamuu (dhagahamuu) ittiin jalqabamuu dha. Kanuma ilaalcissee heerri RDFIk. 20(2) jalatti namoonni himataman himannaan haala ifa ta'een ibsamuu fi akka qabuu fi barreffamaan argachuu akka qaban tumeera. Kanaafuu, himannaadambii darbuu fi dhaddacha jeequun¹⁴⁹ ala jiran hunduu barreffamaan yoo hin dhiyaanne dhimmicha mana murtiitti ilaaluun hin danda'amu.¹⁵⁰ Akkasumas waraabbiin himaanna himatamaaf tolaan kennamuufii qaba.¹⁵¹ Kanaafuu, abbaan alangaa akkuma galmeen qorannaa isa bira gaheen galmicha sirriitti eega keessa qoratee booda sababoonni himanna hundeessuu hin dandeessifne yoo hin jiraannee fi ragaan gahaan jiraachuu yoo mirkanoeffate shakkamaa irratti himanna hundeessuu qaba. Jecha biraatin yoo ibsamu, abbaan alangaa shakkamaa balleessummaa itti murteessisuuf ragaan gahaan jiraachuusaa kan mirkanoeffate yoo ta'e himanna hundeessuudhaan mana murtii dhimmicha ilaaluuf aangoo qabutti dhiyessuu qaba jechuu dha.

¹⁴⁹ Seera Yakkaa Mootummaa RDFI kw. 449

¹⁵⁰ Seera Deemsa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 108 (2)

¹⁵¹ Seera Deemsa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 109(4)

Kutaa kana jalatti qabiyyee himannaa, uunka (form) himannaa, himannaa hundeessuu fi kaasuun wal qabatee dhimmoota ilaalamuu qaban tokko tokkoon akka armaan gadiitti haa ilaallu.

3.1.1. Qabiyyee fi Unkaa Himannaa (Contents and form of the Charge)

Himannaan dhiyaatu kamiyyuu akkaataa SDFY kw. 111 fi 112 tiin qophaa'ee dhiyaachuu qaba. Haaluma kanaan himannaan abbaa alangaa uunka (form) hordofuu qabuu fi wanta hammachuu qabu (substantive requirements) qaba. Kunis akkaataa guca lammaffaa (second schedule) dhuma SDFY irratti argamuutiin ykn haala walitti dhuyeenya qabuun dhiyaachuu qaba. Himannaan yakkaa kamiyyuu kutaalee afur qaba. Kunis seensa (caption), Yakka raawwatamee fi kw. seera darbamee gabaabinaan, tarree yakkaa fi tarree ragaaleeti.

3.1.1.1. Seensa (caption)

Seensi (caption) himannaa guyyaa, mana murtii himannaan itti dhiyaate, himataa (abbaa alangaa) fi himatamaa (maqaa guutuu himatamaa, teessoo, umrii, hojii fi kkf waliin) kan hammatuu dha.

3.1.1.2. Hima Yakki Ittiin Ibsamu

Himni yakki ittiin ibsamu (statement of the offence) seensatti aanee gabaabinaan akka mata dureetti kan barreeffamu yoo ta'u yakka raawwatamee fi seera irra darbame gabaabinaan kan ibsuu dha. Fkn "seera yakkaa RDFI bara 1996 bahe kw. 539 irra darbuun yakka ajjeechaa lubbuu namaan cimaa raawwachuu" jedhamee dhiyaachuu ni danda'a.

3.1.1.3. Tarree Yakkaa

Kutaa himanna keessaa inni biraataa kutaa tarreen yakkaa itti ibsamuu dha. Tarreen yakkichaa kutaa himanna keessaa isa murteessaa yoo ta'u wantoota gochaa sana yakka taasisanii fi haala raawwii gochichaa akkasumas yaada himatamaan gochicha ittiin raawwate (ta'e jedhee itti yaadee ykn dagannoon (haala dagannoo jechisiisan waliin)) haala ifa ta'een ibsuu qaba. Gochaan raawwatame yeroo ibsamu afaan kw. seera caphe jedhamee hordofuu qaba. Kunis gochaan himatamaan raawwate yakka ta'uu isaa murteessuun akka danda'amuuf akkasumas himatamaan yakka ittiin himatame hubatee ofirraa ittisuun akka danda'u taasisuudhaafi. Kana malees manni murtii dhimmicha sirriitti hubatee murtii haqa qabeessa akka kenuuuf gargaara. Dabalataanis kutaan kun yeroo fi iddooyakki itti raawwatame haala ifa ta'een ibsuu qaba. Kunis mirga ofirraa ittisuun himatamaa kan mirkaneessu waan ta'eef yeroo yakkichi itti raawwatamee fi iddoon yakkichi itti raawwatame maqaa beekamaa ta'een ibsamuu qaba.

Tarreen himanna wanti hammachuu qabu kan biraan nama ykn qabeenya yakki irratti raawwatamee dha. Adeemsa falmii keessatti namni ykn qabeenyi yakki irratti raawwatame eenu ykn kan eenyuti?, haala kamiin yakki irratti raawwatame? gaafilee jedhan ragaan qulqulleessanii gochichi haaluma jedhameen raawwatamuu fi dhiisuu isaa addaan baasuun barbaachisaa waan ta'eef qaamni yakkichi irratti raawwatame ibsamuu qaba.

Egaa abbaan alangaa himatamaa irratti himata yoo dhiyeessu gochaa raawwatame, yaada ittiin raawwatamee fi haala seerichaa sirnaan ibsuu danda'uu qaba. Keessattuu gochaan tokko nama lamaa fi sanaa oliin kan raawwatame yoo ta'e himanna keessatti hirmaannaan himatamtootaa tokko tokkoon ibsamuu qaba.¹⁵² Kana ilaachisee manni murtii federaalaa dhaddachi ijibbaataa murtii dirqisiisaa kenneen yakka raawwatame keessatti hirmaannaan himatamtootaa mata mataan adda bahee kan hin dhiyaannee fi ragaadhaan hin mirkanoofne yoo ta'e himatamaa irratti murtii balleessummaa fi adabbii murteessuun kan hin danda'amne ta'uu ibseera.¹⁵³

3.1.1.4. Tarree Ragaa

Akkaataa heera RDFIk. 20(4) tin namni yakkaan himatame ragaa isarratti dhiyaate kamiyyuu beekuu fi ragaa itti bahamus gaafachuuf mirga qaba. Bu'uura SDFY kw. 124(1)tin akkuma guyyaan dhagahaa mana murtiitiin murtaa'een (fixed) abbaan alangaa fi himatamaan ibsa ragaa isaanii registiraara mana murtiitti galchuu akka qaban eera. SDFY kw. 111 yoo qabiyyee himanna ibsuutti ibsa ragaa qabiyyeedha jechuun kaa'ee hin jiru. Hojimaataan garuu abbaan alangaa himaanna yoo dhiyeessu tarree ragaa ibsuudhaan fi ragaa ibsame hunda himannaan wal qabsiisee dhiyeessiisuun dhiyeffama.

1. SDFY kw. 124(1) jalatti guyyaan dhagahaa akkuma beellamameen abbaan alangaa fi himatamaan ibsa tarree ragaa isaanii galfachuu akka qaban kaa'a. Hojimaata keessatti garuu tarree ragaa qabiyyee himanna gochuun dhiyaata. Hojimaata kana qixa tumaa seeraatin akkamitti ilaaltan? Bu'a qabeessummaa isaa qixa Heera RDFIk. 20(4) tin akkamitti ilaaltan?

¹⁵² Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 112

¹⁵³ Murtii Dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii Waliigalaa Federaalaa, Barsiisaa Awat Takkaa Fi Abbaa Alangaa Naannoo Tigraay, Galmee Lakk. 57644 Gaafa 25/11/2003 Murtaa'e, Jiildii 12ffaa Fuula 264.

Dhimma 11 : falmiin yakkaa kun Mana Murtii Aanaa Limmuu Koossaatti¹⁵⁴ kan ilaalamme yoo ta'u Himata Abbaan Alangaa Aanaa L/Koossaa dhiyeesseen himatamaan Bosona Mootummaa aanaa L/Koossaa ganda Koossaa Geeshee iddo addaa Qabbanna jedhamutti argamuu fi daangaan isaa kallattii afranuunuu bosona mootummaa ta'e heeyyama malee faayidaa seeraan alaa argachuuf bara 2002 ALI hanga bara 2010 ALI tti kaampii keessatti ijaaruun hojjattoota qacaree lafa Hek. 72.01 (torbaatamii lamaa fi toqaa duwwaa tokko) irraa mukkeen kan akka Algee, Dhummuugaa, Yeeboo, Qararoo, Waddeessa fi kkf tilmaamaan qarshii 1,030,821.033 (Miiliyoona tokkoo fi kuma soddomaa fi dhibba sadheetii fi digdamii tokkoo fi saantima duwwaa sadii) ta'u mancaasun Buna keessatti dhaabee waan jiruuf Labsii Bosona Oromiyaa lakk. 72/95 kw. 14(1(b)), 14(2), 14(4(a)),14(5) fi 15(4) irra darbuun himatameera.

Gaaffii marii

1. Guyyaa qabatamaa fi sa'atii murtaa'aa yakki itti raaawwatame adda baasuun bakka hin danda'mneetti abbaan alangaa himannaa isaa yakka "wagga ykn ji'a kanaa hanga wagga ykn ji'a kana giddutti" raawwatame jechuun bifa armaan olitti ibsameen himata hundeessuun ni danda'amaa?

3.1.2. Yeroo Himannaan Keessatti Hundeeffamuu Qabu

Abbaan alangaa bu'uura SDFY kw. 37 tiin galmeen qorannaa poolisii eega isa bira gahee booda guyyaa kudha shan (15) keessatti himannaa isaa hundeesssee mana murtii dhimmicha ilaaluuf aangoo qabutti dhuyeessuu qaba.¹⁵⁵ Haata'u malee, guyyoota jedhame kanatti abbaan alangaa himannaa isaa kan hin dhiyeessine yoo ta'e maal hordofsiisu akka danda'u seeraan hin teenye. Keessattuu shakkamaan too'annaa jala kan jiru yoo ta'e hanga abbaan alangaa himannaa hundeessutti waa'ee mirga isaa wanti jedhame hin jiru. Gama kanaan Heerri RDFI namni too'annaa seeraa jala oole ykn namni himatame yeroo sababa qabeessa ta'e keessatti (within a reasonable time) murtii argachuuf mirga akka qabu tumeera. Heerri kun qaama kamiinuu kabajamuu kan qabu yoo ta'u addatti immoo manni murtii heericha kabachiisuuf dirqama ol'aanaa qaba.¹⁵⁶

¹⁵⁴ Abbaa Alangaa A/L/Kossa Vs Abduqqee A/Maccaa, Mana Murtii A/L/Kossa, lakk. galmee 19744, gaafa 19/06/11 ilaalamme

¹⁵⁵ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 109(1)

¹⁵⁶ Heera RDFIKw. 13(1), 19(6) Fi 20(1) Wal Faana Dubbisaa

Gama kanaan wixinneen SDFY rakkoo kanaaf fala kaa'uu yaaleera. Haaluma kanaan abbaan alangaa guyyoota 15 keessatti himannaas isaa hundeessuu mana murtii dhimmicha ilaaluuf aangoo qabutti dhiyeessuu akka qabu tumeera.¹⁵⁷ Abbaan alangaa daangaa yeroo kaa'ame kana keessatti himannaas kan hin hundeessine yoo ta'e gaafa beellamaatti mana murtii dhiyaatee sababa himannaas hundeessuu dhabbeef mana murtiif ibsuu qaba. Guyyaa beellamaatti abbaan alangaa dhiyaatee sababa himata hin hundeessineef kan hin ibsine yoo ta'e ykn sababni dhiyeesse amansiisaa ta'uu yoo baate manni murtii shakkamaan wabiin akka bahu ajaja. Gama biraatiin manni murtii sababni dhiyaate amansiisaa ta'uusaa yoo itti amane hanga guyyoota 7 kennuufii akka danda'uu fi yeroo kana keessatti abbaan alangaa himata kan hin hundeessine yoo ta'ee fi shakkamaan too'annaa jala yoo jiraate wabiidhaan too'annaa jalaa akka bahu ni ajaja jechuudhaan tumeera. Sababni abbaan alangaa dhiyeesse gahaa ta'uusaa manni murtii yoo amanee fi yakkichi mirga wabii kan hin kennisiifne yoo ta'e manni murtii yeroo himannaan itti dhiyaachuu qabu hanga guyyoota 15 dabalataan ni kennaaf. Guyyoota kana keessatti abbaan alangaa himata kan hin hundeessine yoo ta'e manni murtii shakkamaa wabiin gadi dhiisuudhaan gal mee beellama yeroo ni cufa. Abbaan alangaa shakkamaa irratti himata kan hin hundeessine yoo ta'e (fkn hin himachiisu jechuun gal mee cufuu) kanuma mana murtii beellama yeroo kenneef beeksisuu qaba.¹⁵⁸ Akka keewwata kanarraa hubatamutti dhimma manni murtii beellama yeroo irratti kennerratti qorannaanis kan xumurame yoo ta'e manni murtii osoo gal mee hin cufne abbaan alangaa galmicharratti murtii akka kenu ajaja kenna jechuu dha. Tarkaanfin kun shakkamtoota eega qorannaan xumuramee booda osoo murtii hin arganne yeroo dheeraa hidhaman hambisuuf yaadamee kan fudhatamee dha.

Qaphxii Marii

1. Manni murtii gal mee yeroo beellamaa erga cufeen boodatti abbaan alangaa guyyoota 15 keessatti himannaas akka hundeessuu yoo ajaju ni mul'ata. Guyyaa kana keessattis abbaan alangaa himannaas hin hundeessine yoo ta'e shakkamaan ajaja manni murtii dursa kenne caqasuu iyata bilisummaa qaamaa (habeus corpus) dhiyeessuu danda'aa?

Dhimma 12: dhimmi kun MMA mag/jimmaatti kan ilaalamme yoo ta'u iyyataan Qa/Po/Bu/Ma/Jimmaa Aanaa 1^{ffa} yoo ta'u shakkamaan yakka tajaajila teeleekom seeraan ala

¹⁵⁷ Wixinee Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Fi Seera Ragaa Itiyoophiyaa Bara 2009 Qophaa'e, Kw. 222.

¹⁵⁸ Wixinee SDFY Itiyoophiyaa Fi Seera Ragaa Itiyoophiyaa Bara 2009 Qophaa'e, Kw. 223.

kenne (የቃለዷም ማጥሪር) jedhuun shakkamee waan jiruuf qorannoo keenya akka xumurruuf yeroon beellamaa guyyaan 14 nuuf haa kennamu jedhaniiru.¹⁵⁹ Manni murtiis ajaja 01/02/2011 kenneen yeroo beellamaa guyyaa 10 kenneera. Beellama itti aanuu, gaafa 12/01/2011 tti, Poolisiin qorannoo kan hin xumurre tahuu ibsuun yeroo beellama dabalataa gaafatee manni murtiis guyyaa 8 kenneera. Beellama itti aanuutti, 22/02/2011 ALI tti, Poolisiin guyyaa dabalataa gaafatee manni murtiis guyyaa 8 kenneera. Beellama itti aanuutti, gaafa 03/03/2011 tti, Poolisiin guyyaa beellamaa dabalataa 5 gaafatuus manni murtii gaaffii yeroo beellamaa kufaa gochuun ajaja kenneen guyyoota kudha shan keessatti abbaan alangaa shakkamaa irratti himanna hin hundeessina taanaan Manni amala sirreessa Go/Jimmaa guyyaa 16^{ffa} irratti shakkamaa gadi haa lakkisu jedheera. Poolisiinis ajaja kana komachuun oliyyannoo isaa MMO go/jimmaatti dhiyeesseera.

Gaaffii marii

1. Manni murtii ajaja mana sirreessaaf kenne kana kennuu danda'aa? Seera rogummaa qabu kaasuun mari'a dhaa.

3.1.2. Himanna Filannoo (Alternative Charge) Dhiyeessuu

Abbaan alangaa galme qorannaa poolisii yoo qoratu ragaaleen galmicha keessa jiran yakkoota walitti dhiyeenya qaban keessa kamirratti akka mirkaneessan kan isa shakkisiise yoo ta'ee fi haala amansiisaa ta'een murteessuun kan isa rakkise yoo ta'e yakkota kanniin keessa irra caalaa ragaadhaan mirkanaa'eera kan jedhuun himata dhiyeessa. Kanumatti aansuudhaan yakka biraan ragaadhaan mirkanaa'u danda'a jedhame itti aansee akka himata filannootti hundeessa jechuu dha.¹⁶⁰ SDFY kw. 113(2) yoo ilaallu himata abbaan alangaa dhiyeesseen ala ragaaleen irra caalaatti yakka biraan raawwachuu kan mirkaneessan yoo ta'e manni murtii yakka ragaan mirkaneesse sanaan balleessaa taasisuu akka danda'u dha. Haata'u malee manni murtii haala kanaan murteessuu kan danda'u yakki dabalataan itti murteessu kun yakka himannaan ittiin dhiyaatee gadi kan adabsiisu yoo ta'ee dha. Kanarraa hubachuun kan danda'amu abbaan alangaa akka himata filannootti itti dhimmamuu kan qabu yakka haadhoon dhiyaatee ol kan adabsiisu yoo ta'ee dha. Sababni isas yakki mana murtiirratti ragaan mirkaneesse yakka abbaan alangaa ittiin himatee

¹⁵⁹ Qa/Po/Bu/Ma/Jimmaa Aanaa 1^{ffa} vs Fiqiree Walda'aab, MMA Mag/Jimmaa, lakk. galme 38965, ajaja gaafa 03/03/2011 kennname.

¹⁶⁰ Seera Deemsa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 113(1)

gadi kan adabsiisu yoo ta'e manni murtii dabalataan ykn jijiiramaan balleessummaa fi adabbii itti kennuu waan danda'uufi dha.

Haata'u malee, muuxannoo gama kanaan jiru yoo ilaallu yeroo hedduu abbaan alangaa shakkamaan yakka ol'aanaa raawwachusaa ragaan kan isa shakkisiisuu fi yakka gadi aanaa ta'e immoo haala amansiisaa ta'een kan itti mirkanaa'e yoo ta'e yakka xiqqa sanaan himatee yakka ol'aanaa sanaan himata filannoo dhiyeessuu irra yakkuma ol'aanaa sanaan himanna tokko qofa yoo dhiyeessu ni mul'ata. Sababni isaas yakka ol'aanaa sanaan yoo hin mirkanaa'in manni murtii yakka gadi aanaa sanatti jijiiree haa murteessu yaada jedhurraa dhufa. Kun immoo ofitti amanamummaa abbaa alangaa shakkii keessa kan galchuu fi mirga himatamaas kan miidhuu dha.¹⁶¹ Fakkeenyaaaf, himatamaan osoo yakka gadi aanaan himatamee mirga wabii argachuu kan danda'u yoo ta'e, wabiin bahee alaa deddeebi'ee falmachuu osoo danda'uu hanga manni murtii murtii kennutti too'anna jala tura jechuu dha.

3.1.3. Himata Tokkoo ol Hundeessuu (Joinder of Charges)

Himata tokkoo ol waraqaa himanna tokkoratti dhiyeessuu (joinder of charges) jechuun himatamaa tokko ykn himatamtoota wal faana himataman irratti himanna lamaa fi lamaa ol hundeessuun barbaachisaa ta'ee yoo argame himata tokko irratti lakkoofsa (count) adda addaa jalatti himannaawan garagaraa dhiyeessuu jechuu dha. Kunis kan ta'u namni tokko yakkoota dachaa (yakka garagaraa) tumaalee seeraa adda addaa darban raawwatee yoo argame ykn tumaad huma tokko jalatti gocha yakkaa adda addaa raawwatee yoo argame waraqaa himanna tokkoon lakkoofsa (count) adda addaa tiin yoo himatamee dha.¹⁶² Himanna tokkoo ol hundeessuun kan raawwatamu haala raawwii yakkaa ilaachisee haalonni seera yakkaa kw.60 jalatti tumaman guutamanii yoo argamanii dha. Akka seera yakkaa kw.60 jalatti tumametti himatamaa ykn himatamtootni yakka dachaa raawwatan kan jedhamuu fi himanna lamaa fi isaa oliin himatamuu kan danda'an haalota sadii keessatti.

Tokkoffaan yakkichi haala seera yakkaa kw. 60(A) jalatti ibsameen kan raawwatame yoo ta'ee dha. Kunis himatamaan yakkoota qabatamoo akaakuu tokkoo ykn garagaraa lama ykn lamaa ol kamiyyuu walitti aansuun kan raawwaate (concurrence of offences or material concurrence) yoo ta'ee dha. Hima biraatiin yakki dachaa gosa kanaa (material concurrence) jira kan jedhamu

¹⁶¹ ከማኑ ህክምናዊርና ትምርጋፍ፡ የወንጀልዋርመሸና የከርክክአመራርና ቁጥጥለውን፤ 2008, Fuula 137

¹⁶² Seera Deemsa Falmii Yakkaa Itiyophiyaa Kw. 116 (1)

gochoonni yakkaa hedduun yakkoota wal fakkaatan ykn adda addaa hedduu uuman yoo jiraatanii dha. Fakkeenyaaaf, namni tokko mana namaa balbala cabsee seenee qabeenya adda addaa hatee akkasumas dubartii mana keessa jirtu takka dirqisiisee yoo gudeede gocha yakkaa lamaan yakkoota garagaraa lama raawwateera jechuu dha. Kunis yakka hanna (seera yakkaa kw.665) fi dirqisiisanii gudeeduu (seera yakkaa kw.620) raawwateera jechuu dha. Kanaafuu himatamaan yakkoota garagaraa lama raawwatee waan argameef himata adda addaa lamaan himatamuu qaba jechuu dha.

Lammaaan yakkichi haala SY kw. 60(B) jalatti ibsameen kan raawwatame (notional concurrence) yoo ta'ee dha. Kunis kan uumamu himatamaan gochaa tokkoon yeroo tokkotti tumaalee seeraa lama ykn lamaa ol darbuun ykn gocha tokkoon yakkoota bu'aa qabatamaa adda addaa hordofsiisan raawwachuun yakkoota dachaa kan raawwate yoo ta'ee dha. Yakki dachaan gosa kanaa (notional concurrence) jira kan jedhamu gochaan yakkaa tokko qofti tumaalee seera yakkaa lama ykn lamaa ol irra kan darbe yoo ta'ee dha.

Sadaffaan, SYkw. 60(C) jalatti kan ibsamee yoo jiraatee dha. Akkaataa tumaa kanaatti yakkoonni dachaan raawwatameera kan jedhamu namni tokko yaada yakka tokko raawwachutiin ykn dagannoon (by the same criminal intention or negligence) yakki inni raawwate tumaa seeraa tokko kan darbu ta'ee mirga ykn faaydaa namoota lamaa fi lamaa ol ta'erratti miidhaa akaakuu tokko qabu kan hordofsiise yoo ta'ee dha. Fakkeenyaaaf, namni tokko namoota iddo tokko taa'aa jiran yaada isaan nama tokko ajjeesuutiin qawween rasaasa otomaatika kan itti dhukaasee fi namoota hunda kan ajjeese yoo ta'e yaadni (intention) isaa tokkicha (nama ajjeesuu) akkasumas miidhaan gahe tokko (ajjeechaa lubbuu namaa), garuu miidhamtooni gochaa isaa kanaan hubaman heddu. Fakkeenya biraatiin, namni tokko konkolaataan imaltoota hedduu fe'ee konkolaachisaa osoo jiruu dagannoon konkolaataa garagalchee namoonni hedduun kan du'an yoo ta'e dagannoo tokkoon gochaa tokko (dagannoon nama ajjeesuu) miidhamtoota garagaraa irratti raawwateera jechuu dha. Haalonni akka fakkeenya olitti ibsamani kan uumaman yoo ta'e raawwataan gochichaa (himatamaan) miidhamtoota adda addaa irratti yakka raawwachuu isaatiin akkuma baay'ina himatamtootaatti himata hedduun himatama jechuu dha. Yakki dachaan gosa kanaa haala himata tokkoo ol hundeessuu (joinder of charges) SDFY bara 1957 keessatti beekkamtii kan argatee miti. Sababa kanaan osoo SY bara 1996 hin bahiniin duratti namni yakkoota dachaa gosa kanaa raawwate akkuma waan yakka tokko qofa raawwateetti himatamaredture. Eega seerri yakkaa kun tumamee as garuu haala armaan olitti ibsameen himannaan hedduun

irratti dhiyaata jechuu dha. Gama kanaan kw.60(C) irraa wanti hubatamu seerichi qaawwa seera yakkaa bara 1957 keessatti mul'atu cufuudhaan mirgaa fi dantaa tokkoon tokkoo namootaatiif eegumsa gochuu isaati.

Dabalataan haala hiikkaa fi hojirra oolmaa seera yakkaa kw.60(C) ilaachisee mana murtii waliigalaa federaalaatti dhaddachi ijibbaataa murtii dirqisiisaa kenneen yaada ykn dagannoo yakka raawwachuu tokkoon keewwanni seeraa tokko kan irra darbamee fi namoota hedduu irra miidhaa wal fakkaataa geessuun isaa kan mirkanaa'e yoo ta'e namni yakkicha raawwate yakkoota dachaatiin gaafatamuu akka danda'u murteesseera. Haalli murtii adabbiitis baaxii adabbii haala waliigalaa seeraatiin taa'ee ol darbuu akka hin qabne manni murtii kun ibseera.¹⁶³

Gama biraatiin yakkoonni lamaa fi sanaa ol himatamaa tokkoon kan raawwataman yoo ta'ee fi gartokkeen aangoo mana murtii sadarkaa gadii yoo ta'e, gartokkeen yakkootaa immoo aangoo mana murtii sadarkaa olii yoo ta'e abbaan alangaa yakkoota hundaa mana murtii ol'aanu irratti himachuu qaba.¹⁶⁴ Kaayyoon tumaa kanaa yeroo fi baasii falmii bakka garagaraatti gaggeeffamuuf qisaasamuu danda'u oolchuuf akka ta'e ni mul'ata. Fakkeenyaaaf, namni tokko yakka ajjeechaa lubbuu namaan kan raawwatee fi nama du'aa waliin ture irratti immoo yakka miidhaa qaamaa kan raawwate yoo ta'e yakka lamaan kan himatamu ta'uun beekamaa dha. Kunis yakka ajjeechaatiin seera yakkaa kw.539 fi yakka miidhaa qaamaatiin kw.556(2) jalatti kan himatamu yoo ta'e dhimmicha ilaalee murteessuuf kan aangoo qabu wal duraa duubaan mana murtii ol'aanaa fi mana murtii aanaati. Haata'u malee yakkoota kana lamaan manneen murtii garagaraatti himachuun yeroo fi baasii mana murtii, abbaa alangaa, akkasumas kan himatamaa fi ragaa qisaasuu waan ta'uuf mana murtii ol'aanaatti dhiyeessuun rogummaa kan qabaatu ta'a jechuu dha. Akkasumas, haalli raawwii yakkichaa walitti dhufeenyaa kan qabu waan ta'eef iddo tokkotti yoo ilaalam murtii haqa qabeessa kennuufis mijataa ta'a. Kanaafuu, mana murtii ol'aanu irratti himanna tokkoo ol himatamaa irratti dhiyaata jechuu dha.

Himannaan lamaa fi isaa ol waraqaa himanna tokkoon yoo dhiyaatu wantoota himannaan tokko qabaatuu qabu hundumaa hammachuu qaba. Kunis wantoota armaan olitti mata duree qabiyyee fi uunka himanna (contents and form of charge) jalatti ibsaman hundumaa qabaachuu qaba jechuu dha. Haata'u malee himatamaan (himatamtootni) tokkoma waan ta'eef himannaan mata

¹⁶³ Murtii Dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii Waliigalaa Federaala, Gargaaraa Saajin Ahmad Laggasaa Fi Abbaa Alangaa Federaala, Galmee Lakk. 96078 Gaafa 11/07/2006 Murtaa'e, Jiildii 16ffaa Fuula 270.

¹⁶⁴ Seera Deemsaa Falmii Yakkoo Itiyophiyaa Kw. 109 (3)

duree (caption) tokkoma qabaata. Himanni dhiyaatu akkaataa ulfaatina yakkichaatiin wal duraaduubaan himata 1^{ffa}, himata 2^{ffa}, himata 3^{ffa} ... jedhamee tertiibaan kan dhiyaatu yoo ta'u himati hunduu mata mataatti seera irra darbame (statement of the offence) fi tarree yakkaa of danda'e qabaachuu qaba. Sababni isaas lakkofsi himanna (count) hunduu himanna adda addaa kan qabaatuu fi himannichis gochoota yakkicha hundeessan qabaachuu waan danda'uufi. Yeroo miidhamaan heddummaate garuu garaagarummaa miidhamaa malee ijoon himanna tokkoma ta'uu danda'a. Dhumarratti himata hundaa jalatti tarreen ragaa adda addaa kan dhiyaatu osoo hin taane fuula dhuma irratti ragaaleen himanna hundaa ilaallatan tarreeffamuu qabu. Garuu ragaalen dhiyaatan himata kam irratti akka dhiyaatan adda baasuun ni danda'ama. Kunis manni murtii fi abbaan alangaatis yeroo ragaa dhagahan haala salphaa ta'een akka adda baasanii fi ijoo barbaadame irratti ragaa akka dhagahan isaan taasisa. Akkasumas manni murtii ragaa namaa, ragaa sanadaa fi ragaa ciraat dhiyaate ijoo dubbii himannichaa waliin wal simsiisuun haala salphaa ta'een qoratee murtii (jala murtii) barbaachisaa ta'e akka kenu ni garagaara.

Himatamaa tokko irratti yakkoota adda addaa waliin himachuu fi waliin dhagahuun mirga ofirraa ittisuu himatamaa kan dhaphisu ykn kan miidhu yoo ta'e himatamaan ykn abukaatoon isaa dhimmoonni addaan bahanii akka ilaalaman gaafachuu ni danda'u. Manni murtiis mormii ka'e xiinxalee himannaan addaan bahee ilaalamuun barbaachisaa ta'uusaa yoo itti amane adda bahee akka ilaalamu ajajuu ni danda'a.¹⁶⁵

Gama biraatiin sababa yakkoonni dachaan raawwatamaniif himata lamaa fi lamaa ol hundeessuu waliin wal qabatee tumaan seera yakkaa kw.61(1) sirriitti hubatamuu qaba. Akka keewwata kana jalatti ibsametti gochoonni yakkaa walitti makaman tokko ykn tokkoo ol ta'an mirga seeraan eegumsi taasifameef tokko irratti kan raawwataman yaada yakka tokko raawwachuutiin ykn dagannoon yommuu ta'uu fi gochoonni kun hundi tumaa seeraa tokkoon kan hammataman yommuu ta'u raawwataan yakkichaa tumaalee adabbii dachaa amala wal fakkaataa qaban lamaa fi lamaa ol ta'aniin hin adabamu (hin himatamu). Yaadni kw.61(1) yaadota kw.60(A-C) jalatti ibsaman irraa adda ta'uun isaa beekamuu qaba. Kw.61(1) jalatti yakki raawwatame tokko qofa akkasumas miidhamaan yakki irratti raawwatames tokko qofaa dha. Haata'u malee yakkoonni dachaan kan raawwataman fakkaata. Sababni isaas gochaan/gochoonni raawwatame/man tumaa seeraa lamaa fi isaa ol irra kan darban fakkaatu. Garuu gochoonni raawwataman hunduu tumaa

¹⁶⁵ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyophiyaa Kw. 116(2)

seeraa tokko jalatti kan hammataman yoo ta'e, raawwataan gochichaa tumaa seeraa gochoota hunda hammatu sana qofa jalatti himatamuu qaba. Fakkeenyaaaf, namni tokko qabeenya nama biraan humnaan kan fudhate yoo ta'e gochoota lamatu as keessatti mul'ata. Kunis qabeenya namaa fudhachuu fi humna fayyadamuu dha. Qabeenya namaa fudhachuun yakkoota hanna (kw.665) fi wanbadummaa (kw.670) keessatti hammatameera. Garuu himatamaan keewwatoota lamaan kanaan himatamuu qaba jechuu miti. Dhimmoonni akkasii yeroo uumman tumaa seeraa gochoota raawwataman hunda haala guutuu ta'een hammatu jalatti himannaa qopheessuu qabna jechuu dha. Kanaafuu, keewwanni 665 qabeenya namaa fudhachuu keessatti humna fayyadamuu waan hin hammanneef, garuu keewwanni 670 humna fayyadamuu kan hammatu waan ta'eef himatamaan 670 jalatti himatamuu qaba jechuu dha. Fakkeenyaa biraatiin namni tokko nama biraan yeroo tokkotti uleen qaama isaa iddo addaa addaa tumee kan ajjeese yoo ta'e yakka ajjeechaa lubbuu namaa qofaan himatamuu qaba malee yakka ajjeechaa fi miidhaa qaamaatiin himata lamaan hin himatamu jechuu dha. Kuni kan ta'eef gochaan miidhaa qaamaa qaamuma yakka ajjeechaati waan ta'eefi.

Walumaagalatti kw.61(1) hojirra oolchuuf: tokkoffaa keewwatni gocha raawwatamee fi qabiyyee (elementoota) isaa bakka tokkotti hammatu jiraachuu qaba. Keewwanni haala kanaan gochoota raawwataman hunda hammatu yoo hin jiraanne gochaa tokkoon tumaa seeraa hedduu irra darbuun (notional concurrence kw.60-b) keewwatoota irra darbe hundaa jalatti himatama jechuu dha. Lammaffaa gochi (gochoonni) yakkaa mirgaa fi dantaa seeraan tikfame tokko irratti kan raawwatame ta'uu qaba. Hima salphaan miidhamaan tokko qofa ta'uu qaba jechuu dha. Gochichi kan raawwatame miidhamtoota hedduu irratti yoo ta'e kan hojirra ooluu qabu kw.60(c) ta'a malee kw.61(1) miti jechuu dha.

Kanaan wal qabatee dhaddachi ijibbaataa mana murtii waliigalaa federaalaa seera yakkaa kw.61(1) ilaachisee murtii dirqisiisaa kenneera. Haaluma kanaan gochaan yakkaa yaada ykn dagannoo yakka raawwachuu tokkoon kan raawwatame, mirga seeraan eegumsi godhameef tokko irratti kan raawwatamee fi gochoonni hundi kw.tokko jalatti hammatamuu kan danda'an yoo ta'e himatamaan kw.gochoota hunda uwvisu jalatti himatamuu qaba malee yakkoota dachaa lamaa fi lamaa oliin adabamuu (himatamuu) hin qabu jechuun murteesseera.¹⁶⁶

¹⁶⁶ Murtii Dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii Waliigalaa Federaalaa, Abbabaa Tafarraa Fi Abbaa Alangaa Federaalaa, Galmee Lakk. 134549 Gaafa 23/01/2010 Murtaa'e, Jiildii 22ffaa Fuula 178.

Kana malees bu'uura seera yakkaa kw.61(3) tiin himatamaan yakka tokko raawwachuuf karoorfatee yakkuma raawwachuuf karoorfate kana galmaan gahuuf gochoonni walitti fufiinsaan raawwataman yakka muummee sana jalatti hammatamu qabu. Kanaafuu himatamaan yakka muummee sana qofaan himatamu (adabamuu) qaba malee gochoota yakka muummicha galmaan gahuuf raawwateen kophaa kophaatti himatamu hin qabu. Kana ilaachisee manni murtii waliigalaa federaalaa dhaddachi ijibbaataa murtii dirqisiisaa kenneen himatamaan kaayyoo yakka isa duraa galmaan gahuuf jecha yakka isa bu'uraa sana boodaan gochaan walitti aansuun raawwate yaada isa duraa fi galma bira gahuuf karoorfate waliin hariiroo kan qabu ta'ee yoo argame yakka muummicha jalatti hammatamee ilaalamuu akka qabu murteesseera.¹⁶⁷

Qaphxii Marii

1. Himatamaa tokko irratti yakkoota adda addaa waraqaa himanna tokko (several different counts) irratti hundeessuu fi dhagahuun mirga ofirraa ittisu himatamaa dhiphisu ykn miidhu yoo ta'e gargar ba'ee ilaalamuu akka qabu SDFY 116(2) jalatti ibsameera. Haalonni mirga ofirraa ittisu himatamaa dhiphisu danda'u jedhamanii ilaalamuu danda'anii fi safartuleen isaa maal ta'uu danda'a?

Dhimma 13: dhimmi kun jalqabaaf MMA Gommaatti kan dhiyaate yoo ta'u abbaan alangaa himatamaa irratti waraqaa himanna (chargii) tokko irratti himanna lama hundeesseera. Himannaan (count) 1^{ffa}a himatamaan kun badhaadhina isaf hin malle argachuuf jecha gaafa 21/12/2010 ALI guyyaa keessaa sa'atii 7:00 irratti magaalaa aggaaroo bakka addaa taayiwaan jedhamutti Radiyooni tilmaamni isaa qarshii 220.00 (dhibba lamaa fi digdama) tahee fi abbaan qabeenyummaa isaa kan Baahiruu Baadawwi ta'e mana daldala Elektirooniksii miidhamaa dhuunfaa keessaa hatee hordoffii taassifameen harkaaf harkatti qabamuu ibsuun SY kw. 665(1) irra darbuun yakka hannaatin himatameera. Himanna 2^{ffa}a himatamaa kana irratti dhiyaaten bakka, sa'atii fi guyyaa himanna 1^{ffa}a keessatti caqasameetti himatamaan kun kophee miillaa tilmaamaan qarshii 400.00 (dhibba afur) tahee fi abbaan qabeenyummaa isaa kan miidhamaa dhuunfaa Riyaad Daliil ta'e mana daldala Kophee miidhamaa dhuunfaa keessaa hate otuu fiigaa jiruu hordoffii taassifameen harkaaf harkatti qabamuu isaa ibsuun SY kw. 665(1) irra darbuun himatameera. Manni murtiis ragaa abbaa alangaa dhagahee himatamaan ragaa ittisaa hin qabu

¹⁶⁷ Murtii Dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii Waliigalaa Federaalaa, Abbaa Alangaa Waliigalaa Federaalaa Fi Mu'uz Dastaa. Galmee Lakk. 104637 Gaafa 24/04/2009 Murtaa'e, Jiildii 21ffaa Fuula 332.

jechuu isaatiin keewwatuma himannaan jalatti dhiyaate jalatti murtii balleessummaa kenuun himanna lamaaniifuu qofa qofaatti adabbii ka'umsaa erga fudhateen booda ida'uudhaan bu'uura qajeelfama adabbiitiin hanga adabbii murteesseera. Himatamaanis oliyyannoo MMO Go/Jimmaatti fudhateen yakki dalagame guyyaa, sa'aatii fi bakka wal fakkaataan akkasumas SY tokko irra darbuun kan raawwatame waan ta'eef himanna lamaan otuu hin taane himanna tokkoon himatamuun qaba jechuun komii dhiyesseera.¹⁶⁸

Gaaffilee Marii

2. Dhimma armaan oliitin wal qabatee komii MMO Go/Jimmaatti himatamaadhaan dhiyaate akkamitti ilaaltan? Seerota rogummaa qaban kaasuun irratti mari'adhaa.

3.1.4. Himatamtoota Lamaa fi Lamaa ol Waliin Himachuu (Joinder of offenders)

SDFY kw.117 jalatti akka ibsametti himatamtoota gochaa yakkaa keessatti sadarkaa (capacity) gara garaatin hirmaatan walitti fidanii himata tokkoon himachuun ni danda'ama. Garuu mata dureen kw.kanaa fi qabiyyeen isaa garagara. Mata-dureen isaa himanna walitti fiduu (joinder of charges) kan jedhu yoo ta'u qabiyyeen keewwatichaa garuu himtamtoota walitti fiduu dubbata. Mata-duree fi qabiyyeen keewwatichaa wal simuu baatus yaadni keewwatichaa himatamtoota waliin himachuu (joinder of offenders) kan ilaallatu waan ta'eef qabiyyee isaa ilaaluun kaayyoo mata duree xiqqaa kanaatiif rogummaa kan qabaatu ta'a.

Haaluma kanaan yakki tokko ykn yakkoonni walitti dhufeinya qaban hedduun namoota lamaa fi sanaa ol ta'aniin rawwatamuu danda'a. Akkasumas namoota yakkicha keessatti hirmaatan kanniin sadarkaan hirmaanna Isaanii wal fakkaataa ykn adda adda ta'uu mala. Kunis raawwataa yakkicha muummee (principal), kakaasuun (instigator), miiltoo (accomplice) fi kkf ta'uu ni mala. Hirmaannaan Isaanii sadarkaa kamiinuu haa ta'uu namoonni haala kanaan yakka raawwatan wal faana himatamuu fi wal faana dhagahamuu qabu.¹⁶⁹ Sababni isas keewwatni Isaan irra darban, manni murtii dhimmicha ilaaluuf aangoo qabu, ijoon dubbii dhimmichaa fi ragaaleen dhiyaatan yeroo hedduu tokko (wal fakkaatoo) waan ta'aniifi. Kanaafuu, namoonni hedduun haala raawwii yakka tokkoo keessatti gochaan Isaan raawwatan adda adda ta'us

¹⁶⁸ Tafarraa Tashooma Vs AA Go/Jimmaa, MMO go/Jimmaa, Lakk. galmee 46084, gaafa 2/2/2011 ilaalameera

¹⁶⁹ Raawwii yakkaa irratti hirmaataa ta'uu ilaalchisee seera yakkaa kw. 32-41 jalatti kan tumameen kan hoogganamu ta'a.

barbaachisaa ta'ee yoo argame waliin himatamuun ni danda'u.¹⁷⁰ Haaluma kanaan himannaa irratti tarrreen himatamtootaa kan barreeffamu yoo ta'u kunis himatamaa raawwii yakkichaa keessaatti hirmaannaa ol'aanaa qabu (himatamaa muummee) jalqabarra gochuun akkaatuma hirmaannaa isaaniitiin guddaarraa gara xiqlaatti tarreessuu qabna. Akkuma kutaa armaan olii keessatti ibsame qabiyyee himannaa keessattis raawwii yakkichaa keessaatti hirmaannaan himatamtootaa adda bahee ibsamuu qaba.

Haata'u malee, himatamtoota hedduu waliin himachuu fi waliin dhagahuun (charging and trying offenders jointly) mirga ofirraa ittisuu isaanii kan dhiphisu ykn miidhu yoo ta'e himatamtoonni ykn abukaatoon isaanii adda adda bahanii dhimmi isaanii akka ilaalamu gaafachuu ni danda'u.¹⁷¹ Manni murtiis mormii ka'e xiinxalee himatamtoonni garagar bahanii ilaalamuun barbaachisaa ta'uusaa yoo itti amane addaan bahanii akka dhagahaman ajajuu ni danda'a. Akkasums murtii haqa qabeessa kennuu irratti dhiibbaa kan qabaatu ta'ee yoo itti mul'ate manni murtiis himatamtoonni addaan bahanii akka dhagahaman ajajuu ni danda'a.¹⁷² Dabalataanis lakkooftsi himatamtootaa hedduu yoo ta'ee fi dhimmicha ilaaluu irratti rakkoo geessisuu kan danda'u (making the case unmanagable) yoo ta'e manni murtii iddo lama ykn lamaa olitti quoduudhaan himatamtoota badii wal fakkaataan himatamanii ragaan wal fakkaataan irrratti dhiyaachuu danda'u wal faana akka dhagahaman ajajuu ni danda'a.¹⁷³

Dhimma 14: Himanni kun MMA Loodee Heexosaatti kan dhiyaate yoo ta'u abbaan alangaa himannaa gaafa 25/06/2012 ALI hundeesseen himatamtoota lama waraqaa himannaa (charge) tokko irratti himateera. Himatamaan 1^{ffaa} badhaadhina hin mallee argachuuf ykn nama biroof argamsiisuuuf yaada godhatee gaafa 20/06/2012 ALI guyyaa keessaa sa'atii 8:00 yoo ta'u Aanaa Loodee Heexosaa ganda Gadabuusaa jedhamutti qabeenya miidhamaa dhuunfaa Dajan Kabbadaa fi addee Dammaquu Zawudee kan ta'e qotiyooo daalacha bulloo gaarree tilmaamaan qarshii 20,000.00 (kuma digdama) baasuu fi sa'aa magaala tilmaamaan qarshii 10,000.00 (kuma kudhan) baastu, walumattu qabeenya qarshii 30,000.00 (kuma soddoma) baasu hate yoo deemaa jiru waan argameef SY kw. 665(1) irra darbuun yakka hanna raawwateera jechuun himatameera. Waraqaadhumaa himannaa kanarratti Himannaa 2^{ffaa} abbaan alangaa himatamaa

¹⁷⁰ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 117(3)

¹⁷¹ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 130(2d)

¹⁷² Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 117(2)

¹⁷³ Miil-jalee 31^{ffaa}, fuula 327

2^{ffaa} irratti hundeesseen himatamaan 2^{ffaa} kun gaafa 21/06/2012 ALI tti tilmaamaan sa'aatii 6:00 yoo ta'u godina shawaa baha magaalaa walanciiti iddo addaa gabaayaa jedhamutti qabeenya miidhamaa dhuunfaa Dajan Kabbadaa fi addee Dammaquu Zawudee qotiyoo daalacha buloo garree qarshii 20,000.00 (kuma digdama) baasuu fi sa'a magaala qarshii 10,000.00 (kuma kudhan) baastu osoo gurguraa jiruu harkaa fi harkatti waan qabameef SY kw. 682(1) irra darbuun yakka dhoksaa raawwateera jechuun himatamaniiru. Tarreen ragaa maqaa namoota shanii fi ibsi ragaa cira himanna irratti caqasamee jira.

Himannaan kun gaafa 26/06/2012 ALI dhaddachaaf kan dhiyaate yoo ta'u manni murtii gal mee keessa yoo ilaalu yakki himatamaan 1^{ffaa} ittiin himatame SY kw. 665(1) irra darbuun yakka hanna gaafa 20/06/2012 ALI raawwatamee yoo ta'u Himannaan 2^{ffaa} himatamaa 2^{ffaa} irratti dhiyaate immoo yakka dhoksaa gaafa 21/06/2012 ALI raawwatamee dha. Guyyaa, sa'aatii fi bakki yakki itti dalagame garagara kan tahee fi Himanna dhiyaateen himatamtoonni walitti dhufeneenya yakka raawwachuu qabaachuu wanti agarsiisu waan hin jirreef himanna walitti dhiyaachuu hin qabne abbaan alangaa walitti dhiyeessee jira jechuun manni murtii mataa isaatin wal falmitootaa yaada dhiyeessera. Abbaan alangaas guyyaan gargar ta'uus qabeenyichi kan nama tokkoo waan ta'eef walitti dhiyeessuun keenya sirrii dha jedhaniiru. Manni murtiis dhimma walitti makamuu hin qabne abbaan alangaa waliitti makee dhiyeessuun isaa murtii haqaa kennuuf kan rakkisuu fi mirga himatamtootaa kan miidhu waan ta'eef bu'uura SDFY kw. 119 tin abbaan alangaa himanna haaraa himatamtoota gargar baasuun gal mee gara garaa irratti haa hundeessu jedhuu gal mee cufuun gara mana galmeetti deebiseera.

Dhimma 15: Himannaan kun kan qophaa'e Abbaa Alangaa aanaa O/Naaddatiin yoo ta'u himatamtoota sadii irratti himanna hundeesseera. Himmannichi hima yakki ittin ibsamu (statement of offence) yoo kaa'u "*Seera Yakkaa bara 1996 bahe keewwata 60, 37(1), 555(b) fi 32(1)(a) fi 556(2)(a)*" tin dhiyaate jedha. Itti fufuun Himanna 1^{ffaa} himatamtoota hunda irratti dhiyaate jechuun hima yakkichaa "*SY bara 1996 bahe kw. 37(1) fi 555(b) irra darbuun yakka raawwatame*" jechuun kaa'eera. Tarree himanna tokoffaas yoo ibsu: Himatamtoonni waliin ta'uun qaama namaa irratti miidhaa geessisuuf yaadanii aanaa O/Naddaa ganda Naddaa Sokotee iddo addaa Daawwee jedhamutti gaafa 18/07/2008 sa'aatii 7:00 guyyaa keessaa yoo ta'u miidhamaa dhuunfaa Abdulaaziiz Badiruu jedhamu himatamaan 2^{ffaa} fi 3^{ffaa}n harka isaa duubaan yoo qaban Himatamaan 1^{ffaa} n miidhamaa afaniirra dhahuu isaatiin ilkaan miidhamaa tokko yoo buqqa'u tokko socho'uu isaatin himatamtoonni wal gargaaruun miidhaa qaamaa cimaa

qaqqabsiisaniiru jedha. Himannaa 2^{ffa}a waraqaadhuma himannaa kana irratti kan hundeffame yoo tahu himni yakkichaas *SY kw. 32(1)(a) fi 556(2)(b) irra darbuun yakka raawwatame* jedha. Tarreen yakkichaas bakka, guyyaa fi sa'atii himannaa 1^{ffa}a keessatti caqasameetti miidhamaa dhuunfaa A/Rashaad A/Diiggaa jedhamu himatamaan 1^{ffa}a ulee dhaan harka bitaa ciqilee irra yoo ruktu, Himatamaan 2^{ffa}a gurmuu miidhamaa gara bitaa yoo ruktu, Himatamaan 3^{ffa}a n immoo miidhamaan akka hin sochooneef harka mirgaa isaa qabuun wal gargaaranii yakka qaamaa namaa irratti miidhaa geessisuu raawwataniiru jedha.¹⁷⁴

Gaaffii marii

1. Dhimmaa 4^{ffa}a wal qabatee seenaan raawwii yakkichaas himatamtooni waraqaa himannaa tokko irratti akka himannaa garagaraatiin (different counts up on same charge) himataman taassisuu danda'aa? Sababni fi ajajni manni murtii kaase hangam seera qabeessaa dha?
2. Dhimma 4^{ffa}a keessatti Manni murtichaa A/Alangaa himannaa addatti baasee akka dhiyeessu ajaja yoo kenu gal mee cufuun sirriidhaa? Moo bu'aa ajajaa eeguun ajaja itti aanu kenuutu sirriidha? Bu'aan gal mee haaala akkanatiin cufuun hordofsiisu maali? Fknf dirqamni wabummaa mana murtiitti seenamee kan jiru yoo ta'e ykn himatamaan to'annoo jala yoo ta'e?
3. Dhimmaa 5^{ffa}a keessatti himni yakki ittin ibsamu (statement of offence) akka waliigalaatti "*Seera Yakkaa bara 1996 bahe keewwata 60, 37(1), 555(b) fi 32(1)(a) fi 556(2)(a)*" jedhamuu isaa akkamitti ilaalta?
4. Dhimmaa 5^{ffa}a keessatti himannaa jalqabaa keessatti himatatoota himannaa tokko jalatti himachuuf abbaan alangaa SY kw. 37(1)kan caqase yoo ta'e himannaa lamaffaa jalatti himatamtoota himannaa tokko jalatti himachuuf SY kw. 32(1)(a) caqasee jira. Himatamtooni Sy kw. 32(1)(a) fi 37(1) jalatti haaluma wal fakkaatuun bifuma armaan oliitn himannaan irratti hundeffamuu danda'aa? Bal'inaan kaasuun mari'adhaa.
5. Haanqinaaleen biroo dhimmaa 5^{ffa}a jalatti himannaa qopheessuun wal qabatanii jiran kaasuun mari'adhaa.

¹⁷⁴ AA O/Naaddaa Vs Isaay A/biyyaa (n3), lakk. gal mee AA 0170/2011, gaafa 19/03/2011 hundeffame

3.2. Aangoo Manneen Murtii

Aangoo mana murtii jechuun aangoo manni murtii dhimma tokko ilaalee murteessuuf qabu jechuu dha. Dhimmi tokko ragaa gahaan kan mirkanaa'e ta'uun isaa eega adda bahee fi kan himachiisu ta'uun isaa eega mirkanaa'ee booda manneen murtii Itiyoophiyaa ykn manneen murtii biyya keessa jiran keessaa mana murtii kamiitu aangoo dhimma sana ilaaluu qaba kan jedhu dhimma adda bahuu qabuu dha. Abbaan alangaa galmeen qorannooakkuma isa dhaqqabeen dhimmichi kan himachiisu ta'uu isaa eega adda baafatee booda mana murtii dhimmicha ilaalee murteessuuf aangoo (aangoo hundee dubbii fi aangoo tooraa) qabutti himata isaa dhiyeessa jechuu dha. Manni murtiisakkuma himanni dhiyaateen dhimmicha ilaaluuf aangoo qabaachuuf dhiisuu isaa adda baafachuu qaba. Haaluma kanaan abbaan alangaa dogongoraan mana murtii aangoo hin qabnetti himannaaisaa kan dhiyeesse yoo ta'e manni murtichaa himannaaisaa fudhatee ilaaluu dhiisuudhaan abbaan alangaa mana murtii aangoo qabutti himannaaisaa akka dhiyeessu ajajuudhaan galmee cufuu qaba.¹⁷⁵Dhimmoota yakkaa irratti aangoon mana murtii sadarkaa sadiitti quodama. Kunis:

- Aangoo Biyyooleessa (national Jurisdiction)
- Aangoo Hundee Dubbii (Material Jurisdiction)
- Aangoo Tooraa (Local Jurisdiction)

3.2.1. Aangoo Biyyooleessa (National Jurisdiction)

Aangoon biyyooleessa dhimma yakkaa tokko irratti manni murtii Itiyoophiyaa aangoo qabaachuuf dhiisuu isaa kan ittiin adda baafannuu dha. Hima biraatiin aangoon biyyooleessa namni tokko seera yakkaa Itiyoophiyaatin gaafatamuu dandahuu isaa addaan baasuudhaan yakka raawwateef manneen murtii Itiyoophiyaatti himatamuu dandahuu isaa kan ittiin murteessinuu dha. Haaluma kanaan dhimma tokko irratti manneen murtii Itiyoophiyaa aangoo qabaachuuf dhiisuu isaanii beekamuun barbaachisaa dha. Manneen murtii Itiyoophiyaa dhimmoota seerri yakkaa biyya keenyaa irratti raawwatiinsa qabu kamirrattuu aangoo qabu. Dhimmicharratti seerri yakkaa biyya keenyaa raawwatiinsa qabaannaan manneen murtii Itiyoophiyaa aangoo dhimma sana ilaaluu ni qabaatu jechuu dha.

Dhimmi aangoo manneen murtii dhimma SDFY ta'us seerri yakkaa biyya keenyaa tumaalee aangoo manneen murtii ibsan ni qaba. Haaluma kanaan seera yakkaa keewwatni 11-20 aangoo

¹⁷⁵ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 110.

biyyooleessaan mana murtii Itiyoophiyaa kan ilaallatanii dha. Bu'uura keewwatoota kanneenitiin nama tokko dhimmi isaa seera yakkaa biyya keenyaatiin ilaalamuu kan danda'u wantoota sadan armaan gadii irratti hundaa'eeti.

- Iddoo yakki itti raawwatame (The place where the offence was committed)
- Lammummaa himatamaa (The nationality of the accused)
- Gosa yakka raawwatamee (The kind of the offence that has been committed)

Haaluma kanaan manni murtii aangoo biyyooleessaan kan qabaatu yoo ta'e aangoon kunis aangoo muummee (Principal Jurisdiction Seera yakkaa kw.11-16) ykn aangoo xiqa (Subsidiary Jurisdiction seera yakkaa kw. 17-20) jedhamuun beekamu. Aangoon muummeen kan jiraatu, namni tokko:

- Yakka Itiyoophiyaa keessatti raawwatameen kan himatame yoo ta'e;
- Yakka dantaa Itiyoophiyaa irratti Itiyoophiyaan alatti raawwatameen kan himatame yoo ta'e;
- Aangawaa (hojjataa) Mootummaa Itiyoophiyaa mirga uggamuu (himatamu) dhabuu biyya alaa kan qabu yakka biyya alaatti raawwateen kan himatame yoo ta'e ykn
- Miseensa raayya ittisa biyyaa Itiyoophiyaa ta'ee yakka biyya alaatti raawwateen kan himatame yoo ta'ee dha.

Aangoor biyyooleessaan xiqaan immoo kan jiraatu, namni tokko:

- Biyya alaatti yakka faallaa seera adduyaa (International law) fi yakka faallaa fayyaa hawaasaa (Public health) ykn faallaa safuu (moral) ta'e raawwatee kan himatame yoo ta'e;
- Yakka lammii Itiyoophiyaa irratti biyya alaatti raawwatameen kan himatame yoo ta'e ykn
- Yakka Cimaa nama kamirrattuu biyya alaatti raawwatameen kan himatame yoo ta'ee dha.

Garaagarummaan aangoor muummee fi aangoor xiqa jidduu jiru aangoor muummee keessatti yakki raawwatame dantaa Itiyoophiyaa irratti miidhaa guddaa kan geessu ta'uu isaa (seera yakkaa kw.238- 260, 355- 374) fi kanarraa kan ka'e shakkamaan biyya biraatti dhimmi isaa mana murtiitin ilaalamuun isaa mana murtii Itiyoophiyaatti himatamu hambisuu hin danda'u.

Haaluma kanaan dangaan aangoo muummee hojirra oolchuu irra kaa'amuu fi kan aangoo xiqqaa hojirra oolchuu irra kaa'amu garagara jechuu dha.¹⁷⁶

Egaa dhimma yakkaa tokko irratti manneen murtii Itiyoophiyaa aangoo qabaachuun isaa eega mirkanaa'ee booda gaafiin itti aanu mana murtii sadarkaa kamiitu dhimmicha ilaalee murteessuuf aangoo qaba ykn mana murtii federaalaa moo mana murtii naannoleetu aangoo qaba kan jedhuu dha. Qabxii kana kutaa itti aanu jalatti seera dhimmi ilaallatu bu'uura godhachuudhaan kan ilaallu ta'a. Gaafiwyan kana sirriitti hubachuuf dursinee hundeffama manneen murtii biyya keenyaa ilaaluun barbaachisaa waan ta'eef akka armaan gadiitti gabaabinaan xiinxaluu yaalla.

3.2.2. Aangoo Hundee Dubbii (Material Jurisdiction)

3.2.2.1. Aangoo Hundee Dubbii Mana Murtii Federaalaa fi Mana Murtii Naannolee

Dhimmi tokko sadarakaa jalqabaatin aangoo mana murtii federaalaati moo kan mana murtii naannoleeti kan jedhu sirriitti addaan bahee beekamuu qaba. Keessattuu abbaan alangaa osoo himata hin bu'urin dhimma kana addaan baasee hubachuutu isarraa eegama. Haaluma kanaan labsii manneen murtii federaalaa lakk. 25/1988 kw.4 jalatti dhimma yakkaa irratti aangoon manneen murtii federaalaa addaan baaheera. Dabalataanis labsiin kun kw.12 jalatti aangoo mana murtii ol'aanaa federaalaa addaan baasee tumeera. Kana malees fooyya'iinsi labsii kanaa labsii lakk. 138/1991 kw.2(1 fi 2) jalatti aangoo manneen murtii federaalaa fooyyessee kan tarreesse yoo ta'u aangoo mana murtii sadarkaa jalqabaa federaalaa dabalaataan tumeera. Kanaafuu, dhimmi tokko aangoo mana murtii federaalaati moo kan naannoleeti gaafii jedhu deebisuuf tumaalee labsiwwan kanneenii wal faana dubbisuun barbaachisaa dha.¹⁷⁷

Bu'uura labsiwwan manneen murtii armaan olii kanaan aangoon dhimma yakkaa mana murtii federaalaa wantoota sadi irratti hundaa'a. Kunis seera (law), hirmaattota dhimmichaa (parties to the case) fi iddooyakki itti raawwatamee (places of commission) dha. Kanaafuu, dhimmi yakkaa tokko aangoo manneen murtii federaalaa ta'u fi ta'u dhabuu isaa addaan baasuuf dhimmichi kallattiin heera mootummaa federaalaa, seerota federaalaa fi waliigalteeawan idil-addunyaa

¹⁷⁶ Miil-jalee 31^{ffaa}, fuula 271.

¹⁷⁷ Labsii Manneen Murtii Federaalaa Lakk. 25/1988 Kw. 4 Fi 12, Fi Fooyya'iinsa labsii kanaa Labsii Lakk. 138/1991 Kw. 2(1, 2) wal faana dubbisuun aangoo manneen murtii federaalaa hubachuun ni danda'ama.

waliin kan walitti dhufeenya qabu ta'uusaa addaan baasuu ykn shakkamaan nama aangoo mana murtii federaalaa jalatti ilaalamuu qabu ta'uusaa seeraan addatti yoo ibsame ykn yakkichi kan raawwatame iddoowan aangoo federaalaa jalatti kufuun isaa seeraan tumame (fkn Finfinnee fi Dirree Dhawaa) ta'uusaa ilaaluun barbaachisaa dha.

Haaluma kanaan aangoon dhimma yakkaa manneen murtii federaalaa seeraan adda bahee kan tarreeffame yoo ta'u dhimmoon haala ifa ta'een aangoon manneen murtii federaalaa jedhamanii hin tarreeffamin aangoon manneen murtii naannoleeti jechuu dha. Gama biraatiin aangoon hundee dubbii manneen murtii naannolee immoo seera dhimma kanarratti naannoleen baafataniin kan murtaa'u ta'a jechuu dha. Fakkeenyaaaf, aangoon hundee dubbii manneen murtii naanno Oromiyaa Labsii gurmaa'ina, aangoon fi hojii manneen murtii Oromiyaa irra deebiin murteessuuf bahe Labsii lakk. 216/2011 tiin kan murtaa'u ta'a jechuu dha.

Dhimmi tokko aangoon mana murtii federaalaa ta'uusaa eega adda baafannee booda aangoon mana murtii ol'aanaa federaalaati moo kan sadarkaa jalqabaa (Aanaa) ti kan jedhu sirriitti addaan baafachuu qabna. Kaayyoon mata duree kanaa aangoon manneen murtii federaalaa gadi fageenyaan xiinxaluuf osoo hin taane aangoon dhimma yakkaa manneen murtii naanno keenyaa ilaaluu dha. Haata'u malee aangoon manneen murtii naanno Oromiyaa hubachuuf aangoon manneen murtii federaalaa beekuun barbaachisaa dha. Keessattuu, aangoon manneen murtii ol'aanaa fi manneen murtii aanaa federaalaa sirriitti hubachuun barbaachisaa dha. Kunis dhimmoota sadarkaa jalqabaatin aangoon mana murtii federaalaa ta'anii sababa manni murtii federaalaa sadarkaa naannoleetti hin gurmaa'iniif manneen murtii naannoleetiif kennaman mana murtii ol'aanaa moo mana murtii aanaa naanno keenyatu ilaaluuf aangoon qaba kan jedhu addaan baasuuf nu gargaara. Dhimma kana aangoon manneen murtii Oromiyaa keessatti akka armaan gadiitti gabaabinaan xiinxaluu yaalameera.

3.2.2.2. Aangoor Abbaa Seerummaa Manneen Murtii Oromiyaa

3.2.2.2.1. Aaangoor Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa

Akkaataa Labsii Manneen Murtii Naanno Oromiyaa, Lakk. 216/2011 kw.25(2) tiin manni murtii waliigalaa Oromiyaa dhimmoota naanno irratti aangoor abbaa seerummaa ol'aanaa fi isa dhumaa ni qabaata. Kun akkuma jirutti ta'ee manni murtii waliigalaa aangoor abbaa seerummaa armaan gadii qaba:

- Komii murtii manni murtii ol'aanaa dhimma naannoo irratti kenne irratti dhiyaatu ol'iyyannoonaan ilaalee murtii dhumaan kennuu;
- Bu'uura heera RDFI kw. 80(2) tiin, dhimmoota federaalaa irratti aangoo sadarkaa jalqabaa mana murtii ol'aanaa federaalaa;
- Bu'uura heera RDFI kw.80(4) tiin, dhimma federaalaa manni murtii ol'aanaa aangoo sadarkaa jalqabaatiin ilaalee murtii kenne irratti ol'iyyannoonaan dhimmicha dhagahee murtii kennuu;
- Akkaataa SDFY tiin gaafii dhimmi tokko mana murtii ol'aanaa tokko irraa gara mana murtii ol'aanaa biraatti, ykn gara mana murtii waliigalaatti darbee akka ilaalamuuf dhiyaatu ilaalee murteessuu;
- Gaafii dhimmi tokko aangoo mana Murtii isa kamii ta'uu qaba jedhu yoo dhiyaatuuf ilaalee murtii kennuu;
- Dhimma naannoo ilaachisee dhimma murtii dhumaan argate irratti gaafin dogongorri seeraa bu'uraa raawwatameera jedhu yoo dhiyaatu ofitti fuudhee dhaddacha ijibbaataatiin ilaalee murteessuu.

3.2.2.2. Aangoo Mana Murtii Ol'aanaa

Labsii lakk. 216/2011 kw.30 jalatti akka tumametti manni murtii ol'aanaa dhimmoota daangaa bulchiinsa godinichaa keessatti uumamaniin walqabatee aangoo abbaa seerummaa armaan gadii ni qabaata:

- Dhimmoota manneen murtii aanaa godinichaa sadarkaa jalqabaatiin ilaalanii murteessan ol'iyyannoodhaan dhagahee murteessuu;
- Dhimmoota yakkaa adabbii hidhaa baaxiin isaanii wagga 15 oliin adabsiisuu danda'u sadarkaa jalaqabaatin dhagahee murtii kennuu;
- Bu'uura heera RDFI kw.80(4) tiin, dhimma federaalaa ilaachisee aangoo sadarkaa jalqabaa mana murtii federaalaa sadarkaa jalqabaa (Aanaa) fi
- Gaafii dhimmi tokko mana murtii aanaa tokko irraa gara mana murtii aanaa biraatti ykn gara mana murtii ol'aanaatti darbee akka ilaalamu dhiyaatu ilaalee murteessuu.

3.2.2.2.3. Aangoo Mana Murtii Aanaa

Akkaataa Labsii Lakk. 216/2011 kw.31 jalatti tumametti manni murtii aanaa dhimmoota daangaa bulchiinsa aanichaa keessatti uumaman irratti aangoo Abbaa Seerummaa armaan gadii kan qabaatu ta'a:

- Dhimmoota adabbii hidhaa baaxiin isaanii waggaa 15 hin caalleen adabsiisan irratti aangoo sadarkaa jalqabaa;
- Dhimma seerota Caffeedhaan tumaman keessatti adabbii yakkaa hordofsiisan irratti aangoo abbaa seerummaa sadarkaa jalqabaa (kunis adabbiidhaan kan daangeffamu miti)
- Dhimmoota bira ifatti aangoo mana murtii ol'aanaa jalatti hin kufne kamiyyuu irratti aangoo sadarkaa jalqabaa ni qabaata.

3.2.3. Aangoo Tooraa

Aangoon tooraa dhimma tokko irratti manneen murtii aangoo hundee dubbii qaban keessaa mana murtii eessa jiruutu dhimmicha ilaaluu qaba gaaffii jedhu kan deebisuu dha. Fakkeenyaaaf, dhimmi yakkaa tokko aangoo mana murtii aanaa ta'uun isaa yoo beekame manneen murtii aanaa naannoo Oromiyaa keessa jiran ykn manneen murtii aanaa godina tokko keessa jiran keessaa isa kamtu dhimmicha ilaalee murteessuuf aangoo qaba kan jedhu kan ittiin adda baafnu jechuu dha. Gama kanaan SDFY kw.6 jalatti akka ibsametti aangoon tooraa manneen murtii akkaataa seera kana kw.99-107 tiin kan raawwatamu dha. Haaluma kanaan akka qajeeltootti yakki kamiyyuu kan ilaalamuu qabu mana murtii iddo yakki itti raawwatame keessatti aangoo qabu irratti.¹⁷⁸ Bu'uura seera yakkaa kw.25 (1) tiin iddo yakki itti raawwatame jedhamee kan fudhatamu iddo yakkamaan gocha yakkaa itti raawwate ykn gocha seerri akka raawwatu dirqisiisu osoo hin raawwatin itti hafee dha. Akkasumas iddo yaaliin yakkaa akka itti raawwatametti fudhatamu iddo gochoonni yaalii yakkicha hundeessan kan jalqabaa yakkamaan itti raawwate ykn osoo hin raawwatin itti hafee dha. Kanaafuu, yakki tokko guutumaan guututti godina ykn aanaa teessoo mana murtii ta'e keessatti kan raawwatame yoo ta'e haaluma salphaan aangoo mana murtii sanaa ta'a jechuu dha.

Haata'u malee gaafii kaasuu kan danda'u gochoonni yakkicha hundeessan godina ykn aanaa tokkoo ol keessatti kan raawwataman yoo ta'ee dha. Haalli kun tumaalee SDFY kw.100-107 jala jiraniin kan qajeelfamu ta'a. Gama kanaan seerri yakkaa kw.25(2) jalatti yakkichi yeroo tokkotti

¹⁷⁸ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 99

kan hin raawwatamne ta'uu isaatiin gochaa fi bu'aan isaa bakka tokkotti yoo hin argamin iddoon gochi itti raawwatame ykn bu'aan itti argame akka iddo yakki itti raawwatameetti fudhatama jechuun tumeera. Akkasumas iddoon yaaliin yakkaa akka itti raawwatameetti fudhatamu iddo raawwataan yakkaa yakkicha raawwachuuuf itti yaale ykn bu'aan isaa itti argama jedhee yaadee dha. Himaannanis manneen murtii lamaan keessaa tokkotti dhiyaachuu ni danda'a jechuu dha. Haaluma kanaan bu'uura tumaalee SDFY tiinis yakki tokko daangaa aangoo tooraa mana murtii tokkoo keessatti raawwatamee bu'aan isaa immoo daangaa aangoo mana murtii biraa keessatti kan argame yoo ta'e manneen murtii lameenuu dhimmicha ilaalanii murtii kennuuf aangoo ni qabaatu.¹⁷⁹ Kana jechuun dhimmi tokko aanaa ykn godina tokko keessatti kan raawwatamee fi bu'aan isaa immoo aanaa ykn godina biraa keessatti kan argame yoo ta'e aanaaleen ykn godinaaleen lamaanuu aangoo ni qabaatu jechuu dha. Fakkeenyaaaf, himatamaan tokko aanaa 'A' jedhamu keessaa horii (loon) hatee aane 'B' jedhamu keessatti gurguruuf osoo yaaluu (dhaadhessuu) yoo qabame manni murtii aanaa 'A' keessatti argamuu fi manni murtii aanaa 'B' keessatti argamu dhimma kana ilaalanii murtii kennuuf aangoo ni qabu jechuu dha. Kanaafuu, dhimmi akkasii yeroo mudatu abbaan alangaa manneen murtii lameen keessaa kan ragaa, himatamaa fi isaaf haala mijataa qabu filatee himanna dhiyeessuu ni danda'a.

Gochoonni tokko tokko gochaa yakkaa kan biraa waliin walitti dhufanii yakka ta'uu danda'u malee kophaatti yakka ta'uu dhiisuu malu. Yeroo dhimmi akkasii mudatu manni murtii gochoota lamaan keessaa tokkoratti aangoo qabu dhimmicharratti aangoo ni qabaata.¹⁸⁰ Fakkeenyaaaf, nama tokko mana murtiirratti sobaan akka ragaa bahu kaakaasuu fi sossobuudhaan akka yakka raawwatu taasisuun seera yakkaa kw.455 jalatti kan nama adabsiisuu dha. Sobaan akka ragaa bahu kakaasuu fi sossobuun mataa isaatti yakka yoo ta'u manni murtii yakkoota lamaan keessaa (yakka sobaan akka ragaa bahu taasisuu fi yakka akka irratti ragaa bahamu yaadame) tokko ilaaluuf aangoo qabu yakka sobaan akka ragaa bahu kakaasuu fi sossobuu kana ilaaluuf aangoo ni qabaata. Fakkeenyaaaf, namni tokko godina Shawaa Bahaa keessatti nama biraa himanna godina Arsiitti ilaalamaa jiru irratti sobaan akka ragaa bahu kan kakaase fi sossobe yoo ta'e, yakki kun kan uumame godina Shawaa Bahaa keessatti, garuu sababa yakka duraa waliin hidhata qabuuf raawwiin isaa godina Arsiitti. Kanaafuu, namni yakka kana raawwate godina Shawaa Bahaa ykn godina Arsiitti himatamuu ni danda'a jechuu dha.

¹⁷⁹ Seera Deemsa Falmii Yakkaa Itiyophiyaa Kw. 100

¹⁸⁰ Seera Deemsa Falmii Yakkaa Itiyophiyaa Kw. 101

Gama biraatiin gochoonni yakkicha hundeessuu danda'an aanaalee ykn godinaalee hedduu keessatti kan raawwataman yoo ta'e manneen murtii hunduu aangoo dhimmicha ilaalanii murtii kennuu ni qabaatu. Gochaan yakkaa tokko gar-tokkeen iddoor tokkotti gar-tokkeen immoo iddoor biraatti kan raawwatame yoo ta'e ykn gochaan yakkaa tokko imalarratti kan raawwatame yoo ta'ee fi aangoo tooraa manneen murtii lamaa kan qaxxaamure ykn yakki tokko gochoota garagaraa kan of keessaa qabuu fi gochoonni kun iddoowwan aangoo manneen murtii garagaraa keessatti kan raawwataman yoo ta'e manneen murtii iddoowwan kanniin keessatti argaman aangoo dhimmicha ilaalu ni qabu. Kunis akkaataa seera yakkaa kw.61 jalatti tumametti dhimmoota yaada ykn dagannoo tokkoon raawwataman kan hammatuu dha. Kanaafuu, abbaan alangaa manneen murtii kanneen keessaa issa mijataa ta'etti himannaas isaa dhiyeffachuu ni danda'a jechuu dha. Gama biraatiin iddoowwan gara garaa keessaa yakkichi eessatti akka raawwatame mirkaneessuun kan rakkisu yoo ta'e, manneen murtii iddoowwan kanniiniti argaman hunduu aangoo tooraa ni qabaatu.¹⁸¹ Iddoowwan gochaan yakkaa itti raawwatame kun naannolee garagaraa keessatti kan argaman yoo ta'e dhimmicha ilaaluuf aangoo tooraa kan qabu mana murtii federaalaa ta'a.¹⁸²

Gaaffii Marii

1. Heera RDFI kw.80(2) jalatti manni murtii waliigalaa naannolee aangoo abbaa seerummaa ol'aanaa fi isa dhumaat akka qabaatu tumameera. Dabalataanis labsii manneen murtii Oromiyaa lakk. 216/2011 kw.25(1) jalatti manni murtii waliigalaa Oromiyaa naannicha keessatti dhimmoota naanno irratti aangoo abbaa seerummaa isa ol'aanaa fi isa dhumaat akka qabaatu tumameera. Gama biraatiin heera RDFI kw.80(3A) jalatti manni murtii waliigalaa federaalaa murtiilee dhumaat dogongora seeraa isa bu'uraa qaban kamiyyuu qajeelchuuf dhaddacha ijibbaataatiin ilaalee murteessuuf aangoo akka qabu tumameera. Manni murtii waliigalaa Oromiyaa dhimmoota naannichaa irratti aangoo ol'aanaa fi isa dhumaat qaba eega jedhamee dhimmoota mana murtii waliigalaa naannichaatiin ilaalamii murtii dhumaat argate (murtii dhaddacha ijibbaataa dabalatee) mana murtii waliigalaa federaalaatti dhaddachi ijibbataa maaliif irra deebi'ee akka ilaalu hayyamameef? Kaayyoona isaa hoo maali? Qajeeltoo manneen murtii waliigalaa

¹⁸¹ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 102 Fi 103

¹⁸² Labsii Manneen Murtii Federaalaa Gurmeessuuf bahe Lakk. 25/88 Kw. 4(11)

naannolee dhimma naannoo isaanii irratti aangoo abbaa seerummaa isa dhuma ni qabaatu jedhu waliin akkamitti ilaaltu?

2. Manni murtii ol'aanaa fi manni murtii aanaa federaalaa dhimmoota hanga manni murtii federaalaa naannolee keessatti hundaa'utti mana murtii waliigalaa fi mana murtii ol'aanaa naannoleetif heeraan kennaman (Heera RDFI kw.78(2) keessaa tokko tokko ofitti fudhatanii ilaaluu ni danda'uu? Maaliif?
3. Labsii manneen murtii irra deebiin gurmeessuuf aangoo isaanii murteessuf ba'e yakkota magaalaa Finfinnee keessatti raawwataman kan manneen murtii Naannoo Oromiyaa ilaaluuf aangoo qaban tarreessee jira. Dhimmi kun tumaa labsii 25/88 kew 3(3) waliin haala kamiin ilaalam?
4. Manni murtii dhimmi tokko yoo isaaf dhiyaate dhimmicharratti aangoo qabaachuu isaa mirkaneeffachuu qaba. Garuu kana osoo hin raawwatin dhimmicha ofitti fuudhee ilaalee murtii yoo kenne murtiin aangoo malee kenname kun seeraan maal ta'uu qaba? Labsii manneen murtii irra deebiin gurmeessuuf aangoo isaanii murteessuf ba'e yakkota magaalaa Finfinnee keessatti raawwataman kan manneen murtii Naannoo Oromiyaa ilaaluuf aangoo qaban tarreessee jira. Dhimmi kun tumaa labsii 25/88 kew 3(3) waliin haala kamiin akka ilaalamu bifaa qabxii maritiin osoo ka'ee?
5. Bu'uura SDFY kw.111 tiin iddo yakki itti raawwatame himanna keessatti haala ifa ta'een ibsuun dirqama. Gama biraatiin seeruma kana kw.102 jalatti iddo yakki itti raawwatame mirkaneessuun kan rakkisu yoo ta'es himanna dhiyeessuun akka danda'amu waan ibsu fakkaata. Yaada keewwatoota lamaanii akkamitti hubattu? Haala kamiin hojiitti hiikamuu danda'u?